



YUUNIVARSIIITII WALLAGGAA
DHAABBATA QO’ANNOO AFAANIIFI
GAAZEXEESSUMMAATTI MUUMMEE AFAANIIFI
OGBARRUU OROMOO

XIINXALA AKKAATAA ASOOSAMA GABAABAA KITAABA
“BAATAA: HIDHAA ASOOGAWWANII” KEESSATTI

WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA(MA)

QORATAAN: GALATAA YOONAAS

GORSAW:WAAQTOLAA WAAQJIRAA (PhD)

WAXABAJJII, 2018

NAQAMTEE, OROMIYAA



YUUNIVARSIITII WALLAGGAA
DHAABBATA QO’ANNOO AFAANIIFI
GAAZEXEESSUMMAA
MUUMMEE AFAANIIFI OGBARRUU OROMOO

XIINXALA AKKAATAA ASOOSAMA GABAABAA KITAABA
“BAATAA: HIDHAA ASOOGAWWANII” KEESSATTI

WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA(MA) AFAANIIFI
OGBARRUU OROMOO ITTIIN GUUTTACHUUF QOPHAA’EE,
MUUMMEE AFAANIIFI OGBARRUU OROMOOTIIF DHIYAATE

QORATAAN: GALATAA YOONAAS

GORSAA:WAAQTOLAA WAAQJIRAA (PhD)

WAXABAJJII, 2018

NAQAMTEE, OROMIYAA

WARAQAA MIRKANEEFFANNAA

Waraqaan Qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi Ogbarruu ittiin guuttachuuf, Galataa Yoonaas Uummataatiin mata duree , “Xiinxala Akkaataa Asoosama Gabaabaa Kitaaba Baataa: Hidhaa Asoogawwanii Keessatti Yaaxxina Bifeessummaatiin” jedhu irratti geggeeffame, sadarkaa ulaagaa Yuunivarsiitiin kaa’e guutee jira.

Barataa: _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Mirkaneessitoonni:

- | | | | |
|----|------------------------------------|-----------|--------|
| 1. | _____ | _____ | _____ |
| | Gorsaa | Mallattoo | Guyyaa |
| 2. | _____ | _____ | _____ |
| | Qoraa Keessaa | Mallattoo | Guyyaa |
| 3. | _____ | _____ | _____ |
| | Qoraa Alaa | Mallattoo | Guyyaa |
| 4. | _____ | _____ | _____ |
| | Duraa Bu’aa | Mallattoo | Guyyaa |
| 5. | _____ | _____ | _____ |
| | Itti Gaafatamaa | Mallattoo | Guyyaa |
| 6. | _____ | _____ | _____ |
| | Itti Gaafatamaa M/B/Eebbaan boodaa | Mallattoo | Guyyaa |

IBSA WAA’EE QORATICHAA

Ani qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame, qorannoon kun hojii koo ta’uufi kanaan dura Yuunivarsiitii kam keessatti kan hindhiyaanne ta’uusaa akkasumas, wabiileen qorannoo kanaaf gargaarame haala seera qabeessa ta’een fudhadhee wabii keessatti fayyadamuu koo nan mirkaneessa.

Maqaa: Galataa Yoonaas Uummataa

Mallattoo _____

Guyyaa_____

GALATA

Hunda dura hojii qorannoo kana na jalqabsiisee kan na xumursiise Uumaa koo guddaa hundaa oliif galatni haata’u. Itti aansuudhaan, gorsaa koo Dr. Waaqtolaa Waaqjiraa beekumsa, hamiileefi kaka’umsa daangaa hin qabneen dadhabbiifi nuffii tokko malee yeroo isaanii aarsaa gochuun, gorsaafi hubannoo cimaa naaf kennuun hojii koof jabina naaf ta’an akkasumas hojii qorannoo kootiif hanga xumuramutti deggarsa itti fufiinsa qabu waan naaf taasisaniif galanni koo daanga hinqabu. Akkasumas barsiisota koo barnoota koo keessatti beekumsa qaban karaa maraan naaf qoodanis galatoomaa jechuun barbaada. Dabalataanis, milkaa’ina hojii qorannoo koof meeshaalee kompiitaraafi dhimmoota garagaraa irratti cina koo dhaabatani kan na deggeran hiriyyoota koof galatni koo guddaadha. Dhumarrattis, qorannoo kana yeroon gaggeessu karaa adda addaa kanneen deggarsa yaadaafi hamiilee naaf kennaniin galatoomaan jedha.

AXAREERA

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa akkaataa asoosama gabaabaa kitaaba “Baataa: Hidhaa Asoogawwanii” keessatti dhiyaatan yaaxxina Bifeessummaatiin xiinxaluudha. Saxaxni qorannichaa saxaxa qorannoo ibsaati. Maddi odeeffannoo qorannoo kanaas asoosama gabaabaa “Baataa: Hidhaa Asoogawwanii” yoo ta’u, odeeffannoon madda ragaa tokkooffaatiin, mala iddatteessuu miti-carraa keessaa mala kaayyeffataatti fayyadamuudhaan kan sassaabameedha. Sababni isaas ragaaleen qorannoo kanaaf barbaachisaan kallattiidhaan waan keessatti argamaniif. Haaluma kanaan, kitaabicha gadi fageenyaan dubbisuun akkaataa sadarkaa unkaalee xinqooqaa, itti fayyadama afaanii, tooftaa seenaan ittiin qindaa’e, kan kaayyoo qorannoo kanaa waliin walqabatan mala xiinxala barruutiin funaanamaniiru. Ragaalee funaanaman kunis mala xiinxala ragaalee akkamtaa keessaa mala ibsaatiin kan xiinxalamaniidha. Bu’aan qorannoo kanaa akka mul’isutti, asoosama Baataa:Hidhaa Asoogawwanii keessatti akkaataan unkaalee xinqooqaa sadarkaa sagaleerraa eegalee hanga himaafi hiikaatti, akkaataan itti fayyadama afaaniifi tooftaa seenaan ittiin dhiyaate ergaa siyaasaa, aadaa, amantaafi akkaataa jiruufi jireenyaa hawaasichaa ibsuu keessatti unkaalee bifa garagaraatiin akka dhiyaate xiinxala ragaalee qorannoo kanaan bira gahameera. Dabalatanis, akkaataan filannoo jechootaa, tooftaalee ogbarruu adda addaatti dhimma bahuun hubatameera. Tooftaalee seenaan asoosamichaa ittiin qindaa’an walmakaa ta’anis irra caalaatti waliin dubbiin kan dhiyaate ta’uusaa qorataan adda baafateera.

Baafata

Qabiyyee	Fuula
WARAQAA MIRKANEFFANNAA.....	i
IBSA WAA'EE QORATICHAA	ii
GALATA	iii
AXEREERAA	iv
BOQONNAA TOKKO: SEENSA	1
1.1. Seenduubee Qorannichaa.....	1
1.2. Ka'umsa Qorannichaa	3
1.3. Kaayyoo Qorannichaa.....	5
1.3.1. Kaayyoo Gooroo.....	5
1.3.2. Kaayyoo Gooree	5
1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa.....	6
1.5. Daangaa Qorannichaa	6
1.6. Hanqina Qorannichaa.....	6
BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU.....	7
2.1 Yaadrimee Ogbarruu.....	7
2.2. Yaadrimee Asoosama	7
2.3 Akaakuu Asoosamaa.....	8
2.3.1. Asoosama Dheeraa.....	8
2.3.2. Asoosama Gabaabaa	9
2.4. Caacculee Asoosamaa.....	10
2.5. Xiinxala Ogbarruu	11
2.6. Akkaataa	12
2.6.1. Akaakuu Itti Fayyadama Afaan Ogbarruu.....	13
2.6.1.1. Itti Fayyadama Jechootaa.....	14
2.6.1.2. Itti Fayyadama Jechamootaa	15
2.6.1.3. Itti Fayyadama Jechaalaa	15
2.6.1.4. Itti Fayyadama Mammaaksaa	16
2.6.1.5. Itti Fayyadama Dubbiilee Qolaa	16
2.6.2. Qindoomina Himootaa.....	19
2.6.2.1. Hima Bu'uura Tajaajilaan.....	19
2.6.2.2. Hima Bu'uura Caasaatiin	20

2.7. Sakatta'a Qorannoo Walfakkii	20
2.8. Yaaxxina Qorannichaa.....	21
2.8.1. Yaaxxina Bifeessummaa.....	21
BOQONNAA SADI: MALLEEN QORANNICHAA	23
3.1. Saxaxa Qorannichaa.....	23
3.2. Madda Ragaalee.....	23
3.3.Mala Iddattoofi Iddatteessuu.....	23
3.4. Meeshaalee Funaansa Ragaalee	23
3.4.1. Xiinxala Dokumentii.....	24
3.5. Mala Xiinxala Ragaalee	24
BOQONNAA AFUR: QAACCESSA RAGAALEE	25
4.1. Ibsa Waa'ee Kitaaba Baataa: Hidhaa Asoogawwanii	25
4.2. Akkaataa Qindoomina Unka Xinqooqaa Asoogawwan Kun Ittiin Dhiyaatan	32
4.2.1. Akkaataa Sadarkaa Xinsagaa	33
4.2.1.1. Irra Deddeebii Dubbifamaa(Consonance)	33
4.2.1.2. Irra Deddeebii Dubbachiistuu(Assonance)	34
4.2.1.3. Waraabbii Sagalee(Onomatophia)	38
4.2.2. Akkaataa Sadarkaa Xinjichaa.....	40
4.2.2.1. Jechoota Al-idilee	40
4.2.2.2.1 Jechoota Loogaa.....	40
4.2.2.2.2 Jechoota Safuu	44
4.2.2.2.3 Jechoota Ergisaa.....	45
4.2.3.Akkaataa Sadarkaa Xinhimaa	48
4.2.3.1. Qindoomina Gaaleefi Himaa	49
4.2.3.2. Irra Deddeebii Gaaleefi Himaa	52
4.2.3.3. Irra Deddeebii Hundee Jichaa	54
4.2.3.4. Walmaddeessuu	56
4.2.4. Akkaataa Sadarkaa Xiniikaa	59
4.2.4. Akkaataa Sadarkaa Giraafoloojii	64
4.2.4.1. Qubguddeessa	64
4.2.4.2. Sirna Tuqaaalee.....	67
4.2.4.3. Mirga-deebisuu/Luuccessuu	70
4.3. Gosoota Itti Fayyadama Afaanii Asoogawwan Ittiin Dhiyaatan	71
4.3.1. Itti Fayyadama Jechamootaa.....	71

4.3.2. Itti Fayyadama Jechaalaa	76
4.3.3. Itti Fayadama Mammaaksaa	77
4.3.4. Itti Fayyadama Dubbiilee Qolaa	80
4.3.4.1. Akkasaa.....	81
4.3.4.2. Iddeessa.....	85
4.3.4.3. Nameessa	89
4.3.4.4. Arbeessa.....	92
4.3.4.5. Habalaka	94
4.3.4.6. Ateessa	95
4.3.4.7. Eemitii.....	96
4.3.4.8. Mallattummaa	97
4.3.4.9. Aliigorii.....	98
4.3.4.10. Walqabsiisa	99
4.4. Tooftaa Seenaan Asoogawwanii Kitaabicha Keessatti Ittiin Qinda'an.....	99
4.4.1. Addeessuu(Suureessuu).....	100
4.4.2. Duubdeebii.....	101
4.4.3. Durdeemmii/Himegereee.....	102
4.4.4. Waliin Dubbii.....	103
4.4.5. Qofdubbii	106
BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO.....	108
5.1. Cuunfaa.....	108
5.2. Argannoo.....	108
5.3. Yaboo.....	110
Wabiilee	111
DABALEE.....	114

BOQONNAA TOKKO: SEENSA

Boqonnaa kana jalatti seenduubee ka'umsa, kaayyoo, barbaachisummaa, daangaafi hanqina qorannichaatu duraa-duubaan dhiyaatee jira.

1.1. Seenduubee Qorannichaa

Hawaasni tokko wantoota jiruufi jireenyasaa calaqqisiisan hedduu qaba. Isaan keessaa ogbarruun isa tokkodha. Uummanni Oromoos ogbarruu mataasaa kan qabu yoo ta'u, akkaataa jiruufi jireenyasaa ibsachuuf kan itti gargaaramuudha. Waa'ee ogbarruu ilaalchisuun hayyoonni yeroo adda addaatti yaada adda addaa kennaniiru. Ogbarruuf hiika tokko qofa kennanii darbuun akka hindanda'amnes ibsaniiru. Yaada maalummaa ogbarruu irratti kennaman keessaas muraasni dhiyaataniiru. Ogbarruun barreeffamoota hojii uumee kan jiruufi jireenya hawaasaa, aadaa hawaasaa calaqqisiisu ta'ee, kalaqa argaa yaadaa barreessaa kan qabuufi hojii aartii hawaasaa kan beeksisuudha. Yaada kana Dewi (2022) akka armaan gadiitti ibsiti.

The single definition is not satisfactory. Writings in prose or verse, especially writings having excellence of form or expression and expressing ideas of permanent or universal interest. Literature is a collected creative writing of a nation, people, group or culture, imaginative or creative writing, recognized for its artistic value. (f. 3)

Ogbarruun eenyummaa hawaasa tokkoo kan ibsu, kan barreessitoonni miidhagina gonfachiisuun uummataaf ergaa ittiin dabarsan akka ta'es hayyoonni garagaraa ni'ibsu. Ogbarruun waa'ee uummataa uummataaf deebisee kan dhiyeessu, daawwitii jiruufi jireenya dhala namaa ibsuudha (Asafaa, 2009). Yaada kanarraa wanti hubachuun dandaa'amu, akkaataan jiruufi jireenya uummataa ogbarrudhaan kan calaqqisiifamu ta'uusaati.

Ogbarruun oguma umurii dheeraa qabuudha. Umurii dheeraa qabaachuunsaa ammoo umurii dhala namaa wajjin walqixa akka ta'etti ilaalamuu akka danda'u isa taasiseera. Haala jalqabbii isaarratti hundaa'ee, Misgaanuun(2012,f.7) “Ogbarruun oguma umurii dheeraa qabuudha. Umurii afaanii wajjin walqixa jedhanii tilmaamuun nidanda'ama. Ogbarruun dabarsa aadaa uummataa yoo ta'u, galmee namoota hubannoo, muuxannoo, beekumsaafi sadarkaa adda addaa qabaniiti.” jedha. Yaada kanarraa kan hubatamu, jalqabbiin ogbarruu bara dheeraa dura akka ta'eefi muuxannoo yeroo dheeraa kan qabuudha.

Akaakuun ogbarruu lamatu jiru. Isaanis ogbarruu afoolaafi ogbarruu barreeffamaa jedhamu. Ogbarruun barreeffamaa kalaqa sammuu ilmoo namaa barreeffamaan dhiyaataniidha. Isaanis

bifa miidhagina qabuun sammuu namaa hawwachuu akka danda'aniin mi'eeffamanii dhugaa addunyaarraa maddaniin kalaqamu; garuu kallattumaan dhugaa himuuf hindirqaman. Dhugaa sana haqaaqanii, dabsanii, faallessanii yookaan kallattiin himuu danda'u jechuudha. Rabbirraa (2009) isaan kun ammoo walaloo, asoosamaafi iskiriptii do'ii (fiilmii) akka ta'an ibsa. Ogbarruun barreeffamaa kunniin akkaataa nama hawwachuu danda'aniin miidhaganii kan dhiyaataniidha.

Isaan hojii kalaqaa ta'an kana keessaa ammoo asoosamni isa tokko ta'ee, barreeffamaan kan dhiyaatuudha. Asafaan (2009) akka ibsetti, asoosamni ogbarruu barreeffamaa keessaa tokko ta'ee, argaa yaadaa barreessaan kalaqamee, suura jireenya dhala namaa addunyaa keessatti kaasee kan mul'isuudha. Yaadni kun kan agarsiisu, asoosamni hojii kalaqaa ta'ee kan yaada barreessaatiin uumamu, kan addunyaa qabatamaa namatti mul'isuudha. Asoosamni haala bal'iinsaarratti hundaa'uun bakka gurguddaa lamatti qoodama. Innis asoosama dheeraafi asoosama gabaabaadha.

Maalummaa isaanii ilaalchisuunis Rabbirraa (2009, f. 175) yoo ibsu, *“Asoosamni dheeraan jaargocha walxaxaa, ergaafi namfakkiilee hedduu kan of keessaa qabuufi dubbisanii xumuruuf yeroo dheeraa kan gaafatu yoo ta'u, asoosamni gabaabaan ammoo jaargocha salphaa, namfakkiileefi ergaa muraasa kan of keessaa qabuufi yeroo muraasa keessatti dubbifamee kan xumuramuudha.”* jedha. Yaada kanarraa kan hubatamu, asoosamni akkaataa ijaarsa isaarratti hundaa'ee kan qoqqoodamu ta'uusaati. Dabalataanis bifa gabaabinaafi dheerina ta'iinsota of keessatti qabataniirratti kan hundaa'uudha.

Asoosamni gabaabaan akaakuu asoosamaa keessaa isa tokko ta'ee, akkaataa qindoomina seenaa ittiin dhiyaatuutiin, akkaataa filannoo jechootaafi himootaatiin asoosama dheeraarraa adda ta'a. Gama biraatiin barreeffamoota asoosama ta'aniifi asoosama hintaane tokko karaan ittiin gargar baasuun danda'amu nijira. Currie (1985) barreeffama asoosama ta'eefi al-asoosama ta'e garaagara baasuuf gooroosaafi akkaataa barreeffamasaarratti hundaa'uun kan barbaachisu ta'uusaa ibseera. Xiinxalli ogbarruu, maalummaa ogbarruu ibsuu qofarratti kan hundaa'e osoo hintaane, afaan ogbarruun sun itti fayyadamee barreessaafi dubbisaa gidduutti ergaa barbaadame dabarsuu danda'u irratti xiyyeeffata. Yeroo ogbarruun tokko xiinxalamus qabxiwwan adda addaarratti xiyyeeffatamuu qaba. Kusch (2016) wanti irratti xiyyeeffatamu, ta'iinsa seenicha keessa jiru, akkaataa fayyadama afaanii, akkaataa jechamootaafi dubbiilee qolaa ogbarruun sun ittiin dhiyaate, hariiroo keeyyattoonni waliin qabaniifi kkf ilaaluun xiinxaluu akka ta'e ibsa.

Akkaataa hojii ogbarruu tokkoo xiinxaluun, barreessaan akkamitti barreessuudhaan ergaa akka dabarsu ija xinqooqaatiin ilaaluun yoo ta'u, saayinsiin afaanii dhimma kana xiinxaluuf gargaaru ammoo Xinakkaataa jedhama. Xinakkaataan damee xinqooqaa ta'ee, tooftaa barreessaan ogbarruu tokko ittiin dhiyeessu xiinxaluuf kan gargaaruudha. Akkaataafi afaan ogbarruun ittiin dhiyaate afaan dhimmoota biroo keessatti tajaajilan irraa adda waan ta'eef, akkamittiin barreessaan akka dhiyeesse karaa ittiin xiinxalamu ta'uusaa agarsiisa. Qorannoon kun goorowwan ogbarruu keessaa asoosamarratti kan geggeeffame ta'ee, gosoota asoosamaa keessaa ammoo asoosama gabaabaa irratti.

Baataan kuusaa kitaabaa asoosamoota gaggabaaboo of keessatti qabatee jiruudha. Innis asoosamoota gaggabaaboo baay'inaan kudha sadii (13) ta'an qabatee kan dhihaatedha. Qorannoo kanas yaaxxina bifeessummaa gargaaramuudhaan akkaataa asoosama gabaabaa kitaaba 'Baataa'jedhu keessatti unkaalee xinqooqaa sadarkaa adda addaa, itti fayyadama afaanii tooftaalee ogbarruu tokkoo kan barreessaan gargaarame, akkaataa qindoomina seenaan ittiin dhiyaate xiinxalamee dhiyaateera.

1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Afaan Oromoo afaan saba bal'aa kan saffisaan guddachaa jiruufi barreeffamoonni hedduun ittiin maxxanfamaa jiraniidha. Keessumaa yeroo ammaa afaan barnootaa ta'uun sadarkaa adda addaatti barnoonni ittiin kennamaa jiraachuun ammoo agarsiistuu ijoodha. Wondimu (2022) imaammanni barnootaa dhiyeenya jiru guddina ogbarruu Oromootiif akka gumaacha qabu ibsuudhaan, kitaabileen baayyeen akka asoosamaa, galmee jechootaafi seenaa, gaazexaafi barruuleen adda addaa Afaan Oromootiin barreeffamanii akka jiran addeessa. Meeshaaleen kunniin hundi Afaan Oromootiin barreeffamuufi maxxanfamuun guddina ogbarruu Oromootiif gahee guddaa gumaacheera.

Ogbarruu Oromoorrattis karaa garagaraatiin qorannoon adeemsifameera. Keessaayyuu asoosama dheeraafi barwalaloo irratti qorannoon adeemsifaman hedduudha. Haata'u malee hanga qorataan sakatta'etti asoosama gabaabaa yookaan asoogarratti qorannoon adeemsifame hinjiru. Kanaaf xiyyeeffannoon qorannoo kanaa, Yaaxxina Bifeessummaatti gargaaramuudhaan, akkaataa asoosama gabaabaa kitaaba Baataa keessatti xiinxaluudha. Sababni isaas asoosamoota gaggabaaboo Oromoorratti qorannoon bal'inaan waan hingeggeeffamneef. Kanumarraa ka'uudhaan asoosama gabaabaarratti qorannoon adeemsa saayinsawaa yookaan sirna isaa eeggateen yoo geggeeffame guddina ogbarruu Oromoof bu'aa buusuu danda'a jedhee qorataan waan kaka'umsa argateef jechuudha. Inni biraan

ammoo keessa qorataatti kaka'umsa kan uume jaalala asoosama gabaabaa dubbisuuf qabu irraa ka'ee qorannoo kana akka geggeessu ta'eera. Bu'uuruma kanaan qorannowwan hanga ammaatti adeemsifan keessaa muraasni kan qorataan sakatta'eefi qaawwa qorannoo kanaa ta'u jedhee yaade akka fakkeenyaatti dhiyaataniiru.

Hirphaa Baqqalaa (2024), Waraqaa Qorannoo Digirii Sadaffaa (PhD), Yunvarsiiitii Wallaggaatti “Xiinxala Barwalalowwan ‘Anaan'yaa’fi ‘Obomboleettii’ Yaaxxina Akkaatummaatiin” jedhu keessatti, wal-fakkeenyi qorannoo kanaa unkaalee xinqooqaafi akkaataa ogbarruu irratti xiyyeeffachuu, malleen dubbii, jechamoota, akkaataa qindoomina himootaafi hiikaa hojii ogbarruu sana keessa jiru xiinxaluudha. Garaagarummaan jiru ammoo kan isaa barwalaloo ta'uun safara walaloofi wal-unannaa qabaachuu isaa xiinxaluu, qorannoon kun ammoo asoosama gabaabaarratti ta'ee, tooftaalee seenaan ittiin qindaa'e xiinxaluu dabalachuun geggeeffamuusaati.

Taaddaseefi Margaan (2021) Yunvarsiiitii Jimmaatti “Qaaccessa Akkaataa Fayyadama Afaanii Sirboota Haacaaluu Hundeessaa Keessatti” kan jedhurratti hojjetaniiru. Wal-fakkeenyi qorannoo kanaa akkaataa itti fayyadama afaanii ilaaluu yoo ta'u, argannoon isaanii irra deddeebii sagalewwan dubbifamaafi dubbachiistuu, dubbiilee qolaa sirboota Haacaaluu keessa jiran xiinxaluun dhiyeessaniiru. qorannoo kana wanti adda godhu ammoo, akkaataa unkaalee xinqooqaa sadarkaa sadarkaan jiranii, itti fayyadama afaan ogbarruu adda addaafi tooftaa seenaan ittiin dhiyaate xiinxaluudha. Kanaafuu qaawwa gama unkaalee xinqooqaan jiran hunda ilaaluu dhabuun isaanii qaawwa uumeera. Gama biraan ammoo kan isaanii walaloo sirbaarratti kan geggeeffameedha. Kun ammo asoosama gabaabaarratti adeemsifame.

Urgeessaan (2021) Qorannoo Digirii Lammaffaa Afaaniifi Ogbarruu Oromootiin Yunvarsiiitii Jimmaatti, “Qaaccessa Akkaataafi Ergaa Walaloowwan Zalaalam Abarraa Filatamanii Keessatti” jedhuun qorannoosaa geggeesseera. Wal-fakkeenyi qorannoo kanaa akkaataarratti walitti dhufuusaaniiti. Ta'us walaloorratti xiyyeeffateeti malee asoosamarratti miti. Argannoon isaas itti fayyadama afaaniifi tooftaalee ogbarruun kan walqabatan kitaaba walaloo sana keessatti kan dhimmi itti bahameedha. Kun ammoo qaawwa qorannichaa ta'eera. Qorannoo kana keessatti garuu unkaalee xinqooqaa biroonis xiinxalamaniiru.

Dinqisaa (2019) Yunvarsiiitii Ambootti Digirii Lammaffaa Afaaniifi Ogbarruu Oromoon Guuttachuuf “Xiinxala Akkaatummaa Geerarsa Ajjeesaa” jedhu keessatti waa'ee akkaatummaa sadarkaa himaafi hiikaa kan jedhuun ilaalee ture. Inni kunis geerarsarratti kan adeemsifameedha malee asoogarratti miti. Unkaalee xinqooqaa jiran warreen biroo ilaaluu

dhabuun isaa qaawwa qorannoo kanaati. Kan qorannoo kanaa ammoo, unkaalee xinqooqaa, itti fayyadama afaaniifi tooftaalee seenaan ittiin qindaa'e ibsuu irratti xiyyeeffachuunis adda isa taasisa.

Muhaammad (2022) qorannoosaa Digirii lammaffaa Afaaniifi Ogbarruu Oromoo ittiin guuttachuuf, Yunivarsiitii Jimmaatti "Xiinxala Itti Fayyadama Afaanii Asoosama Gurraacha Abbayaa Keessatti" jedhurratti xiyyeeffatee hojjeteera. Wal-fakkeenya isaa itti fayyadama afaanii ogbarruu xiinxaluu yoo ta'u, garaagarummaan isaa ammoo, qorannoosaa keessatti itti fayyadama afaanii qofa ilaaluusaati. Kana malees kan isaa asoosama dheeraarratti yoo ta'u, inni kun ammoo asoosama gabaabaarratti xiyyeeffachuun unkaalee xinqooqaa adda addaafi tooftaa seenaan ittiin dhiyaate xiinxaluu kan dabalateedha. Kanaaf unkaalee xinqooqaa kanneen akka sagalee, jechootaa, himootaafi hiikaa ilaalu dhabuun qaawwa qorannoo kanaati.

Qorannoo kana, qorannowwan hanga ammaatti hojjetamanirraa wanti adda godhu, akkaataa unkaalee xinqooqaa, itti fayyadama afaaniifi tooftaa seenaan ittiin dhiyaatu, asoosama gabaabaa irratti qorannoon geggeeffame hanga qorataan sakatta'etti dhibuusaati. Kanaafuu qorataan qorannoo kana akka geggeessu wanti isa kakaase, goorowwan ogbarruu Oromoo keessaa, asoosama gabaabaa irratti qorannoon geggeeffame waan hinjirreef, qorataan "Xiinxala Akkaataa Asoosama Gabaabaa Kitaaba Baataa Keessatti Yaaxxina Bifeessummaatiin" kan jedhu irratti qorannoosaa geggeesseera. Haaluma kanaan gaaffilee bu'uuraa qorannoo kanaan deebii argachuu malan kanneen armaan gadiiti.

- 1) Asoosama gabaabaa "Baataa" keessatti qindoominni unkaalee xinqooqaa akkamiin dhiyaate?
- 2) Asoosama gabaabaa "Baataa" keessatti itti fayyadamni afaanii akkamiin dhiyaate?
- 3) Asoosama gabaabaa "Baataa" keessatti seenaan akkamiin ijaarame?

1.3. Kaayyoo Qorannichaa

Qorannoon tokko yeroo geggeeffamu kaayyoo mataasaa qaba. Kaayyoon qorannoo kanaas bakka guguddaa lamatti qoodama. Isaanis kaayyoo Gooroo fi kaayyoo Gooree jedhamanii akka armaan gadiitti dhiyaatu.

1.3.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa, Akkaataa Asoosama Gabaabaa Baataa xiinxaluudha.

1.3.2. Kaayyoo Gooree

Kaayyoon gooree qorannoo kanaa:

- 1) Asoosama gabaabaa Baataa keessatti unkaaleen xinqooqaa akkamiin akka dhiyaate ibsuu;
- 2) Asoosama gabaabaa Baataa keessatti itti fayyadama afaanii ibsuu;
- 3) Asoosama gabaabaa Baataa keessatti seenaan akkamiin akka ijaarame ibsuudha.

1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoon kun qaamolee garaagaraa nifayyada. Haaluma kanaan, namoota mataduree kanaan wal-qabatee gara fuulduraatti qorannoo geggeessuuf jiran, akka ka'umsaatti nitajaajila. Namoota waa'ee akkaataa beekuu barbaadaniif, akka madda beekumsaatti nitajaajila. Akkuma kana, barreessitoonni ogbarruu waa'ee akkaataafi afaan ogbarruu gadi fageenyaan beekuun ogbarruu qulqullina qabu akka barreessan nitumsa. Kun ammoo guddina ogbarruu Oromootiif murteessaadha.

1.5. Daangaa Qorannichaa

Daangaan qorannoo kanaa gama mata dureetiin, “Xiinxala Akkaataa Asoosama Gabaabaa Kitaaba Baataa: Hidhaa Asoogawwanii Keessatti Yaaxxina Bifeessummaatiin” jedhurratti yoo ta'u, qindoomina unkaalee xinqooqaa, haala itti fayyadama afaanii akkasumas seenaan akkamitti akka ijaarame xiinxaluurratti kan daangeffameedha.

1.6. Hanqina Qorannichaa

Qorannoon tokko yeroo geggeeffamu hanqinni adda addaa muudachuu ni danda'a. Haaluma kanaan qorannoon kun yeroo gaggeffame, rakkooleen garaagaraa muudatan nijiru. Qorataan yeroo qorannoo kana geggeessetti unkaalee xinqooqaa, itti fayyadama afaaniifi tooftaalee seenaan ittiin dhiyaatu gama hundaan ilaalu hindandeenye. Kun ammoo hanqina qorannoo kanaa isa ijoodha. Kanaaf qorattoonni biroon yaaxxina garagaraan akka qoratan gama qorataan kallattiin kaa'ameera. Kitaabni kunis yaaxxina bifeessummaan alatti yaaxxinoota biroon qoratamuun bu'aa argamsiisuu danda'a jedheen yaada.

BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU

Boqonnaa kana keessatti, barruuleen yaadrimee ogbarruu, akaakuufi caacculee asoosamaa, xiinxala ogbarruu, akkaataa, haala itti fayyadama afaanii hojii ogbarruutiin wal-qabataniifi yaaxxina qorannichi ittiin geggeeffame sakatta'amanii, yaada hayyootaatiin deggeramanii dhiyaataniiru.

2.1 Yaadrimee Ogbarruu

Ogbarruun waa'ee uummataa uummataaf deebisee kan dhiyeessu, daawwitii jiruufi jireenya dhala namaati. Kana malees muuxannoo jireenya dhala namaafi dookumentii hawaasaa akka ta'ettis ilaalama. Kusch (2016, f.1) yaada kana, “*Literature encapsulates human experience and records the messy, painful, triumphant, and sublime realities of the passage of humans through our world.*” jechuun ibsa. Yaada kanarraa kan hubatamu, ogbarruun calaqqee muuxannoo dhala namaa kan gadda, gammachuufi akkaataa jireenya hawaasaa agarsiisuudha. Kunis wantoota qabatamaadhaan hawaasa keessatti raawwataman kanneen jiruufi jireenya hawaasichaa calaqqisiisan kan ibsu ta'uusaati.

Ogbarruun hojii kalaqaa sammuu namaatiin uumamee, haala miidhagina qabuufi miira namaa kakaasuun barreeffamee kan dhihaatuudha. Asafaan (2009) ogbarruun oguma kalaqaa ta'ee, kan muuxannoo jiruufi jireenya haqaa irratti ittin bu'ureessinu, barreessinu, ammoo akka qabatamutti miidhaginaan faayinee ittin ibsinu akka ta'e addeessa. Kana jechuun ogbarruun hojii kalaqaa sammuu gaafatu karaa ittiin beekumsa qaban tokko ittiin waliif dabarsan akka ta'e agarsiisa. Ogbarruun dabarsaa aadaa ummataa, galmee jiruufi jireenya dhala namaa adda addaa, hojii namoota hubannoo, beekumsa, muuxannoofi sadarkaa adda addaa qaban ta'uu isaa ibsa. Ogbarruun haala dhiheenyaasaarratti hundaa'un bakka gurguddoo lamatti qoodama. Isaanis: ogbarruu afoolaafi ogbarruu barreeffamaati. Ogbarruu barreeffamaa keessaa tokko kan ta'e ammoo asoosamadha.

2.2. Yaadrimee Asoosama

Maalummaa asoosamaa ilaalchisee hayyoonni adda addaa haala dirree qorannoofi haala falaasama isaaniirratti hunda'uun hiika mataasaanii kennu. Maalummaa asoosamaa ilaalchisees yaadota hedduutu jiru. Haata'u malee yaadonni maalummaa asoosamaa ilaalchisuun dhiyaatan hedduu ta'anis kan wal-tumsaniidha.

Asoosamni ogbarruu barreeffamaa keessaa tokko ta'ee, argaa yaadaa barreessaan kalaqamee suuraa jireenya dhala namaa addunyaa keessatti kaasee kan mul'isuudha. Innis suuraa yaadaa

barreessaan kalaqee akka sammuu dubbisaa keessatti mul'atu taasisee kan dhiyeessuudha. Asafaa (2009) asoosamni hojii barruu sammuu namaatiin uumamee dubbisaaf dhiyaatu akka ta'e ibsa. Yaadni kun barreessaan ergaa dabarfachuu barbaade tokko akka sammuu namaa keessa turuu danda'utti, dubbistoonni akka hubatan gochuun kan dhiyeessuudha. Kunis seenaan asoosama sana keessatti dhiyaatu qabatamaadhaan addunyaa dhalli namaa keessa jiraatu keessatti uumamaa kan oolu ta'uusaa agarsiisa.

Asoosamni damee ogbarruu keessa tokko ta'ee, tooftaa barreessaan dhugaa addunyaa keessa jiru akkaataa barreeffamaa mataasaarratti hunda'uun kalaqa sammuu isaa baasee ittiin mul'isuudha. Kalaqni barreeffamaa kunis dhugaa addunyaa kanaa hordofee kan deemuudha. Currie (1985, f.390) *"The author of a fiction frequently uses words and sentences nonliterally. Suppose that an author of fiction uses words ironically or metaphorically or in some other nonliteral way."* jedha. Waraabbiin kun barreessaan asoosamaa tokko yeroo hedduu jechootaafi himoota bifa idileetiin kan itti gargaaramu miti. Innis waan tokko waan biraan bakka buusuun, arbeessuun, akkasumas faallessuun kan dhiyeessuudha.

Asoosamni barreeffama dhangala'aa bifa keeyyataatiin dhiyaatuudha. Nixon(2008), gama isaatiin, asoosamni bifa hololootiin kan qophaa'u akka ta'e ibsa. Asoosamni dhugaa hawaasa keessaa bu'ureeffachuun haala sammuu barreessaa kan dabalatuudha. Yaada kana ilaalchisee Asafaa (2009, ff. 25-126), *"Barreessaan asoosamaa tokko, dhugaa jiru irratti hundaa'ee amala, sansakaa, hubannoofi kan kana fakkaatan namoonni hawaasa keessatti qaban sana qooddattootatti uffisee ergaa isaa kan dubbistootaaf ittin dabarsuudha."* jedha. Akka yaada kanarraa hubatamutti, waantoonni hawaasa keessatti calaqqisiifaman namfakkiilee garagaraan gargaaramuun waa'eema hawaasaa, hawaasaaf kan ittiin dhiyeessaniidha.

2.3 Akaakuu Asoosamaa

Asoosamni haala bal'iinsa isaarratti hundaa'uun bakka gurguddaa lamatti qoodama. Innis asoosama dheeraafi asoosama gabaabaadha (Rabbirraa, 2009; Misgaanuu, 2012).

2.3.1. Asoosama Dheeraa

Asoosamni dheeraan damee ogbarruu keessaa tokko ta'ee, haala jiruufi jireenya hawaasa tokkoo qabatamaan kan dhiheessuudha. Asoosamni kunis bifa hololoon kan dhiyaatu, kalaqa seeneessama dheeraa sammuu barreessaatiin uumamee kan qophaa'udha. Akaakuun asoosama kanaa moggaasumasaarraa ka'uun baayyina jechoota irraa qindaa'uu, yeroo dubbifamee xumuramuufi qabiyyee ittiin dhiyaatuun dheeraa ta'uunsaa kan beekamuudha. Aliyev (2021) akka ibsetti, asoosamni dheeraan itti fayyadama xinqooqaa kanneen akka

jechootaa, sirna tuqaaleen kan dhiyaatu, barreeffama dheeraa bifa hololoo qabu ta'usaa ibseera. Asoosamni kun barreeffama dheeraa jaargocha walxaxaa, ergaafi namfakkiilee hedduu kan of keessaa qabuufi dubbisanii xumuruuf yeroo dheeraa kan gaafatuudha.

2.3.2. Asoosama Gabaabaa

Asoosamni gabaabaan hojii kalaqaa keessaa, kan qabiyyeedhaan asoosama dheeraa gadi ta'eedha. Kunis yeroo gabaabaa keessatti dubbifamee xumuramuu kan danda'uudha. Wasaneen (2008) akka ibsetti, asoosamni gabaabaan hojii kalaqaa ta'ee daqiiqaa soddomaa hanga sa'atii lamaatti dubbifamee kan dhumuudha. Yaada kanarraa kan hubatamu asoosamni gabaabaan jechoonnis ta'e himoonni achi keessa jiran bifa gabaabaa ta'een kan dhihaataniidha. Kanaaf ammoo yeroo gabaabaa keessatti dubbifamanii xumuramuu kan danda'an ta'usaa hubachiisa.

Asoosamni gabaabaan akkuma maqaa isaa gabaabaadha. Kanaafuu, jechoonni inni irraa ijaaramus daangeffamaadha. Fiqaaduun (2020, f. 20) Shaw (1972) wabeeffachuun yaada kana yoo ibsu, *“Asoosamni gabaabaan jechoota kuma kudhanii gadi ta'aniin barreeffamee, kaayyoo gooroo tokkorra ga'uuf kan ijaaramu, seenessama gabaabaadha. Asoosamni gabaabaan battaluma tokkotti gocha tokko qofa keessa kan turu, namfakkiwwan muraasa gocha yaadaan yookiin qaamaan keessatti hirmaatan of keessatti hammata.”* jedha. Yaadni kun jechoonni, namfakkiwwaniifi gochi asoosama gabaabaa keessatti raawwatamu gabaabaa kan ta'eedha. Misgaanuun (2012, f. 8) ammoo yaaduma kana deggeruun yoo ibsu, *“Asoosamni gabaabaan daqiiqaa soddomaa hanga sa'atii lamaatti dubbifamee kan xumuramuudha. Kunis kan bifa hololoon barreeffamu, tokkummaa cimaarratti kan hundaa'e, jechoota kuma kudhanii gadi ta'aniin barreeffamee kaayyoo bu'uuraa tokkorra gahuuf kan qopha'u, asoosama gabaabaa jedhama.”* jedha. Yaada kanarraa kan hubannu, asoosamni gabaabaan yeroo muraasa keessatti kan dubbistoonni dubbisuun hubatan, akkaataan qindoominasaa jabaa akka ta'e kan nama hubachiisuudha.

Asoosama gabaabaa wanti asoosama dheeraarraa adda taasisu nijira. Innis ergaa tokko kan giddugaleeffatuufi himoonni achi keessa jiran marti waa'eesaa dubbachuurratti kan xiyyeeffataniidha. Akkasumas qindoomina cimaa qabaachuudhaan, qalbii dubbistootaa kan hawwatuudha. Gabaabina qabiyyeefi turtii yeroo keessatti dubbifamee xumuramuutiin asoosama dheeraarraa adda ta'a. Caacculee inni of keessatti qabatuunis dhiibbaa dubbistootarratti fida. Wanti asoosama dheeraarraa adda isa taasisus, taatee yookaan seenaa

tokko qofarratti xiyyeeffachuufi namfakkiilee muraasa gargaaramuusaati jechuudha (Dewi, 2022).

2.4. Caacculee Asoosamaa

Caacculeen asoosamaa waantoota asoosama tokko asoosama taasisan yookaan waantoota asoosamni tokko irraa ijaaramuudha. Akkasumas, kan asoosamichi qaama horatee yookaan dagaagee humna godhatee akka dhaabbatuuf asoosamicha ijaaraniidha. Caacculeen asoosamaa giddugala hiika seenessoo sanaati. Yaada kana Tafariin (2008, f. 105) yoo ibsu, *“Elements of fiction refers to the central meaning of story.”* jedha. Yaadni kun caacculeen asoosamaa seenaa asoosamaaf handhuura ta’uu isaanii argisiisa. Caacculeen kunniinis jaargocha, namfakkiilee, waldiddaa, yoomessa, ergaafi ija seenessaa jedhamu.

Jaargochi caacculee asoosamaa keessaa isa bu’uuraati. Kunis, yaa’iinsa yookaan duraa duubummaa gochaa seenessoo tokko keessa jiruudha. Akkasumas qindaa’ina ta’iinsa yaadaa kan ka’umsa, gidduufi xumura qabuudha. Jaargochi seenaan asoosamaa tokko akkamiin akka dhiyaatu, duraa-duuba taateewwanii kan himuudha (Dewi, 2022).

Namfakkiileen namoota barreessaa asoosamaatiin uumamanii, seenaa asoosama tokkoo raawwatan yookaan seenaan irratti raawwatamuudha. Isaan kun barreessaadhaan kalaqamanii, ta’iinsa yookaan gocha tokko kan raawwatan, waliin dubbii kan taasisan, kaayyoo barruu sanaa dubbistoonni akka hubatan warra taasisaniidha (Booth, 1961). Santon (1968) namfakkiileen namoota yookaan wantoota seenaa tokko keessatti gochi tokko ittiin raawwatamuun ergaan barbaadame tokko darbuudha jedhee ibsa. Isaan kunniin baay’inni isaanis dheerina seenaa asoosamaa sanaatiin kan murtaa’u ta’a.

Waldiddaan seenaa asoosamaa keessatti walitti bu’iinsa namfakkiilee gidduutti uumamuudha. Waldiddaan walitti bu’insa humnoota lama gidduutti sababa adda addaatiin taasifamu yemmuu ta’u, seenaan asoosamichaa bal’achaa, dubbisaa ofitti hawwachaa akka deemu kan godhan yookaan kan taasisan keessaa isa tokkodha. Waldiddaan namfakkiiwwan asoosamicha keessatti walitti dhufeenya gidduu isaaniitti uumamurraan kan ka’e, sababoota adda addaan wal’aansoo keessa kan seenaniidha (Rabbirraa, 2009).

Yoomessi yeroo, bakkaafi haala hawaasummaa asoosaan fayyadamee barruu isaa keessatti barreessuudha. Yoomessi iddoo yookaan bakka taateen yookaan raawwiin itti ibsame, yeroon isaa dhugaa hawaasaa akka xiyyeeffatu nu hubachiisa. Abbot (2008, f.64) *“Setting is not just geography and time but also cultural and social environment that shapes the narrative.”*

jedha. Akka yaada barreessaa kanaatti, yoomessi bakkaafi yeroo qofa osoo hintaane, aadaafi naannoo of keessatti hammachuudhaan seenessoo tokko kan boca itti godhuudha.

Ergaan yaada giddu-galeessaa asoosamichaa kan barreessaan adeemsa seenaa tuttuqu, kan hariiroo jaargochaa, namfakkii, yoomessaafi kan kana fakkaatan irraa uumuufi kan dubbisaan gadi fageenyaan qoratee bira gahu yookaan hubatuudha. Yaada kana Dewi (2022) ergaan qaama seenessoo gabaabaa keessaa tokko ta'ee yaada handhuuraa barruu sanaa akka ta'e ibsiti. Innis waan dubbistoonni hubachuu barbaadan kan dabarsuudha.

Inni xumuraa kallattii seenessaan ittiin seenessuudha. Fedhasaan (2013) ija seenessaa kan jedhamu kallattii barreessaan seenaa asoosamichaa itti dhiheessuu ta'uu eera. Barreessaan seenaa asoosamaa tokko yeroo qindeessu nama dubbistootatti seenicha himu waliin kalaqa. Namni kun tarii nama seenaa keessatti hirmaate ta'uu danda'a; yookaan ammoo nama seenaa ala dhaabatee ilaalu ta'uu danda'a. Haala kanaan ija seenessoo gosa lamatti qoodamu. Isaanis ija nam-tokkeessoofi ija nam-sadeessoo jedhamu.

2.5. Xiinxala Ogbarruu

Hojiin ogbarruu tokko karaa adda addaatiin ilaalamuu, xiinxalamuu, qeeqamuufi qoratamuu kan danda'uudha. Qeequun ammoo hojii ogbarruu tokkoo hanqinasaa dogoggorasaa barbaaduu miti. Salunke (2010, f.1) *"Literary criticism is the study, analysis, and evaluation of imaginative literature."* jedha. Yaada kanarraa kan hubatamu, waa'ee ogbarruu tokkoo xiinxaluu, madaaluufi yaada itti kennuu jechuudha. Qeeqni kan geggeeffamu dhimmoota adda addaa irratti ta'uyyuu, kan ogbarruu garuu (asoosama, walaloo, diraamaa, baacoo), walumaagalatti hojiilee kalaqa sammuu ilma namaa ta'an kanneen irratti kan geggeeffamu akka ta'e ibsa.

Qeeqni hojii kalaqaafi kalaqni walitti dhufeenya qabu. Sababni isaas, qeeqni adeemsa kalaquutiin yookiin uumuutiin kan raawwatamuudha. Innis hojii kalaqaa(barruu kalaqaa) tokkoof hiika kennuu, gareetti qoqqooduu, ibsuufi madaaluu of keessatti qabata.

Xiinxalli ammoo, hojii ogbarruu tokkoo gadi fageenyaan ilaaluun akkaataa inni ittiin barreeffame, gooroosaa, unkasaa, ergaasaa gadi fageenyaan xiinxaluu dabalata. Yaaduma kana Hebert(2022) *"Analysis is a cognitive operation, but the term 'analysis' is also used to refer to a given text belonging to a textual genre that is closely focused on the operation of analysis, that is the operation of characterization."* jedha. Waraabbii kanarraa kan hubatamu, xiinxaluun hojii sammuu kan gaafatu, akkasumas gooroo ogbarruufi akkaataa barreeffamasaa, namfakkiwwan achi keessa jiran sakatta'uudha.

2.6. Akkaataa

Barreessaan ogbarruu yaada sammuusaa keessa jiru ibsuuf akkaataan barreeffamicha itti qindeesse iddoo guddaa qaba. Kanaafuu tooftaaleen inni itti gargaarama ilaalamuu qaba. Tooftaaleen kun mala dhuunfaa barreessaan tokko kan biroorraa ittiin adda ta’u yookaan amala barreeffamni tokko kan biroorraa ittiin adda ta’uudha. Akkaataan karaa barreessaan hojii ogbarruu tokko ittiin dhiyeessu ta’ee, tooftaalee ogbarruu adda addaa fayyadamee akkamitti akka barreesse kan ilaaluudha. Barreessaan kam akkaataa mataa ofii qaba; isatus akkaataa jedhama. Leech and Short (1981) akka ibsanitti, akkaataan golgaa yookaan haguugduu kan barreessitoonni gargaaramuudhaan karaa adda ta’een, afaan adda ta’etti gargaaramuun yaada, miira, fedhii, qalbiifi ergaa haala murtaa’aa keessatti ittiin dabarfataniidha. Akkaataan ergaa itti dabarfatan kunis kan isa tokkoo, kan isa biraarraa garaagara ta’uu kan danda’uudha.

Akkaataan dirree qo’annoo akkaatummaa (stylistics) jedhamuun kan qo’atamuudha. Dirreen qo’annoo kun damee xinqooqaa ta’ee, akkaataa afaaniifi hariiroo isaanii kan qoratu akka ta’e Musayev (2003) ibseera. Innis unka xinqooqaa adda addaa kan ogbarruun tokko ittiin dhiyaate karaa ittiin xiinxalaniidha. Unki xinqooqaa kunniin ammoo sadarkaa xinsagaarraa eegalee hanga xinhimaafi hiikaatti ta’uu mala. Unki xinqooqaa sadarkaa xinsagaa, sagalewwan dubbii (dubbifamaafi dubbachiistuu, waraabbii sagalee) kan ogbarruu tokko keessatti irra deeddeebiin dhiyaataniidha. Sadarkaa xinjechaatti ammoo, filannoo jechootaa, jechoota loogaa, jechoota safuu, jechoota ergisaafaatu xiinxalama. Sadarkaa xinhimaatti, akkaataa gaaleefi himaa, qindoomina isaanii, walmaddeessummaatu xiinxalama. Sadarkaa giraafoloojiitti kan xiinxalamu ammoo sirna tuqaalee, qubguddeessa, gabaajeefi mirgadeessuudha. Isaan kun bifa akkamiin akka dhiyaatan xiinxaluun akkaataa ogbarruu tokkoo ibsuun kan dandaa’amu akka ta’e hubachiisa.

Akkaataan haala seenaan asoosamaa tokko ittiin dhiyaatus ni’ilaallata. Kunis, akkaataa ittiin barreessaan jechoota filatu, himaafi keeyyattoota qindeessuufi kkf dabalata. Fedhasaan (2013) yaada kana yoo ibsu:

Akkaataan haala seenaan barreeffame ittiin dhiyaatu ilaallata. Innis akkaataa barreessaan jechootaafi gaalee filatu ta’ee, akkamitti akka inni himaafi keeyyattoota itti qindeessuufi seenaa balballoomsu of keessaa qaba. Akkaataa ijaarsa himootaa keessatti fayyadama caaslugaa, fayyadama sirna tuqaalee, gosoota himaa, filannoo jechootaa, cimina sagalee, fayyadama dubbilee

qolaafaatu xiinxalama. Akkaataa barreeffamaa kanatu ruqiilee asoosamaa hunda ibsa. (ff. 83-84)

Waraabbii kanarraa akka hubatamutti, akkaataan haala seenaan asoosamaa ittiin barreeffamee dhiyaate kan ilaallatu ta'ee, tooftaalee garaagaraa barreessaan itti fayyadamee jechoota filatu, himootaafi keeyyattoota garaagaraa filatuufi kkfdha. Hayyuun kun ittuma fufuun, seenaan asoosama tokko tooftaa garagaraan akka dhiyaatu ibseera. Isaanis addeessuu, duubdeebii, durdeemmii, waliin dubbiifi qofdubbiidha.

Malli addeessaa, tooftaa barreessaan waa'ee waan tokkoo sammuu dubbisaa keessatti kalaqee ittiin mul'isuudha. Namni waa'ee waan sanaa dubbisu sammusaa keessatti miira dhaga'iitii niqabaata. Kana jechuun suura waan addeeffamee sanatu itti mul'ata jechuudha. Duubdeebiin tooftaa seenessaan ittiin duubatti deebi'ee waan yeroo darbe ta'e dubbachuun dhimma tokko dubbisaa hubachiisuudha. Durdeemmiinis mala qindaa'ina seenaa keessaa tokko ta'ee, mala barreessaan ittiin waan gara fuulduratti ta'uuf jiru dubbistoota tilmaamsisuudha. Kana malees barreessaan waliin dubbiitti gargaaramee namfakkiileen waan raawwachuuf jedhan akka mul'isan gochuufi seenaa namfakkii biroo akka himan mijeessuu danda'a. qofdubbiin ammoo kan qooddataan sammuu isaatiin yaadee ofiisaatti haasa'u akka ta'e ibsa.

Dhimmoonni biroon ijoo ta'an kanneen akkaataa keessatti ilaalamanis hedduudha. Simpson (2004) Akkaataa keessatti qabxiwwan xiinxalaman sagaleewwan dubbii, akkaataa hidhamiinsa jechootaafi bifasaa, akkaataa jechoonni itti qindaa'an, akkaataa jechi tokko isa biraa wajjin hariiroo qabu, hiika jechootaafi himaa akka ta'e ibsa. Akkaataa keessatti, maaltu jedhameerra akkamitti jedhamee, maaltu barreeffameerra akkamitti barreeffamee hojii ogbarruu sanaatu xiinxalama jechuudha.

2.6.1. Akaakuu Itti Fayyadama Afaan Ogbarruu

Waa'ee afaanii ilaalchisuun yaadni adda addaa akkaataa caasaa (dhamjecha, jecha, gaalee) fi akkaataa adeemsaa (kan caasluga afaanichaan) walqabatu akka jiru, akkasumas, afaan gama tajaajilaafi gama yaadaan jiraachuusaa hayyoonni afaanii ibsaniiru. Haata'u malee afaan ogbarruun ittiin dhiyaatuufi barreeffamoonni biroon ittiin dhiyaatan adda addummaa qabu. Afaan ogbarruufi afaan guyya guyyaan itti dhimma ba'amu gidduu garaagarummaa guddaatu jira. Asafaan (2009) akka ibsetti, afaan ogafaanii yookaan ogbarruufi afaan saayinsiis ta'e haasawaa guyyuu tokko akka hintaane, ogbarruu keessatti akkaataan itti fayyadama afaanii adda ta'usaa ibseera.

Afaan ogbarruu tooftaafi walqabannaa afaanii kan barreessaan ergaa barbaadu tokko akka miira namaatti tolutti kalaqee ittiin dabarfatuudha. Isaanis wantoota miirummaa arga yaadaafi mallattummaa qaban, dubbiilee fayyadama afaanii, sagaleelee, akkaataa miira namaatti waa guutaniifi aadaafi seenaa ibsaniin kan dhiyeessuudha (Amanamanchi, Meeran, Dharmapuri & Sharma, 2023). Isaanis sadarkaa jechaatti, sadarkaa himaatti, sadarkaa caasaatti mul'achuu danda'u. Tooftaaleen kun, tooftaa barreessitoonni ittiin waa seenessaniidha. Isaanis qaamolee asoosamaa kan mala addaa ta'een barreessitoonni ergaa barbaadan ittiin dabarfachuuf itti fayyadamaniidha.

2.6.1.1. Itti Fayyadama Jechootaa

Hayyoonni yaadrimee 'jechaa' bifa garaagaraatiin ibsu. Jechi sagaleelee dubbii akkaataa hiika qabaachuu danda'aniin wal-faana bu'uun kan ijaaramu ta'ee, bakka bu'aa yaadaati. Addunyaan (2020, f. 105) yaada kana, *"Jechi qindeeffama dhamsagootaa, birsagootaafi dhamjechootaa kan unkaalee hiikaa tokkoofi isaa ol qabaniin dhiyaachuu danda'uufi afaan tokko keessatti of-danda'ee dhaabatuudha."* jedha. Kana jechuun jechi of-danda'ee dhaabachuun ergaa barbaadame dabarsuu kan danda'u ta'uusaa hubachiisa.

Afaan tokko jechoota ganamuma afaanicha keessa jiranitti dabaluuudhaan jechoota afaan biroos ergifatee itti dhimma ba'uu danda'a. Ergifannaan amaloota afaanii keessaa tokkodha. Kunis, afaan tokko jecha yaadrimee ta'e tokko ibsu yoo hinqabaanne, afaan biraa keessaa ergifachuu danda'uusaa kan agarsiisuudha. Fakkeenyaaf, Afaan Oromoo jechoota akka televiijinii, raadiyoo, paastaa, baandaafi kkf Afaan biroorraa ergifatee itti fayyadamaa jira (Rabbirraa, 2009). Jechoonni kun uumamaan jechoota al-idilee odoo hinta'in haala itti fayyadama jechaatu al-idilee godha. Kana jechuun, jechi sun afaan isa jalqabaa keessatti idilee yoo ta'ellee, wayita ergifatamutti ammoo al-idilee ta'a jechuudha. Haala kana keessatti filannoon jechootaa baay'ee murteessaadha. Amala ogbarruun ittiin beekamu keessaa tokko jechoota mimmiidhagoodhaan dhiyaachuusaati. Barreessitoonni ogbarruu hojii kalaqaa isaanii keessatti jechoota filachuudhaan argaa yaadaasaanii waraqaarra kaa'uun dubbistootaaf dhiyeessu.

Jechoonni afaan tokko keessatti itti gargaaramnu bifa lamaan dhiyaachuu danda'u. Jechoota kanneen walitti qindeessuudhaanis yaada barbaadame dabarfachuun danda'ama. Geetaachoon (2021) yaada sammuu keenya keessa jiru dubbistootaaf kan dabarsinu, jechoota yaada keenya bakka bu'an filachuudhaan akka ta'e addeessa. Isaanis jechoota idileefi al-idilee jedhamu. Jechoonni irra caalaan nuti guyyaa guyyaatti yaada keenya ibsuuf fayyadamaa oollu jechoota

idileeti. Jechoonni idilee tarreessuuf hedduu ta'anis, galmee jechootaa keessatti kanneen argamaniifi irra caalaan isaanii guyyaa guyyaatti kanneen itti fayyadamaa olluudha. Ta'us barreessaan ogbarruu isaan bal'inaan gargaaramuu dhiisu mala.

Jechoonni al-idileen ammoo jechoota yaadaafi haala idileen itti fayyadamuu of keessaa hinqabneedha. Isaan kun kanneen akka jechoota loogaa, jechoota qaanii/ safuu, jechoota garee, jechoota ergisaafi jechoota jaarganii jedhamu. Isaan kunis ogbarruu keessatti barreessitoonni, akkaataa ergaa dabarsuu barbaadanitti filachuudhaan kan dhimma itti ba'an yoo ta'u, asoosama keessatti bal'inaan hojiirra oolu.

2.6.1.2. Itti Fayyadama Jechamootaa

Jechamni itti fayyadama afaanii gama ogbarruun jiran keessaa isa tokkodha. Innis jechoota, gaaleewwaniifi ciroowwan ergaa haala idilee keessatti qabaniin alatti ergaa dabarsuuf fayyaduu kan danda'an akka ta'e, Addunyaan (2016) ibseera. Ergaa isaan dabarsan haalaan hubachuufis beekumsa aadaafi afaanichaa qabaachuun barbaachisaadha. Itti dabaluunis, Addunyaan jechamoota kana, kan qaama namaa bu'uureffatan, kan lubbu-qabeeyyii bu'uureffataniifi kan lubbu-maleeyyii bu'uureffatan akka ta'an ibseera.

Jechamni akkaataa dubbii uumamaan jechaafi gaalee garaagaraatti fayyadamuun ergaa dabarfatan ta'ee, kan dhalataan afaan sanaa irra caalaatti beekuufi hubatuudha. Galantomos (2021, f.32) yaada kanaa yoo ibsu, *"Idiomatic language is the natural mode of expression and phrasing of language, that is, language that uses, contains or denotes peculiar or characteristic expressions, words, or phrases native speakers would routinely use and consider natural and correct"* jedha. Waraabbiin kun jechamni tokko dubbattoota afaan jalqabaatiif caalaatti kan hubatamu ta'uu ibsa.

2.6.1.3. Itti Fayyadama Jechaalaa

Oromoon amantaa yookaan falaasama natoo ta'e qaba. Akkaataa falaasamasaa kanaatti bulee bulfata. Wantoonni natummaa amantaa isaa kanaan morman yoo isa mudatanis " baranee" jechuun dura dhaabata. Akka amantaa Oromootti waa'ee du'aa, waa'ee ulfaa, waa'ee bineensaafi wkf keessaa kallattiin kan hinhimamneefi kan irraa maqaman addaan ba'anii jiru. Isaan kana ibsuuf jechaalatti gargaarama (Addunyaa, 2016).

Jechaala kan jedhu gaalee "jecha haalaa" yookaan "jecha kallattiin alaa" jedhurraa akka uumame, kunis waan kallattiin dubbachuun yookaan hojjechuun safeeftamu agarsiisa. Oromoon kan aadaa isaarraa madde haata'u, kan aadaa ormaarraa itti lufe bu'uureffachuun

nisafeeffata. Qabanni safeeffannaa kanaas amantaa, kabaja/wayyooma, hamilee, sodaafi wkf ta'uu mala jedhee ibsa. Itti fayyadamni afaanii kun bal'inaan Oromoo biratti beekamaa ta'uun ogbarruu keessattillee kan tajaajiluudha (Addunyaa, 2016).

2.6.1.4. Itti Fayyadama Mammaaksaa

Mammaaksi yaada tokko humna miidhaksee, sammuu keessatti fakkii ergichaa kaasee ittiin hambisu qaba. Gama afaan waliigaltee ta'ee tajaajiluutiin yoo ilaalle, ergaa ifa ta'ee mul'atu kan hunduu hubachuu danda'u kan dabarsu ta'uusaafi ergaan sun garuu qola dubbii kan qabu yoo qollisaa irraa ba'e ergaan biroo jala kan jiruudha (Misgaanuu, 2011). Strauss (1994) ammoo gama isaatiin, makmaaksi hima gabaabaan kan dhiyaatu, waan tokkoon qabee ergaa cimaa kan dabarsuufi namoota muuxannoo qabaniin kan mammaakamu ta'uu ibsa.

Mammaaksi itti fayyadama afaanii ogbarruu keessatti hojiirra ooluudha. Aadaan Oromoo afoolaan badhaadhee kan jiru yommuu ta'u, gosa afoolaa keessaa tokko kan ta'e mammaaksi jiruufi jireenya guyyuu uummataa waliin hidhata guddaa kan qabuudha (Hinseenee, 2015). Haala dubbii keessatti mammaaksi mi'eessituu dubbiiti jedhamas jedhee ibseera. Mammaaksi bu'uura caasaafi qabiyyee isaatiin ilaalamuu akka danda'u, akkasumas akka dhiyaatu Addunyaan (2016) ibseera. Isaanis gaabbii, seexessaa, oolmaa dagachuu, gowwummaa, tokkummaa, aantummaa, waliinummaa, akkeessuu, qabata, of dagachuu, ofittummaa, sodaa, tuffii, gocha yeroofi soba kan agarsiisaniidha. Haaluma kanaan mammaaksonni kunniin asoosama keessattillee bifa adda addaan yookaan qabiyyee garagaraan dhiyaatanii ergaa adda addaa dabarsu jechuudha.

2.6.1.5. Itti Fayyadama Dubbiilee Qolaa

Fayyadama afaanii keessatti dubbiin qolaa qabxii murteessaadha. Kunis, namni waan jechuu barbaadu tokko bifa biraan jechuu akka danda'uuf kan fayyaduudha. Addunyaan (2016) yaada kana akka ibsetti, dubbiilee qolaa fayyadama afaanii kan haala salphaa ta'een ergaa tokko nama hubachiisaniidha. Kana jechuun karaa ittiin waan guddaa tokko kineessanii, kinoo ammoo arbeessanii, binoo nameessanii, namoo bineensanii, wal-cinas qabanii, cinaachaan himaniifi wkf taasisuun hubannoof haala mijeessan akka ta'e ibsa.

Malleen dubbii, tooftaa barreessitoonni ogbarruu yaadaa isaanii kalaqaan ibsuudhaaf, diraamaas ta'e seenessoo isaanii miidhagsanii wantoota waliin dorgomsiisuun, walbira qabanii ibsuun jechoota qusatamoofi ergaa yaadan kan ittiin dabarfataniidha. Dubbiin qolaa haala dubbii kan asoosaan yookiin waloona tokko dubbii isaa mi'eessuuf, addeessuuf, ho'isuuf, miidhaksuuf akkasumas akka dubbisaan yookiin dhaggeeffataan hubatuuf

faallessuun/ maqsuun yaadasaa qindeeffatuudha. Malli dubbii kun wanti lubbuu hinqabne akka lubbuu horatuuf, kan dimimmisa keessa jiru akka ifuuf, wanti xiqqoon akka guddatee mul'atuufi kkf. ga'ee guddaa qaba jechuudha (Galantomos, 2021).

Dubbiilee qolaa gosa garaagaraatu jiru. Gosoonni kunniinis akkaataa garaagaraatiin hojii ogbarruu keessatti kan hojiirra oolaniidha. Isaanis, akkasaa, bakkasaa, nameessa, arbeessuu, habalaka, ateessa, eemitii, fakkee, anyarsee, alliigorii, walqabsiisaafi kkf jedhamu. Gosoonni kunniin armaan gaditti ibsamaniiru.

Akkasaan gaalee 'akka isaa' jedhurraa ijaarame. Tajaajilli isaas jechoota akka 'akka', 'fakkaata', 'hanga', 'hammaa'fi kkf'tti fayyadamuun, waan aadaa hawaasichaa keessatti beekamaa ta'e tokkoon wal-cina qabuun dhiyeessuun yookaan waldorgomsiisuun akka salphaatti hubatamu gochuudha (Addunyaa, 2016).

Iddeesi gaalee 'iddoo isaa' jedhurraa kan ijaarame ta'ee, waan tokko guutummaa guutuutti amala waan biraa gonfachiisuun kan dhiyeessuudha. Gosni fayyadama afaanii kun karaa dhokataa ta'een wantoota waliin dorgomsiisa. Akkasaa waliin wantoota wal-bira qabee dorgomsiisuu isaatiin kan wal-fakkaatu yoo ta'u, guutummaa guutuutti bakka buusuu isaatiin ammoo adda ta'a. Waan tokko bakka waan biraa buusee, waanuma sana kan taasisuudha (Taverniers, 1990). Iddeessi wantoota garagaraa lama walitti fiduudhaan bakka wal buusuudha. Wantoonni adda addaa kun lamaan, inni tokko waan kallattiin xiyyeeffatame yoo ta'u, inni tokko ammoo madda yookaan bakka bu'amaadha (Simpson, 2004).

Nameessi lubbu-maleeyyii yookaan lubbu-qabeeyyii biroo amala namaa gonfachiisuun kan dhiyeessuudha. Haaluma kanaan, akka namaatti beela'anii akka quufan, deemanii akka galan, ijaaranii akka diigan, dhiyaatanii akka hiiqaniifi wkf akka dalagan kan taasisuudha (Summers, 2011).

Arbeessi waan tokko garmalee ol-kaasuun yookaan gad- buusuun ibsuudha. Arbeessuun waan tokko garmalee guddisanii yookaan xiqqeessanii dhiyeessuudha. Kunis, waan tokko guddisanii hanga arbaa, kineessanii ammoo hanga huubaa taasisuu jechuudha (Kibbey, 1986).

Habalakni tooftaa ittiin waan tokko faallaa isaatiin ibsinuudha. Hiika waan ibsame kanaa hubachuufis haala keessatti ibsameefi aadaa hawaasichaa hubachuun barbaachisaadha. As keessatti wanti jedhamuuf ka'e isa jedhame miti (Fedhasaan, 2013). Fakkeenyaaf, nama gabaabaan 'birbirsoo' jechuu, nama gurraachaan 'faranjii' jechuufi kkfdha. Simpson (2004,f.46) yaada kana yoo ibsu, *"Irony is situated in the space between what you say and*

what you mean, as embodied in an utterance.” jedha. Yaada kanarraa kan hubatamu malli dubbii kun waan jedhameefi waan jedhamuu barbaadame gidduu garaagarummaan jiraachuusaa agarsiisa. Kana jechuun waan jedhamuun barbaadame yookaan ergaan, waan jedhamerraa adda jechuudha. Ergaa sana hubachuuf haalli keessatti jedhame murteessaa ta’a.

Ateessi waan nama hindhageenye tokkotti dubbachuudha. Fakkeenyaaf, dhagaa, muka, gaaraafi kkftti dubbachuu fakkeessanii ergaa ofii dabarfachuudha. Gama biraatiin ammoo, waan ijaan arguu hindandeenyeefi waan nama bira hinjirre waamuu yookaan waliin dubbachuudha (Rabbirraa, 2009). Fakkeenyaaf, namni tokko rakkatee "Yaa tulluu nana na dhoksi." jechuufaadha.

Dubbiin qolaa eemitii jedhamu, jecha ‘eeyyee’ jedhuufi ‘miti’ jedhurraa kan dhufeedha. Kunis, jechoota waliin faallaa lama wal-faana kan deemsisuudha. As keessatti jechi inni tokko yaada ‘Eeyyee’ jedhu yoo argisiisu, inni kaan ammoo ‘Lakkii’ kan jedhu agarsiisa. Himiinsa yaada faallaa waan of keessaa qabu fakkaatee yeroo itti siqan, dhugaa ta’ee kan argamuudha. Ergaan isaa kan hubatamu haala akkamii keessatti jedhamuusaa adda baafachuun ta’a (Fedhasaa, 2013).

Mallattummaan waan qabatamaa, iddoo yookaan ammoo gocha tokko waan biraaf bakka buusee dhimma guddisee ibsuu barbaade sana ittiin agarsiisuuf kan fayyaduudha. Mallattummaan yookaan mul’iseen yaada mallattoodhaan bakka buusuu ykn ammoo amalaafi hiika bakka bu’aa sanaa gonfachiisuudha (Misgaanuu, 2012). Fakkeenya kan ta’uu danda’u, ‘gugeen’ mallattoo nageenya bakka buutuudha.

Aliigoriin gosa dubbii qolaa yookaan seeneffama hiika lama qabuudha. Hiikni inni tokko hiika irra keessaa, inni biroon ammoo hiika dhokataadha. Waa’ee seenaa tokkoo kan himan fakkeessanii, ergaa dhokataa ta’e tokko himuudha (Misgaanuu, 2012). Fakkeenyaaf garraamummaa, gara jabeenya, doofummaa, amala qabeessummaa yookaan amala dhabeessummaa ta’uu mala. Wales (2011, f.14) yaada kana yoo ibsu, “*An allegorical text has a level of meaning other than the superficial one, whether political, historical, ethical, religious, etc.*” jedha. Yaanni kun kan hubachiisu, aliigoriin sadarkaa hiikni waan irra keessaan mul’atuun dayeeffamee, dubbii dhoksaa waa’ee siyaasaa, seenaa, safuufi amantaa ittiin dabarsaniidha.

Walqabsiisi ammoo kan barreessaan haala kallattiin ala ta’een nama, bakka, wanta dhimma wayiin walqabsiisee yoo ibse walqabsiisa jedhama. Fakkeenyaaf, taatee bara tokko raawwatame, aadaa hawaasaafi dubbiilee kitaabota amantii keessa jiraniin walqabsiisuun

ibsuu mala. Walqabsiisni bakka sadiitti qoodama. Isaanis walqabsiisa seenaa, walqabsiisa aadaafi walqabsiisa amantaati. Walqabsiisi seenaa, kan barreessaan ogbarruu tokko dhimma dhiyeessuu barbaade seenaa darbeen walqabsiisee addeessuudha. Sana keessas seenaa darbe dhaloota har'aa gurra buusa. Walqabsiisi aadaa, seenaa ogbarruu keessatti dhimmoota aadaa hawaasaa calaqqisiisuun ibsamuu danda'a. Innis ogbarruu keessatti faayidaa guddaa qaba. Dhaloonni ammaa aadaa hawaasaa akka hubataniifi safeeffatan godha. Jireenya ammayyummaa duukaa luucca'anii aadaa hawaasa isaanii akka hindaganne godha. Walqabsiisni amantaa ammoo, waan amantiin qabanii ogbarruu barreessuudha (Fedhasaa, 2013).

2.6.2. Qindoomina Himootaa

Hima jechuun gurmii jechootaa sirnaan qindaa'anii hiriiraan ijaaramaniin kan uumamu, kan hiika kennu jechuudha. Fitsum (2021) akka ibsetti, himni tokko hima jedhamuuf ulaagaalee adda addaa guutuu qaba. Isaanis tartiiba sirriin qindaa'uu, ergaa dabarsuu, hawaasa afaanicha dubbatu biratti fudhatama qabaachuufi dhugummaa qabaachuudha. Gama kaaniin, Geetaachoon (2021) hima jechuun jechoonni walitti dhufuudhaan yaada guutuu, fudhatamaafi qindaa'aa ta'e kan ergaa guutuu dabarsuufi sirna tuqaaleetiin xumuramuu ta'uu ibsa. Rabbirraan (2009, f.110) ammoo, *“Himni qindeeffama jechootaa matimaafi xumura qabaatee yaada guutuu kan dabarsuufi sirna tuqaaleetiin kan hordofamuudha.”* jechuun ibsa. Waraabbii kanarraa akka hubatamutti, himni qindoomina jechootaa kan ergaa guutuu ta'e tokko dabarsuufi sirna tuqaaleetiin hordofamee dhiyaatuudha. Haaluma kanaan akkaataa barreessitoonni ogbarruu yookaan seenessoo isaanii keessatti hima gargaaramanii, ergaa dabarfachuu barbaadan murteessaa ta'a jechuudha.

Himni bu'uura garaagaraatiin qoodama. Isaanis, bu'uura tajaajilaafi bu'uura caasaa jedhamu (Rabbirraa, 2009). Himoonni bu'uura kanaan bakka garaagaraatti qoodamu. Qoqqooddiin kunis armaan gaditti ibsameera.

2.6.2.1. Hima Bu'uura Tajaajilaan

Himni bu'uura tajaajilaatiin bakka afuritti qoodama. Isaanis hima addeessaa, hima gaaffii, hima ajajaafi hima raajeffannoo jedhamu. Himni addeessaa, sirna tuqaalee keessaa tuqaatti fayyadamuudhaan kan ta'iinsa waan tokkoo, jijjiirama waan tokkoo, waan tokko iddoo itti argamuufi kkf irratti odeeffannoo dabarsuuf gargaaruudha. Himi gaaffii ammoo akkuma maqaasaa mallattoo gaaffii gargaaramuudhaan odeeffannoo barbaaduuf kan gargaaruudha. Himi ajajaa ammoo mallattoo raajeffannoo yookaan tuqaa gargaaramee waan raawwachuu

qabu yookaan raawwachuu hinqabne tokko agarsiisuuf oola. Inni xumuraa hima raajeffannoo yoo ta'u, waan nama dinqisiisu yookaan malaalchifachiisu tokko mallattoo raajeffannootti gargaaramuun kan agarsiisuudha (Geetaachoo, 2021).

2.6.2.2. Hima Bu'uura Caasaatiin

Hima bu'uura caasaatiin ilaaluun dhimma xinqooqaa keessaa isa tokkoodha. Innis qoodama mataasaa qaba. Beekan (2015) yoo ibsu, himni caasaarratti hundaa'uun bakka afuritti akka qoodama. Isaanis, leexima, xaxima, dachimaafi dachaa xaxima jedhamu. Leeximi gaalee 'hima leexaa' jedhurraa kan uumameedha. Leexummaan isaas gochima tokko qofaa qabaachuusaati. Lammaffaan dachima yoo ta'u, innis gaalee 'hima dachaa' jedhurraa uumamee, hiikni isaa himoonni sasalphaa lamaafi isaa ol yookaan ciroo of danda'aa lamaafi isaa ol walta'uun hima tokko ijaaruu jechuudha. Inni sadaffaan xaximadha. Inni kun ammoo gaalee 'hima xaxamaa' jedhurraa uumame. Himichas xaxamaa kan taasise jiraachuu ciroo hirkataati. Xaximni ciroo ofdanda'aa tokkoofi ciroo hirkataa tokkoofi isaa olirraa ijaaramuu kan danda'uudha. Inni xumuraa hima dachaa xaxamaadha. Akaakuun hima kanaa ammoo, amala dachimaafi xaximaa of keessaa qaba. Kana jechuun hima sana, keessa himoota sasalphaa yookaan ciroo ofdanda'aa lamaafi isaa ol akkasumas, ciroo hirkataa tokkoofi isaa ol jiraachuu qabu jechuudha (Addunyaa, 2016).s

2.7. Sakatta'a Qorannoo Walfakkii

Qorannoo tokko geggeessuuf sakatta'a qorannowwan kana dura hojjetamnii jiran irratti geggeessuun baay'ee barbaachisaadha. Sababni isaas qorannoo geggeeffamu sana, kan kanaan duraarraa maaltu akka adda taasisuufi maaltu akka walfakkeessu ibsuuf nama gargaara. Dabalataan ammoo qorannoon sun iftoomina qabaachuufi sakkoo qabaachuusaa mirkaneessuuf kan dandeessisu ta'a. Haaluma kanaan qorataan qorannoosaatiif, qorannowwan biroo mata duree qorannoosaatii wajjin walitti dhufeenya qaban sakatta'uun dhiyeesseera. Qorannowwan mata duree qorannoosaa wajjin wal qabatan kanneen Yuunivarsiitiwwan adda addaa keessatti geggeeffaman akka itti aanutti dhiyaataniiru.

Hirphaa Baqqalaa (2024), Waraqaa Qorannoo Digirii Sadaffaa(PhD), Yunvarsitiitii Wallaggaatti" Xiinxala Barwalalowwan "Anaan'Yaa"fi "Obomboleettii" Yaaxxina Akkaatummaatiin" jedhu keessatti, wal-fakkeenyi qorannoo kanaa akkaatummaa ogbarruu irratti xiyyeeffachuu, malleen dubbii, jechamoota, akkaatummaa himootaafi hiikaa hojii ogbarruu sana keessa jiru dhiyeessuudha. Garaagarummaan jiru ammoo barwalaloo ta'uun

safara walaloofi wal'unannaa qabaachuu, qorannoon kun ammoo asoogarratti geggeeffamuusaati.

Taaddaseefi Margaa (2021) Yunvarsiitii Jimmaatti "Qaaccessa Akkaataa Fayyadama Afaanii Sirboota Haacaaluu Hundeessaa Keessatti" kan jedhu irratti hojjetaniiru. Wal-fakkeenyi qorannoo kanaa akkaatummaa afaanii ilaaluudha. Garaagarummaa isaanii ammoo kan isaanii akkaataa itti fayyadama afaanii qofarratti yoo ta'u, inni kun unkaalee xinqooqaafi tooftaa seenaan ittiin dhiyaate dabalata. Akkasumas inni kan isaanii kun walaloo sirbaarratti kan geggeeffameedha malee, asoogarratti miti.

Urgeessaa (2021) Qorannoo Digirii Lammaffaa Afaaniifi Ogbarruu Oromootiin Yunvarsiitii Jimmaatti, "Qaaccessa Akkaataafi Ergaa Walaloowwan Zalaalam Abarraa Filatamanii Keessatti" jedhuun qorannoosaa geggeesseera. Wal-fakkeenyi qorannoo kanaa akkaatumaarratti walitti dhufuusaaniiti. Ta'us inni kun barwalaloorratti xiyyeeffateeti malee asoogarratti miti.

Muhaammad (2022) qorannoosaa Digirii lammaffaa Afaaniifi Ogbarruu Oromoo ittiin guuttachuuf, Yunivarsiitii Jimmaatti "Xiinxala Itti Fayyadama Afaanii Asoosama Gurraacha Abbayaa Keessatti" jedhu irratti xiyyeeffatee hojjeteera. Wal-fakkeenysisaa itti fayyadama afaanii ogbarruu ilaaluu yoo ta'u, garaagarummaan isaa ammoo, akkaataa qindoomina barreeffamaa ilaaluufi akkaataa ijaarsa seenaa ilaaluu irratti.

Dinqisaa (2019), Yunvarsiitii Ambootti Digirii Lammaffaa Afaaniifi Ogbarruu Oromoon Guuttachuuf "Xiinxala Akkaatummaa Geerarsa Ajjeesaa" jedhu keessatti waa'ee akkaatummaa sadarkaa himaafi hiikaa kan jedhuun ilaalee ture. Inni kunis geerarsarratti kan adeemsifameedha malee asoogarratti miti.

2.8. Yaaxxina Qorannichaa

2.8.1. Yaaxxina Bifeessummaa

Bifeessummaan yaaxxina hojii ogbarruu tokkoo qeequu, xiinxaluufi madaaluu keessatti hojiirra kan ooluudha. Innis akkataa hiikni barreeffamaa caasaasatiin itti argamu, suuraa yaadaafi afaan ogbarruun sun ittiin dhiyaatu: walqabatiinsa(pattern), dubbiilee qolaafi unkasaarratti kan xiinxala geggeessuudha (Halim, 2025). Yaaxxinni kun caacculee barreeffamaa hojii ogbarruu kanneen akka caasaa, fayyadama afaanii, tooftaalee ogbarruu warra jedhaman irratti kan xiyyeeffatuudha. Walumaagalatti caasaalee barreeffamaafi akkaataa barreeffamaa hojii ogbarruu tokkoo kan xiinxaluudha. Suharjanto (2024, ff. 42-43)

yaada kana, *“Formalism approach is a literary theory focused in the intrinsic elements of a literary text, such as its structure, language, and literary devices. In short it analysis the structure of the text and style. The key concept is: symbolism, imagery, methaphor, Irony, structure, and genre.”* jechuun ibsa.

Gama biraatiin yaaxxinoota ogbarruu keessaa bifeessummaan, dhiyaannaa gadi fageenyaan, barreeffama hojii ogbarruu qeequuf, xiinxaluuf, hiikuufi madaaluuf gargaaru ta’ee, caaslugaafi hiika qofa osoo hintaane afaan inni ittiin barreeffame kan ilaaluudha. Akkasumas keessoo barreeffama hojii ogbarruu tokkoo kan xiinxalu ta’ee, maaltu jedhameerra akkamitti jedhameefi akkamitti barreeffane isa jedhu kan xiinxaluudha (Paul, 2020). Kanaafuu qorataan qorannoo kana keessatti yaaxxina kanaan akkaataa barreessaan qindoomina unkaalee xinqooqaa, itti fayyadama afaaniifi tooftaa seenaan ittiin dhiyaate, kan kitaaba “Baataa” keessa jiru xiinxalee dhiyeesseera.

BOQONNAA SADI: MALLEEN QORANNICHAA

Boqonnaa kana jalatti mala qorannoon kun ittiin geggeeffametu dhiyaata. Haaluma kanaan saxaxni qorannichaa, madda ragaalee, mala iddatteessuu, meeshaalee funaansa ragaaleefi mala xiinxala ragaalee qorannoo kana geggeessuuf qorataan itti gargaarametu duraa duuban ibsamani jiru.

3.1. Saxaxa Qorannichaa

Qorannoon kun kan geggeeffame mataduree “Xiinxala Akkaataa Asoosama Gabaabaa Kitaaba Baataa Keessatti Yaaxxina Bifeessummaatiin” waan ta’eef, qorataan saxaxaalee qorannoo akkamtaa keessaa saxaxa qorannoo ibsaatti dhimma bahee qorannoosaa geggeesseera. Kanaafuu, qorataan kitaaba Kuusaa Asoosama gabaabaa, “Baataa” kana keessatti akkaataa unkaaleen xinqooqaa itti dhiyaatan, akkaataa fayyadama afaanii, seenaan akkamitti akka ijaarame xiinxaleera.

3.2. Madda Ragaalee

Qorataan madda ragaa tokkoffaarraa odeeffannoo walitti qabateera. Kunis ammoo kitaabni Asoosama Gabaabaa “Baataa” kun maxxanfamee waan jiruuf sadarkaa duraarratti kan odeeffannoon walitti qabame ragaa dookumentiidhaan taa’erraa waan ta’eef, kallattumaan kitaaba kana akka madda ragaa tokkoffaatti gargaameera.

3.3. Mala Iddattoofi Iddatteessuu

Qorannoon kun Xiinxala Akkaataa Asoosama Gabaabaa Baataa keessatti akkaataa unkaalee xinqooqaa kutaa hunda , itti fayyadama afaanii kutaa hunda, tooftaa ijaaarsa seenaa kutaa 1-8 qofarratti xiyyeeffatee hojjete; sababni isaas tooftaaleen wal makani waan dhiyaataniif. Kitaaba Asoogaa kana mala iddatteessuu miti-carraa keessaa mala iddatteessuu akkayyoo yookaan kaayyeffataa (Purposive sampling)tti dhimma ba’uun filatee xiinxalee dhiyeesseera.

3.4. Meeshaa Funaansa Ragaalee

Meeshaaleen funaansa ragaa qorannoo tokko adeemsisuuf akkasumas qorannoo sana galmaan ga’uufi amansiisaa gochuuf gahee guddaa qaba. Haaluma kanaan meeshaaleen funaansa ragaa adda addaa jiran keessaa kan qorannoo kana keessatti qorataan itti gargaame xiinxala dookumentiiti.

3.4.1. Xiinxala Dokumentii

Meeshaaleen funaansa ragaa qorataan itti fayyadame xiinxala dookumentiiti. Sababni isaa meeshaalee funaansa ragaa kanatti gargaaramuun qorataan kuusaa asoosama gabaabaa kitaaba “Baataa” xiinxaluun odeeffannoosaa kan walitti qabateedha. Odeeffannoon xiinxalames akkaataa unkaalee xinqooqaa barreessaan asoosamoota gaggabaaboo kitaabicha keessa jiran itti qindeesse, itti fayyadama afaanii, tooftaa seenaan ittiin dhiyaatetu xiinxalame.

3.5. Mala Xiinxala Ragaalee


Qorannoon kun akaakuu qorannoo akkamtaa keessaa qorannoo ibsaati. Kanaafuu, qorataan mala ibsaatti dhimma ba’uun ragaalee qorannoo kana keessatti argate mara jechaan ibseera. Haaluma kanaan, Akkaataa unkaalee xinqooqaa Asoosama gabaabaa Baataa: Hidhaa Asoogawwanii akkasumas itti fayyadama afaanii akkamitti akka hojiirra oole, seenaan akkamitti akka qindaa’e tokko tokkoon xiinxalee ragaa walitti qabate jechaan xiinxalee dhiyeesseera.

BOQONNAA AFUR: QAACCESSA RAGAALEE

Boqonnaa kana keessatti, ragaa xiinxala dookumentiin sassaabametu hariiroo gaaffilee bu'uuraa qorannichaatiin walqabatuun duraa duubaan akkaataa itti aanutti xiinxalamee dhiyaatee jira.

4.1. Ibsa Waa'ee Kitaaba Baataa: Hidhaa Asoogawwanii

Kitaabni “Baataa: Hidhaa Asoogawwanii” jedhu, kuusaa kitaaba asoosamoota gaggabaaboo yeroo ammaa maxxanfamanii jiran keessaa isa tokko. Kitaabni kun Lachiisaa Fayyeeraa (PhD) jedhamuun kan barreeffamee, bara 2025tti kan maxxansiifameedha. Barreessichi Yuunvarsitii Bulee Horaatti qorataafi barsiisaa Ogbarruufi Fookiloorii Oromooti. Kitaabichi waa'ee Oromoorratti kan xiyyeeffatu ta'ee, asoosamoota gaggabaaboo kudha sadii(13) ofkeessaa kan qabuudha. Seenaan asoosamoota kanaa gabaabinaan akka itti aanutti dhiyaataniiru.



Kutaa 1: Baataa

Maatiin isaa farda yaabbiif ta'u qabu turan. Boodarra fardichi hatamee gara farda Baataatti jijjiirame. Fardichi hatamee boodarra farda yaabbii ta'uun hafee, farda baataa abbaan arge itti fe'atu ta'e. Fardi hatame kun yeroo dheeraa booda galus amala hintaane horatee fardeen biroo waliin gale. Warri hattuurraraa bitatanii itti fayyadamaa turanis farda sana galuusaa yeroo baran himata bananii duubarra jaarsummaan bahee, fardi abbaa fardaaf deebi'e. Gaafa tokko osoo horii tiksanii farda sana gulufsiisuuf yeroo yaabu fardichi lafatti kuffisee biraa deeme. Kanaan walqabatees dhukkubni waan itti cimeef akka kadhannaa taasisuuf Maammiruu

waamaniifii kudhaama kenneef. Fardichi akkas akka ta’u kan godhe gareen tokko hattuu yoo komatu, gareen biraa ammoo abbaa fardichaa komate.

Kanumaan osoo jiruu Finfinnee seenanii kutaa magaalaa Buraayyuu siree qabatanii yeroo jedhan halkan yaadaan farda yaabee oliif gadi gulufa. Uummanni Oromoo kumaa kitilaan yaa’ee bakka sana jira. Jaarsi tokko kudhaamasaa irraa kutee qoricha budaa kenneef. Maanguddichis qoricha daamaa sanaaf ta’u baala barbaachisu akka kutu ajaje. Innis finfinnee keessa naanna’uu dhiisee, daamaa sanaan golewwan Oromiyaa mararra naanna’ee baala barbaachisu ciree Finfinneetti deebi’e. Kanaanis madaan isaa fayyuu eegale. Fardichi akka duraa miti saggaruu jalqabe. Yoo tokkummaan jiraate, yoo abbaan waan isaa eeggate ormi tuquu akka hindandeenye, kan badeyyuu akka galfatu ibse.

Kutaa 2: Utubaa

Obbo Jaarsoon abbaa Tolasaati. Obbo Tolasaan ammoo dubartoota lama qabu. Isaanirraas ijoollee hedduu godhatan. Obbo Tolasaan abbaan Maaddii adda waraanaa deemuun dubartii lammaffaa aadde Tsadaalee jedhamtu fudhatanii galan. Gaaf tokko mana isaanii jiguuf jedhu haareessuuf ijoollee isaanii walitti qabanii haasofsiisu. Ijoolleen dubartoota lamaanii haala ijaarsa manichaarratti yaada faallaa dhiyeessan. Ijoolleen aadde Ganamee, manicha diignee haaraa kaasnee ijaarra yoo jedhan, kan aadde Tsadaalee ammoo achumatti jajjabeessinaa mormii dhiyeessan. Isaan booda ijoolleen aadde Tsadaalee, shira adda addaa xaxuun ijoollee aaddee ganamee kaan hiisisanii, kaan ajjeesanii dhabamsiisuuf duula addaa taasisaniiru.

Boodarra shira sanarraa hafanii, warri hidhamanis hiikamanii gara qe’ee abbaatti mana dulloome ijaaruuf qajeelan. Amma utubaa manaaf ta’u barbaaduun jalqabame. Utubaa utuu hindhaabin utubicha beekuu, ayyaantuu gaafachuu, gumaan bahee araaramuu, aadaan naafate deebi’ee ijaaramuudhaan akka ta’e ibse. Kunis siyaasa biyya kanaa keessatti rakkowwan walxaxoon jiran karaa kamiin akka maqfamuu qabu agarsiisa.

Kutaa 3: Oduu

Gaaddisaan mucaa baadiyyaati. Amma kan inni jiraachaa jiru garuu magaalaa Sulultaa obboleettii isaa bira. Callisee taa’ee televiiziyinii ilaalu malee hojii biraa hinqabu. Gaaf tokko soddaan isaa Guutaan hojiitii galee laaqana nyaataanii bunni osoo danfuu oduun miidiyaadhaan qote bulaan adda dureen lafa hektaara tokkorraa qamadii kuntaala dhibba tokko argate jedhu dhiyaate. Guutaan ijaafi gurrasaa irraa garagalfate. Gaaddisaan maaliif oduu misoomaa jibbuu ofgaafata. Guutaan ammoo osoo biyyi akkanatti misoomti ta’ee biyyi maaf beela’aa gaafata. Gaazexeessitoonnis soba isaan afarsan qeeqa. Nuti miidiyaa dhimma

siyaasaa, aadaa, seenaa, duudhaa amantiifi eenyummaa keenya ganamaa dhiyeessu barbaanna jedhee yaadasaa cimse. Kanaaf ammoo haalli naamusaa miidiyaa biyya kanaa jijjiiramuu qaba jedhe.

Kanaan walqabsiisee Guutaan dhimma uummata Oromoo, seenaasaa, duudhaasaa, safuusaa gatu kaase. Haalli uffannaa baduu dhiyeesseef. Osoo kanaan jiranii oduu dharaa, mucaan Sinqinas, Fitsum mana Guutaatti waraaname kan jedhu odeeffame. Torbee isaatti ammoo dookumentariin sobaa warshaa Aannaniifi mana barumsaa obbo Guutaan hawaasasaaf dhaabe irratti qophaa'ee afarfamuu eegale. Maatii guutaa bishaan afaan guute. Namoonni waldaa sana keessaa qaban oduu dharaa gogsuu akka qaban dubbatan. Akkaataa barreessaan seenicha itti qindeesse dhimma Oromoofi Oromiyaa waan ilaaluuf ergaa siyaasaa biyyattii qaba.

Kutaa 4: Hima Didduu

Tsaggaahee Barihee abbaan Kaateelloo sooreessa beekamaa ture. Innis haadha Kaateelloo osoo isheen isa biraa hojjettuu ulfeessee maqaa Gohtom jedhu moggaaseef. Haatisaa fudhattee hoteelatti galtee hojjettee of jiraachisti. Achitti obbo Galgaloon argee fudhatee galee maqaa Kaateelloo jedhu moggaaseef. Obbo Galgaloon mucaa durbaa tokko qofa qabu. Ergasii kaasanii ijoollee lama taasifatanii guddisan. Turtii ji'a lamaa booda obbo Galgaloon du'e. Isaa booda qabeenyaa jiru dhaalee intala obboleettii isaaf taatu Galmoo niitii godhate. Akka aadaa Gujiitti kun aadmale waan ta'eef jaarsoliin itti himnaan dide. Uummati of keessaa baase.

Jireenyi mijataa waan tureef quufee akka maraatu ta'uun itti fufe. Dubartoota garagaraa fuudhee ijoollee godhachuuf yaalus dide. Aanolee shiraan irraa adda baasee Roodduu jalaa fuudhe. Dubartoota sanas halkaniif guyyaa reebuu itti fufe. Iccitichi Fedhasaafi Biqilaaf galuu didee lafaafi nama akkasitti saamamuun maaliif akka ta'e of gaafachuun makmaaksa “Dinnichi harkaan dhaaban hordaa cabsa” jedhuun deebise. Osoo hinturin maraataan tokko ulaa banee olseenee, qe'ee kiyya jedhee iyyaa obbo Kaateelloo lafaan dhahe. Roodduunis yoo gadi baatu, Kaateelloon diriiree jira. Isheenis Aanolee yaadatte. Ollaan hundi iyyaan qe'ee booreessanii, hima didduun du'a hindiddu jechuun mammaakan. Qabeenyiifi qe'een abbaatti hafte.

Kutaa 5: Dhaaltuu

Ballaxaan ykn Abbaan Battal nama saamicha lafaarratti bobba'eedha. Innis maqaa kana kan argate battalumatti akka nama akaakileefi abaabilee asii qabuu battala nu saame jedhee

hawaasi moggaaseef. Kafanaan obboleessa Sabboonaa, Yaadashiifi Beektuuti. Manatti hafee qe'ee akka to'atuuf barnoota addaan dhaabsisan. Yaadashiin barsiistuu; Beektuun ogeettii fayyaati. Ashabbir abbaa manaa Yaadashiiti. Ashabbiriif Ballaxaan lafa jaraa osoma gojomaa'anii soddummaan milkaa'eef. Yaareed ammoo Beektuu fuudhe.

Ashabbiriifi Yaareed lafaaf ija babaasu. Ashabbir qe'ee sana waan beekuuf lafa handhuura taateefi karaarraa argachuu akka qabu murteesse. Lafichas fudhatee guyyuma tokkotti inveestimentii irratti hojjechuuf yaade. Boodarra maallaqa karaa dalgaan guurrateef osoo dhaala hirmaatanii qaama nageenyaan to'atamee hidhaan umurii guutuu itti murtaa'e. Yaared ammoo sababa dhala godhachuu hindandeenyeen Beektuu wajjin adda bahan. Sabboonaanis murtii dhumaa lafa jarri ija itti babaasan Kafanaadhaaf hojii irratti uumuun lafti kan abbaa qe'ee ta'e.

Kutaa 6: Nama Keenya

Hundasaan barsiisaa Yunvarsitii Haromaayaati. Nama dandeettiifi ejjennoo cimaa ta'e qabuudha. Biiftuunis Yunvarsitichatti barattuu yoo taatu, qabxiin ishee baay'ee waan jalaa gadi bu'eef, akka fooyyessuufiif qophaatti isa haasofsiisuuf biiroo isaa yoo deemtu dide. Osoo nama keessan ta'ee yoona jijjiirtaniifii jirtu jechuun lolte. Keenya keenyaan bakka heddummatetti jiraachuun ulfaataadha jechuun Hundasaan yaadasaa kenne. Hiriyoota isaa waliin miira bakka dhalootaarraas osoo dudubbatanii ilaalcha paartiilee siyaasaa biyya kanaa keessa seenan. Hundumtuu akka isaaf ta'utti dhaaba mataasaa ijaarratee bu'aa mataasaaf akka fiigu irratti haasa'u. Kaan ilaalcha paartii biraan akka bocamaniifi qeeqa qaban, kaan ammoo dhugaaf warra qabsaa'an ta'uu himu. Kara karaa xiinxala geggeessu. Hundumatu siyaasa xiinxala.

Guyyaa tokko haadha warraafi hiriyaasaa waliin Hoteela Keenyaatti bashannanuuf deemanii taateen addaa isaan mudate. Namtichi tokko Jiituu qimmiiddaa itti hodhe. Isheenis akka waan sooranni ishee hudheetti iyyite. Boodarra tokko bakka isaan taa'anitti biiraa buqqifatee dhuguu jalqabe. Teessoo kana mitii biyya kana lakkista ittiin jedhe. Boodarra itti heddummatanii tuman. Hundasaan seeraan himachuuf yaalus eenyuun eenyuutti himadha jedhee itti dhiise. Hundasaan bakka kanaaf guyyaa kana kakate. Beekaa balfuun beekumsa dheechohuu fida. Nama keenya osoo jennuu, faayidaa ofiif hojjechuun safuudha. Namni keenya hunda keenya ta'uu qaba.

Kutaa 7: Dinkii

Obbo Horaan ijoollee sagal qaba. Maatii isaanii keessaa kan qaama hir'uu ta'ee osoo hinhojjetin nyaatuufi maatii sana wal-lolchiisaa oolu gurbaa Hinseenee jedhamutu ture. Hinseeneen mucaa duguuggaa garaa aadde Toltuu ta'ee, erga isheen waggaa shantama dabartee garaatti ishee hafe. Akkas ta'uu mucichaaf obbo Horaan waa beekaa bira deemuun gaafachiisanii, waa'ee sanyii namaa, waa'ee sanyii horiifi biqilaa qe'ee isaaniitii guddachuu dide irratti akkamiin furmaanni akka argamu raagsifatan. Walfalmiin ijoollee isaanii gidduutti baay'ee hammaachaa dhufe. Abboomsaan humna isaa fayyadamee Hinseenee Dinkii kana ajjeesuuf yoo yaalu, Hinseeneen ammoo iddoo humna isaatii haxxummaafi shiraan waraanuf gama.

Hinseeneen boolla mana keessa qote Abboomsaa itti awwaaluuf qopheesse keessa miilli abbaa seenee gudeedatti cabe. Qe'een iyyaan guutamee, Abboomsaan dhufee Hinseenee harkaafi miillatti cabsee naafesse. Osoo kanaan jiranii balaqqeen hamaan bu'ee sanyii midhaanii awwaaroo ta'u sana dhabamsiise. Hinseeneenis utubaa jala waan jiruuf achumaan bakakkaan irra bu'ee ajjeese. Loon mooraa keessa turanittis bu'ee fixe. Abboomsaan ammoo osoo machaa'ee bakkee jiruu lolaan haree deeme. Obbo Horaan warra qaalluu bira deemee galata galchee, kallattii fuulduraas mala dhahachuuf, arraabaan lammata hindhalatin; yoo dhalates hinguddatin jedhe. Sanyiin maseenni, sanyiin haraamuun, sanyiin awwaaronis akkasuma. Ilmaan gudeedaa walitti qabatee kan hawwaa tures argate.

Kutaa 8: Albuuda

Gifaabbaachoon akka maqaasaatii of se'ee albuuda harkaa fudhachuuf wal'aansoo qaba. Akkuma akaakayyuunsaa gochaa turan san gochuuf abbala. Gocha Gifaabbaachootti aruurraan kan ka'es yaadanoo isaan 'Ristii' jedhanii ittiin saamaa turan sana kaase. Gifaabbaachoon utaalee albuudicha irraa butuuf mormatti marme. Akkuma wal hudhanitti, haasaa biraa keessa seenan; erga akaakuun kee dhufee beelli nuseene jedhe. Inni immoo deebisee erga nuti dhufnee waan baay'ee bartan; qottanii galchuu; tolchitanii nyaachuu yoo jedhu, seenaadhaan deggereen eenyu akka barsiise himeef. Kanaan booda wal'aansoo walqabuu itti fufan.

Gifaabbachoon harkasaa cabse. Innis hamileensaa laamsha'e.. Yaadnisaa tokkommoo irree dhiisii jilbi osoo si cabeeyyuu nifayya ittiin jedha. Hamileefi humni dhufefii Gifaabbaachoo sardee afaafa boollarraan gahe. Cinaachasaa mirgaan baha; cinaachasaa bitaan dhiha; millisaa kibbaan; fuullisaa kaaba ilaalu. Kaabaan wantoota nama miidhan, duubasaan ammoo

gaaddisa mukkeenii dhaabaman arge. Lafa albuudaa, lafa magariisa. Injifannoo argachuun isaas itti dahagaa'ame. Gifaabbachoon ammayyuu abdii hinkutanne. Tooftadhaan jala lixee cuubeedhaan cinaachasaa baq... baq... yoo godhu iyye. Iyyi guddaan dhagaa'amuusaarraan kan ka'e uummatni yaa'ee fuudhanii ogeessatti geessan. Albuudasaa akka eenyuuyyuu harkaa butuu hindandeenyetti qabateera. Kana qabaatanii akkamitti sodaatu jechuun dhaadatee, qeerroo isa gargaaree albuudasaa eegsisese galatoomfate.

Kutaa 9: Maanguddicha

Abbaan Argasaa nama kabajamaafi seera Waaqaa beeku, Waaqeffataadha. Nama maatiisaa sirnaan bulchuufi hojjetatee jiraatuudha. Abbaan isaa, Argasaan ilma bahaa akka ta'u hawwa. Akkuma abbaan isaa Argasaan ilma bahaa akka ta'u fedhu, innis fedha ture. Ilmi bahaa kan lammiirraa roorroo qolatuudha. Abbaan isaafi Argasaan garuu walii hingalan. Mana isaaniitti ijoolleen maanguddoo miilla dhiquun beekamaadha. Inni garuu dirqama itti taanaan dhiqa malee fedhasaan miti.

Guyyaa ayyaana Masqalaarra namni muka gubaa murata. Guyyaa kana eebba ebbisuuf maanguddoo Abbaa Magaal jedhamutu waamame. Booqaan birraa irra caalaa kan labsamu gubaa Masqalaa kanaani. Jaarsi mataa harrii sun birraan baranaa gaarii akka ta'e hime. Guyyaa sana Argasaan osoo araquee dhuguu aduun itti dhihe. Hundinuu gubaa masqalaa xumuree erga manatti deebi'ee, machaa'aansaa ibsaa qabsiifachuuf yoo jedhu abidda manatti suuqee manni gubate. Osoo meeshaa manaa gubatu baasuuf yaaluu qaamnisaa gubate. Kun ammoo ganamoo diduurraa madda. Maanguddoo dhagahuun gaarii akkuma ta'e dhaga'uu diduun balaa qaqqabsiise.

Kutaa 10: Kabaa

Tolasaan carraa barnootaa dhaabbilee olaano argatee, Yunvarsii Haromaayaatti barachuuf qajeele. Achitti simannaa barattootaaf taasifamu ilaalchisees qophii barattoonni taasisan irratti hirmaate. Sabni kamiyyuu akka akka aadaasaatti dhiichisa. Garuu dhugaarratti osoo hintaane waggaatti guyyaa tokko dirqama akka ta'etti ilaalameeti. Innis amantaa Ortodooksii hordofa. Guyyaa tokko sagantaan mana amantichaa Afaan Oromoon osoo geggeeffamuu daaquniin tokko argee dhorkaa kaa'e. Daaqunichaafi isa gidduuttis walitti bu'iinsi uumame. Ergasii kaasee Tolasaan afaan Oromoofi Bataskaana walitti fiduun qaba jedhee hojjechuu eegale. Hiriyyoonni isaa Lalisaan amantii pirootestaantii, Jamaal amantii musiliimaa waan hordofaniif hunduu kan ofiisaa leellisu turan.

Tolasaan amantiin dhuunfaadha; garuu afaan ofiin geggeeffamuu qaba; aadaa ofiirrattis dhiibbaa fiduu hinqabu jedhee ejjennoo qabu ibseef. Osoo kanaan taa'anii haasa'anii mormiin barattoota cimaan ka'e. Tokkummaa Oromoo kan cimsus ture. Yeroo kana Tolasaan mormii barattoota sanaatti makame. Daaqun Daani'eelii wajjin bataskaanatti waldura dhaabbannaan waan tureef sana haaloo qabatee qaama nageenyaa barattoota bittimsuu ba'aniif kallattii kennee akka inni rukutamee du'u ta'e. Reefi isaas gara biyya abbaa isaatti fe'ame. Abbaan isaa obbo Malkaa Ganamoo waggaa sadan haadha warraasaa ganamaa dhabetti ilmasaa jalaa du'uun aaree of ajjeese. Bakka awwaalchaaf mana amantaa adda addaa gaafatanis, bakka awwaalchaa dhorkamuun boodarra gorsa maanguddoo tokkootiinis qe'ee isaarratti akka awwaalamu taasifame.

Kutaa 11: Gonfoo Jalqaba Badde

Obbo Fayyisaan maatii adda faca'e waggaa kudha jaha booda walitti sassaabatan. Ijoolleen isaas akkatti qe'ee isaanii misoomsan irratti mari'achuu eegalan. Ijoolleen isaas Guutamaa, Dhugaasaa, Damee, Kafaneedha. Guutamaan garuu namaaf garba ta'uu malee marii kanarratti hinargamne. Inni mana obbo Galaawuutti galaa ta'ee hojjeta. Abbaanis qabeenyi ormaa akka kan ofii hinta'uu gorsa. Inni garuu didee ala ilaala. Inumaayyuu qabeenyaa naaf hira gaafate. Qabeenya kanarraa walakkaa naaf qoodaa, warra kaaniif walakkaa kennaa jedhee yaada dhiyeesse. Kanarratti mormiin kaanaan bakka itti gale sana deemuuf ejjennoo qabate. Haatisaa ammoo hindeemin siif kennamaa yaadaan deggerti. Boodarra mormiin itti jabaannan manaa deemuuf murteesse. Bariinaan ka'ee kute. Guutamaan intala Bilisee jedhamtu kan ollaa sana jirtu jaalatee maraata. Gaafa deebi'u intalli nama biraatiin jalaa butamtee eegde. Erga achi gahees obbo Galaawuun abbaa koo dhukkubaa nan gala qabeenyan itti dadhabee horadhe naaf kenni jennaan waan muraasa kenneefii dhowwate. Guutamaan waalama dhabduu ta'e. Qe'ee abbaas qe'ee ambaas dhabe.

Kutaa 12: Qarritii

Taliileen jaalallee yeroo dheeraaf waliin turan Boruu kan jedhamu qabdi. Boruun barnootaaf gara Yuunivarsiitii jimmaa deemee jira. Abbaan ishee obbo Firaasan nama biraa jaarsummaa ergatetti heerumsiisuu barbadu. Obbo Fullaa'aanis akka aadaatti nama jaarsa ergatetti akka heerumsiisuu qaban gorsu. Taliileen garuu fedhiin ishee Boruurra jira. Kanaanis obbo Firaasaafi obbo Fullaa'aan bara ijoollee jedhanii yaada maatii fudhachuu diduu isheef bara komatu. Yuunivarsiitii jimmaatti Boruun barattoota haraa biyyaa dhufan Galaaniin simachaa jira. Oduu gara biyyaas waa'ee Taliilee isa gaafata. Innis akka warri ishee nama biraatti

heerumsisuuf jiran itti hime. Isheen garuu diddee turte. Maatiin ejjennoosaanii jijjiiruu didnaan qoricha akka dhugdeefi of wallaaltee Hospitaala Amboo akka seente itti hime.

Boruun dhukkubsattee mana yaalaa galuu ishee yeroo dhaga'e halkan tokko waggaa tokko itti ta'e. Innis bariidhaan ka'ee ishee dubbisuuf gara Hospitaala Ambootti yoo imalu balaan konkolaataa isaan mudate. Garuu balaa sanarraa oolee konkolaataa biraadhaan deemee ishee arge. Abbaan ishees yeroo qoricha bitanii deebi'an inni ishee cina taa'a. Biiftuunis nama biraaf maallaqa fudhattee daldalaa waan turteef bitaa itti gale. Abbaan Taliilees yeroo isa argan aaranii safuun baduu isaatti bara ijoollee jedhanii komatan. Taliileenis erga Boruu argitee fayyitee harka wal qabatanii manatti galan.

Kutaa 13: Abjuu

Obbo Diimaa Waaqoo bulchaa gandaati. Ummati akka isaan yaa'anii biqiltuu dhaabaniif labsii baase. Labsii kanaanis namni hundi meeshaa ittiin biqiltuu dhaabaniifi biqiltuu dhaabamu qabatanii akka yaa'an ajajaman. Erga yaa'anii boodas mariin itti fufe. Kaan biqiltuu haaraa dhaabna yoo jedhu, kan ammoo isuma jiru kununsinaa falma. Boodarra gareetti qoodaman. Maatiin obbo Ganamoofi Waarisoo gam tokko, kan obbo Taarikuufi Tsaggaayee gam tokko goran.

Obbo Ganamoofi Obbo Waarisoona biqilootaa haaraa boroo keenyatti biqilchine kan lafa keenyaaf ta'u dhaabna jedhan. Obbo Taarikuufi Tsaggaayeen immoo kan durii kununsina jedhan. Bulchaan gandichaa rakkatee yaada tokkummaa, walhammannaa jedhu dhiyeessus, fudhatama dhabe. Maatiin jalqabaa walgurmeessanii biqiltuu qe'ee isaaniif ta'u dhaabuuf murteessanii akkuma jedhan godhan. Maatiin lammaffoo wal-loluun miidhaa walirraan gahan. Akkuma jedhes godhe. Bulchaan gandaa abbaan isaa Abbaa Gadaa ture. Dur gaafa abbaan isaa bulchu uummati nagaan, jaalalaan, tokkummaan bula ture. Bulchaan sun garuu faallaa hojjete, dhugaa dhiisee soba faarse, jiraa dhiisee du'aa farse, uummanni osoo kolfuu boo'e, bara isaa keessa lafti magariisa fakkaata garuu hongee ta'e, abjuun quufee abjuun misoome.

4.2. Akkaataa Qindoomina Unka Xinqooqaa Asoogawwan Kun Ittiin Dhiyaatan

Ogbarruun tokko unkaalee xinqooqaa garagaraatiin dhiyaachuu danda'a. Barreessaan tokko adeemsa barreessuu keessatti kan itti gargaaramu sadarkaa barreesuu addaaddaatu jiru. Akkaataan barreeffama tokkoof miidhaginaafi humna kenna. Kanaafuu, akkaataan sadarkaa adda addaatti mul'achuu danda'a. Unki xinqooqaa kunneenis, sadarkaa xinsagaa, sadarkaa

xinjechaa, sadarkaa xinhimaa, sadarkaa giraafoloojiitti ta'uu malu. Isaanis akka itti aanutti dhiyaatanii jiru.

4.2.1. Akkaataa Sadarkaa Xinsagaa

Akkaataan sadarkaa xinsagaa sagaleewwan dubbii afaan tokkoo warra jedhaman bu'uureffata. Isaanis sagalee dubbifamaafi dubbachiistuudha. Qindoominni sagaleewwan kanaa ogbarruu keessatti miira walaloo qabatanii dhiyaachuun miidhagummaa hojichaa dabaluu. Isaanis irra deddeebi'amuun dhiyaachuu danda'u. Ogbarruu keessattis irra deddeebii sagalee jedhamu.

4.2.1.1. Irra Deddeebii Dubbifamaa(Consonance)

Irra deddeebiin dubbifamaa ogbarruu keessatti miira walalummaa dabalatee kan dhiyaatuudha. Innis akka meeshaatti kan barreessaan barruusaatiif caasaa gaarii ta'eefi humna qabu akka bocuu dandeessisu taasisee dhiyeessuuf gargaara. Kunis bo'oo walaloo yookaan hololoo tokko keessatti sagaleen dubbifamaa tokko irra deddeebi'ee mul'achuu danda'a. Barreeffama tokko keessatti sagaleen dubbifamaa walfakkaatu jalqaba, gidduu yookaan dhuma jechaarratti argamuun haala walitti aanuun mul'achuudha. Haalli kun akka tooftaa tokkootti ilaalama jechuudha.

Kitaaba asoosamaa kana keessattis sagaloonni haala kanaan irra deddeebi'aman sakatta'amuun akkaataa armaan gadiitiin xiinxalamaniiru.

Fkn 1

Harmeen “Niqorre” jetteetu itti dhiifte. Akkuma na hoollachiisetti Jimaatni

dabaree isaa dabarse, Sanbatni natti bari'e. (Lachiisaa 2025 , Kutaa 1, f.1)

Yaada armaan olitti dhiyaate keessatti sagalee dubbifamaan 'd' jecha dabaree jedhuufi dabarse jedhu keessatti akkaataa barreessaan itti qindeesse hawwattummaa miira walalummaa gonfachiisee kan dhiyaateedha. Innis wanti darbu tokko duraa duubummaa qabaachuusaa agarsiisuuf jechoota kanneen lamaan (dabaree; dabarse) jedhan filate. Jechoonni kunis miidhagina qabaatanii haala miira namaatti dhaga'amuun deddeebi'anii dhiyaataniiru. Kana keessattis haala itti guyyoonni waljijjiiran ilaalchisee Jimaatni dhufee yoo darbu Sanbatni akka itti aanee jiru mul'isa. Kanaan wanti tokko tartiibaan bakka akka waliif gadhiisu agarsiisa

Fkn. 2

*Boo'a waggaa dhibba tokkoof shantamaa daqiiqaa shaniif boo'e. Boo'a
Akaakileefi Abaabilee isaa yaadatee boo'e. (Lachiisaa 2025, kutaa 2, f.1)*

Waraabbii kana keessatti sagalee dubbifamaa **'b'** n yeroo afuriif **"f"** n yeroo lama irra deddeebiin dhiyaatee jira. Akkaataan barreessaan itti dhiyeesses jalqaba himaafi dhuma himaa irratti yookaan baniinsaafi cufiinsa irratti(boo'a; boo'e, tokkoof, shaniif) kan jedhu gargaarame. Haala kana keessatti himoota yaadaan walgitan kan "waggaa dhibba tokkoof shantamaafi akaakileefi abaabilee" jedhu waliin qindeessee, uummata Oromoorratti seenaa baroota hanga kanaa keessatti irratti raawwataman boo'icha gaabbiin ibsuuf deddeebisee dhiyeesse. Sababni isaa himni jalqabarra jiruufi lammaffaarra jiru bifa adda addaa qabaatanis ergaa tokkicha dabarsu waan ta'eef. Kun kan agarsiisu akaakileefi abaabileen isaa boo'aa kan turan sun carrichi har'allee isa qaqqabee innis akka boo'e agarsiisa.

Fkn. 3

*Waktiin isaa ganna gurraacha, yeroo alaa biqilee manaa biliqe. Jalli bishaan
taliila; gubbaan lolaa ciisaadha. Yeroo kanatti Jaataniin namatti bitaacha'a.
(Lachiisaa 2025, kutaa 2, f.21)*

Baanuu kana keessatti sagaleen dubbifamaan **'b, q, l** n yeroo lama lama irra deddeebi'amuun jechoota (biqile;biliqe) jedhan keessatti dhiyaataniiru. Akkaataa barreessaan sagalee kana itti deddeebisee dhiyeesses waqtii gannaa keessa waan faca'e biqiluusaafi mana keessaa ammoo yeroo wanti afaanitti deeffatan dhibuun namni muddamu ta'uusaa ibsuuf biqila midhaanii abdii namatti horu; dhuma midhaanii waan butan nama wallalchisu waliin dhiyeessuu keessatti miira namaatti akka tolutti qindeessee dhiyeesse. Yeroo kana mana ijaarsaaf haalli mijataanis hin jiru; sababni isaa gannaaf malee ganna mana hinijaaran, akkasumas waqtii kana daboofis wanti kennan rakkisaa ta'uusaa agarsiisa jechuudha.

4.2.1.2. Irra Deddeebii Dubbachiistuu(Assonance)

Irra deddeebiin dubbachiistuu barreeffama ogbarruu tokko keessatti kan mul'ataniif bu'aa muuziqummaa keessoo barreeffama sanaatti uumuuf gargaara. Isaanis jalqaba, gidduufi dhuma jechootaa irratti dhufuu danda'u. Barreessitoonni tooftaa kanatti fayyadamuudhaan miidhagina barreeffamaa dabaluudhaan ergaa isaanii dabarfatu. Haaluma kanaan asoosama kana keessatti bakki sagalee dubbachiistuun irra deddeebiin itti mul'atee jiru akka armaan gadiitti xiinxalameera.

Fkn. 1

Maal goonaree!? Silaa fardi birmaduu! Birmaduun birmaduu hinnyaatu. Farda qalannee hinnyaannu. Namni nama hinnyaatu; birmadus birmaduu hinnyaatu. (Lachiisaa 2025, kutaa 1, f.2)

Waraabbii kana keessatti dubbachiistonni irra deddeebi'amanii dhiyaatan 'a, aa, i, u, uu' yoo ta'an jechoota (birmaduufi hinnyaatu) jedhan keessatti 'a'n yeroo shan, 'aa'n yeroo sadii, 'i'n yeroo sagal, 'u'n yeroo shan, 'uu'n yeroo afur irra deddeebiin dhiyaataniiru. Deddeebiin isaanii kunis nuffisiisoo osoo hintaane inumaayyuu miidhagummaa barreeffamichaa akka dabalannitti barreessaan farda, namaafi birmadummaa walbira fiduun ergaa isaa ittiin dabarfachuuf ammoo dubbachiistuwwan kanneeniin miidhsgsee dhiyeesseera. Fardi akka aadaa Oromootti bilisummaa qaba; namnis bilisummaa qaba; fardi akka beeylada biraa qalamee hinnyaatamu waan ta'eef lamaanuu waliin bilisummaan jiraachuu akka qaban agarsiisa.

Fkn. 2

Maammiruu waliin oolmaa walirraa qabu. Qotiyyoo ergifachuun lafa isaanii barumaan qotatu. Fardas guyyaa barbaadan dhufanii ergifatanii itti fe'atu. Inumaayyuu akkuma kan isaniitti ilaalu. Qoraan , cileefi midhaan, du'aafi jiraan isa hinhafu. Isaanis immoo gaafa loon baddes itti nuuf dagamu. (Lachiisaa 2025, kutaa 1, f. 3).

Baanuu kana keessatti barreessaan dubbachiistuu 'u' yeroo irra deddeebisee dhiyeesseera. Akkaataan barreeffamicha keessatti ittiin dhiyaates, bifa walfakkaataadhaan dhuma himootaafi gidduu jechootaa irratti yoo ta'u, dubbachiistuu gabaabaafi dheeraa fayyadame. Kunis barreeffama hololoo ta'e kana bifa walaloo akka qabaatu godhee dhiyeesse. Dubbachiistuun kun oolmaa waliif ooluu kan agarsiisu gochimoota qabaachuu, qotachuu, fe'achuu, ilaalu, dagamuu jedhu keessatti akkaataa barreessaan itti dhiyeesse gamtoomanii waliin jiraachuu, hariiroo qabaachuu, gama biraan sagaleen kun irra deddeebi'amuun gochima danuu ta'uu isaa kan agarsiisuudha.

Fkn. 3

Maammiruun kitaaba gabaabduu tokko gadi baasanii dubbisuu eegalan. Kitaaba barreeffama buburree. Jechoota buburreessan. Bulbula qalamaa kamiin akka diimateefi cilee kamiin akka gurraacha'e abbumatu beeka malee. (Lachiisaa 2025, kutaa 1, fuula 3)

Yaada kana keessatti sagalee dubbachiistuu 'ee'n yeroo sadii irra deddeebiin dhiyaatee jira. Innis jechoota(barreeffama, buburree, buburreessan) jedhu keessatti akkaataa barreessaan

kitaaba ittiin waa dagaman(ittiin tolchatan) kan qeesonni akka amantichaatti irraa dubbisuun namootaaf raawwatan sun halluu gosa garagaraa qabaachuusaa ittiin ibsuuf dubbachiistuu kana jechoota keessatti bakka adda addaatti fayyadamuun agarsiise. Bifa kanaan irra deddeebi'ee dhiyeessuun isaas, miira walalummaa akka qabaatu taasiseera.

Fkn.4

Akkasiin waqtiin Waaqaafi dachee waliin dubbisti ture. Amma garuu, safuun kun waan jiru hinfakkaatu. Kanaaf, Waaqni safuu roobuu dide. Dacheenis dirqama safuu magarsuu hinqabdu. Roobee dhoqqeessa; caameetu hongeessa.(Lachiisaa 2025, kutaa 2, f. 22)

Waraabbii kana keessatti sagalee dubbachiistuu (a,aa, ee,o, oo) irra deddeebiin fayyadamee jira. Kunis hima (Roobee dhoqqeessa; caameetu hongeessa) jedhu keessatti yoo ta'u guddummaa Waaqaa ibsuu keessatti akkaataa waqtii gannaa Waaqniifi lafti walsimachuun yoo safuun jiraateefi cabe akkam akka ta'u agarsiisuuf miira walalummaa barreessaan qabsiisee dhiyeesse dubbachiistuu kanaan calaqqisiifameera.

Roobee dhoqqeessa

Caameetu hongeessa.

Yaadni bo'ooowwan lamaan armaan olii kana keessatti dhiyaatee jiru, osoo barreessaan bifa kanaan agarsiisee walaloo ta'uun bifa akkanatti qindeeffama. Haata'u malee bifa holoolootiin dhiyaatus miira walalummaa gonfatee jira. Kana keessatti ammoo sagalewwan dubbachiistuun kunniin yaadni lamaan dhiyaatan walqabatanii akka deeman taasisuu keessatti qooda guddaa gumaachaniiru.

Fkn. 5

Amaachiin ishee akka daa'ima sossobaa jira. Akka abbaa alangaas murtee kenne. "Namootan ani sodaadhuun masaanuu natti hortan. 'Isumaan qabanii, isumaam muran' akka jedhan san!" jettee osoo hinjaalatin ukkaamamte. Huwwisaa ishee fudhattee manuma isheetti masaanuu horatte, Aaddee Ganameen.(Lachiisaa 2025, Kutaa 2, f.38)

Waraabbii kana keessatti dubbachiistuu(e, ee) jechoota(ukkaamamte, fudhatteefi horatte) jedhu keessatti barreessaan yeroo fayyadame akka barreessaa walalootti himoota kana osoo bo'oo bo'oon barreessee:

Osoo hinjaalatin ukkaamamtee

Uwwisaa ishee fudhattee

Mana isheetti masaanuu horatte kan jedhu ta'a.

As keessatti dubbachiistuun kun irra deddeebi'amuun wal'unata sagalee akka qabaachuu danda'u godhee dhiyeesse. Namni yaada isaa akkatti ibsatu dhabe ukkaamamaadha; waanuma jedhan fudhata; dirqamee bula jechuudha. Sagaleen irra deddeebi'ame kunis gochimarra galuun gocha raawwatamee darbe agarsiisa. Kun ammoo miidhagummaasaa dabalee jira.

Fkn. 6

Biyya keenya kolonii jala hingalle jennee faarsina malee akka sabaatti kolonii sabaafi sirna biraa jala turre._Impaayera. Kanaaf immoo miidiyaafi oduun iddoo guddaa qaba. Dhugaa keenya dhokseera; soba ambaa goobseera. Amma suuressoo keenya isa dhugaa ibsuuf miidiyaan nu barbaachisa .(Lachiisaa 2025, Kutaa 3, f.61)

Waraabbii kana keessatti dubbachiistoonni(a, ee, o, oo) kan jechoota (dhokseera, goobseera) jedhu keessatti irra deddeebi'amanii dhiyaatan miidhagina addaa miira walalummaa qabaachuun akka nama hawwatu taasissee dhiyeesseera. Waraabbii bifa hololoon dhiyaate kana osoo walalootti deebisee barreessee akka armaan gadii ta'uu mala:

Dhugaa keenya dhokseera

Soba ambaa goobseera

Kana keessatti barreessaan waa'ee kolonii ibsuudhaan, akka saba Oromootti alagaan cunqurfamuufi gabroomuudhaan miidiyaan dhabuunillee dhugaa Oromoo akka ukkaamse, soba kan warra Habashaa akka faarse walcina qabee dhiyeessuun, miidiyaan akka murteessaa ta'e miira walalummaa gonfachiisee dhiyeesseera. Kanaanis miidiyaan sirna tokkoof ijaarame dantaa uummataa cinatti dhiisee, waan uummataa ukkaamsuun, kan ormaa akka olkaasee faarsu calaqqisiisa.

Fkn 7

Muluwangeelii, Qaalahiwootii, Awaariyaatii, Makana Iyyasuusii, Iyyuu,...Bataskaana Mikaayelii, Maaramii, Giyoorgisii, Gabri'eelii...waan gargarii. "Iyyasus" kan jedhu maqaa waliin itti gargaaramaniidha. Kitaaba tokko akki itti barsiisaniifi hiikan gargari. Kan Musiliimaas Masgiidni akkasuma.(Lachiisaa 2025,Kutaa 10, f.152)

Waraabbii kana keessatti sagalee dubbachiistuu(i, ii) gabaabbachuufi dheerachuudhaan maqaa dhaabbilee amantaa ibsuuf barreessaan itti gargaarame irra deddeebiidhaan mul'ataniiru. Innis dhaabbileen amantaa kunniin kitaaba amantii qaban irrattillee akkaataan barsiisa isaanii adda addummaa qabaachuu, inni kiristaannis wal qoqqooduun inni

musiliimnis akkasuma walqoqqooduun kan keessatti mul'atu ta'uusaa agarsiisuuf akkaataan irra deddeebii dubbachiistuu inni itti dhiyeesse moggaasi isaanii adda addummaa akka qabu agarsiisa. Gama biraan ammoo barreessaan amantii adda addaa akka ibsuuf isaaf tolutti sagalee kana dhumarratti irra deddeebisee dhiyeesse.

4.2.1.3. Waraabbii Sagalee(Onomatophia)

Akkaataa barreessaan tokko itti fayyadamu keessaa haalli qindoomina sagalee gocha raawwatamuun walfakkaatu fayyadamuu 'onomatophia' jedhama. Akkeessuun kun walitti makamiinsa sagalewwan dubbiitiin uumamuun gocha sana bakka bu'uun yookaan jecha gocha akkeessu ta'uu danda'a. Barreessaan yookaan namni seenaa tokko himu yeroo tokko tokko dhimmicha jechoota idilee ta'aniin gargaaramee himuurra sagalee ta'umsicha fakkaatuun gargaaramee himuu filata. Dhimmoonni haala akkasiin himaman raawwii ta'e sana kan mul'isan qofa osoo hintaane, humni ta'iinsichaa hangam akka tureefi maal akka fakkaatu humna agarsiisu kan of keessaa qabuudha. Innis akka itti aanuun xiinxalameera.

Fkn. 1

Amma dukkanni harka waan kennate fakkaata. Biiftuun galgala dhidhimte mana ishee keessaa as bahuuf qophaa'aa jirti. Biiftuu simachuuf simbirroonni “cu..cu..cuu.” jechaa jiru. Handaaqqonni “Bari'eeraa ka'aa” erga jechuu eegalanii turaniiru. “Kukkuluuluu ...kukkuluuluu...” jechaa turan. Fardeen saardoo buqqisuuf himimsaa jiru. Lukaan lafa dhooqqee kana “bacaq...bacaq...” gochaa ciisa nama dhorku.(Lachiisaa 2025,Kutaa 2, f.33)

Yaada armaan olii kana keessatti akkaataa barreessaan ta'iinsa barii lafaa ibsuuf uumamoota jiran filachuun jechoota idilee yookaan guyyuu fayyadamuurra akkeessuu kana gargaaramee akka gochicchi itti dhiyaachaa jiru hawwachiisuuniifi yaadachiisuun itti dhiyeesse kan simbirroonni(cu... cu... cuu), indaanqoon (kukkuluuluu... kukkuluuluu), fardeen (bacaq ... bacaq...) godhan sun humna guddaa gonfachiiseera. Osoo simbirroon wacce, lukkuun iyyite, fardi himimse jedhee hanga kana ulfaatina wantichaa ibsuu hindanda'u ture. Dabalataanis akka aadaa Oromootti irra caalaa jaarsummaan barii lafaa yookaan afaan buleen waan geggeeffamuuf ta'iinsa sana haala kanaan ibse. Kana keessatti barraaqa sana yeroo obbo Jiruu, obbo Jaarsoofi abbaan Daalachaa mana aadde Ganamee dhaquun akka abbaan Maaddii dubartii biraa fudhatee adda waraanaatii gale itti himuuf jaarsummaa deeman agarsiisa.

Fkn. 2

Osuma fajajee televizyini ilaalluu gurra isaa tokko gara alaatti erge. Balballi, “Qa...qa...wu...” jedhu dhaga'e. (Lachiisaa 2025, Kutaa 3, f.47)

Baanuu kana keessatti waraabbii sagalee barreessaan ulaan akka banamuuf namni ta'e tokko yeroo balbala rurrukutu ibsuuf itti fayyadame agarsiisa. Waraabbiin sagalee olitti gurraacheffamee dhiyaate kun silaa jechoota idileen kan ibsamu, olka'iinsa wantichaa agarsiisuuf sagalee gocha yeroo balballi banamuu akkeessuudhaan waraabee dhiyeesse. Osoo balballi rurrukutame jedhee hangas mara ulfaatina waan hinqabneef waraabbiin sagalee kun olka'iinsa ta'iinsichaa agarsiisa. Dabalataan ammoo, nama mana keessa jiru tokko osoo akkasumaan bananii itti seenanii rifaatuu fiduu waan danda'uuf namichi mana jiru sun akka dammaqqee irraa banu agarsiisa.

Fkn 3

Guyyaa keessaa sa'aatii saddetiin ture. Osuma taa'uu haala intala sanaa yaadate. Biiroo isaa keessa taa'ee akkuma kompiitara isaatti ija babaasaa jira. Balballi “qaw...qaw...” jedhe. Hundasaan ol jedhee dhaggeeffate. Hinjiru. Xiqqoo turee “Qawu...qawu...” si'a lammaffaaf balballi rukutame osoo hintaane, nidhaaname. Ammas nidhaggeeffate. Ni'eege.

“Qawu...qawu...qawu....” “Eenyu? Seenaal!jedhe, Hundasaan. (Lachiisaa 2025,Kutaa 6, f.99)

Waraabbii armaan olii kana keessatti akkaataa rukutaa balbala banuu agarsiisuuf barreessaan itti gargaarame sadarkaa rukutaa sanaa waliin dabalaa deemuun itti dhiyeessetu mul'ata. Jalqaba irratti salphisee(qaw... qaw) jedhe, itti aansee (qawu...qawu...) jedhe, dhumarratti (qawu... qawu...qawu) jedhe. Kan jalqabaa bifa salphaa ta'een rurrukutame. Kan lammaffaa bifa humna itti gochuun irra deddeebi'ame. Inni dhumaa akka ijibbaataatti yeroo deddeebiin rurrukutamu agarsiisa. Kun ammoo hangisaa hamma Hundasaan irraa banuuf heyyamutti dabalaa jiraachuun isaa waraabbiiharraa duraa duubaan mul'ateera.

Fkn 4

*Harka isaa baafachuuf waan carroome fakkaata. Humna godhatee afaafa kanarraa fagaachuu akka hindandeenye waan hubaten se'a. Harka isaa baafateen cuubee luqqifatee anuma jala ciisee mar'immaan koo **baq...** yoo godhu irra deddeebi'ee, “**Haa...haa...haa...**” jedhee caraanuu kiyya nan yaadadha. (Lachiisaa 2025, Kutaa 8, f.133)*

Fakkeenya kana keessatti waraabbii sagalee lamatu mul'ate. Innis kan jalqabaa (baq...) kan jedhuufi lammaffaan (haa...haa... haa...) kan jedhuudha. Kan duraa kun yeroo Gifaabbaachoon cuubeedhaan isa waraanu sagalee waraansaa sana akkeessuun kan barreessaan itti gargaarameedha. Innis irra deddeebiin wawwaraanuusaa agarsiisa. Kan lammeessoo kun ammoo namni cuubeedhaan waraaname hammam dhukkubbiin itti

dhagaa'amee aaduu isaa kan agarsiisuudha. Kanaan walqabsiisees miidhama nama dhuunfaa osoo hintaane kan sabaa ta'uusaa caalmaatti mul'isuufis albuuda lafaafi hawaasa birmatee kan of keessaa qabu ta'uusaa barreessaan ibsuuf tooftaa kanatti dhimma baheera.

Fkn 5

*Keessi isaa **bittim...** **bittim...** jechaa jira. Taliilee nan arga moo hinarguun yaaddoo isaa ture. Wanti akka obomboleettii wayii ija isaa dura faca'e. daandii walakkaa wanti nama fakkaatu dhaabachaa jira..(Lachiisaa 2025, Kuta 12, f.202)*

Yaada armaan olii kana keessatti waraabbiin sagalee barreessaan ittiin seenaa kana qindeesse gurraacheffamee dhiyaateera. Innis keessi isaa (biittim...bittim...) jechaa jira kan jedhuudha. Kunis namni tokko yeroo waa'ee nama tokkoo yaadu dhahannaan onneesaa akkam akka dabaluufi dhikkisa akkamii akka taasisu kan agarsiisuudha. Kana keessattis shakkii lubbuun jiraachuu jaalallee isaatii hanga bira gahutti yaadni isaa gam-lamatti hiramuu, yaaddoo qabaachuusaa mul'isa. Dabalataanis naasuun qabamuu nama tokkoo kan agarsiisuufi waan qabatu yoo wallaalu kan agarsiisuudha.

4.2.2. Akkaataa Sadarkaa Xinjecha

Sadarkaa akkaataan ittiin mul'achuu danda'u keessaa inni biraan sadarkaa xinjechaati. Barreessaan barreessuun dura jechoota dhimma itti bahuu danda'u filachuun ergaasaa dabarfachuu danda'a. Jechoonni kunneenis jechoota idileefi al-idilee ta'uu danda'u. Innis akkaataa filannoo jechootaa, jechoota ogummaa daanga'oo, walduraa duuba jechootaa, jechoota loogaa, jechoota safuu, jechoota ergisaafaati.

4.2.2.1. Jechoota Al-idilee

Jechoonni yaada sammuu barreessaa keessa jiran akkaataa yaadameen waan tokko ibsuuf gargaaru. Filannoon jechootaa yaada qabatamaas ta'e, yaada qabatamaa hintaane bifa salphaan yookaan gadi fageenyaan dabarfachuuf kan oolaniidha. Jechoonni filataman kunniinis kan humna waa ibsuu danda'uu qabaniifi miira dubbistootaa ofitti harkisuu danda'an ta'uu qabu. Haaluma kanaan kitaaba kuusaa asoosama gabaabaa kana keessatti akkaataa barreessaan jechoota al-idilee gargaaramee hojii kalaqaasaa kana ittiin dhiyeesses akka armaan gadiitti xiinxalamuun dhiyaateera.

4.2.2.2.1 Jechoota Loogaa

Loogni adda addummaa afaanii dubbattoota afaan tokkoo biratti mula'chuu danda'uudha. Dubbattoota afaan tokkoo ta'anii akkaataan dubbii, akkaataan fayyadama jechootaa yeroo

gidduu isaaniitti uumamu adda addummaa loogaa ta'a. Loogni sadarkaa sagaleerraa eegalee hanga himaatti mul'achuu kan danda'u ta'us, wal-hubannaarratti rakkoo homaayyuu geessisuu kan hindandeenyeedha. Haaluma kanaan barreessitoonni hojii ogbarruu keessatti looga naannoo adda addaa hammachiisuun hojii isaanii miidhagina gonfachiisanii dhiyeessu. Kana keessatti barreessaan akkaataa dubbii yookaan looga Tuulamaa gargaaramee namfakkiileefi yoomessa asoosamichaa dhiyeessee jira.

Fkn 1.

*Mudhiin Daamaa akka goromtii quruphee ture. Hojjaan isaa ol fudhataadha. Addarraa booqaa qaba. Dugdisaa malaaxaa tokkollee hinqabu. Eegeen isaa **saxameetu** qal'atee dheerata. (Lachiisaa 2025, kutaa 1ffaa, f.6)*

Fakkeenya kana keessatti jechi gurraacheffamee barreeffame akkaataa barreessaan ittiin dhiyeesse eegeen fardichaa boca boca ba'uun sadarkeeffamee kan jiru ta'uusaati. Jechi kun looga naannoo waan ta'eef dubbistoonni galumsaan akka hubatan ta'ee dhiyaate. Gama biraatiin luucceffamee miidhagina qabaatee kan taa'u akka ta'e ibsa. Gama biraatiin kutaalee qaamaa farda Sanaa mara miidhaagina uumaan faayamee jiru, mudhiin isaa yaabbiif kan mijatu, olka'iinsa kan qabu, dugdisaa nama malee fe'iisa biraa baatee kan hinbeekne, eegeen isaas akkuma kutaa qaamaa warra kaanii miidhagaa ta'uu agarsiisa.

Fkn. 2

Dugdasaa malaaxa'e guyyaa cirriin diraa oolti. Eegeen isaa 'qursee' kanaan ofirraa kaasuu waan hindandeenyeef muka gogaatti rigachuu, daaraa keessa gangalachuu, firixuufi olii gadi kaachaa oola. (Lachiisaa 2025, kutaa 1ffaa, f.7)

Waraabbii kana keessatti jechi gurraacheffamee barreeffame looga naannooti. Fardichi osoo hinhatamin farda yaabbii ture. Mudhiin isaa, hojjaan isaa, dugdi isaa, eegeen isaallee dheeraa ture. Boodarra erga hatamee wanti hundi akka duraa sana hintaaneef. Inumaayyuu eegeen isaa dura saxamee dheeratee bareedu gabaabbate. Kana keessatti barreessaan waa'ee eegge farda isaanii ibsuuf 'qursee' jedhee ibsee jira. Innis akka hubatamu gochuuf ammoo, titiisa ofirraa kaasuuf tooftaa inni gargaaramu tokko lamaan dhiyeesseera. Kanaafuu hiikni isaa galumsaan dubbistootaaf akka ifu godheera. Kanaaf hiikni isaa gabaabbachuu eegge farda isaanii ibsuuf itti gargaarama.

Fkn. 3

*Guyyaa galus qofaa hingalle; fardeen sadiin gurmaayee gale. Warri hattuu irraa bitatee itti gargaaramaa ture nutti **timanii** hattummaan nufarrajuu yaalan. (Lachiisaa 2025, kutaa 1, f. 7-8)*

Waraabbii armaan olii keessatti jechi gurraacheffamee dhiyaate jecha loogaa yoo ta’u looga naannoo jalatti ilaalama. Innis fardi Daamaan hatamee ture yeroo abbaa fardaaf deebi’u, warri fardichatti gargaaramaa ture, abbaa fardi jalaa badee deebi’ee galeef sana yeroo shiraan hammeessan ibsuuf barreessaan akka kanatti dhiyeesseera. Innis dubbii sobaa irra garagalchanii maqaa balleessuuf yaalii taasifame kan agarsiisuudha. Dubbiin akkanaa dhimma siyaasa Oromoo keessatti kan calaqqisiifamu ta’uusaa agarsiisa.

Fkn. 4

*Fardichi qe’eetti deebi’uun isaa akka maqaan galetti ilaaluun maatiin callisee fudhate. Inni garuu amala isaa kana ilmaan fardaa dhaalchise. Fardi kooraa nuu bahuu dide. Fardeen qe’ee keenyaa **luujii** taate. Egaa kanaan booda Daamaan keenya Farda kooraarraa gara Baataatti jijjiiramuu nutis fudhanne. (Lachiisaa 2025, kutaa 1, f.8)*

Yaada armaan olii kana keessatti fardi sun badee turee galuun akka waan seenaan, aadaafi duudhaan Oromoo kanaan dura alagaadhaan manca’e harka alagaatii deebifamuu, Oromoof injifannoon argamuu kan agarsiisuudha. Akkaataa barreessaan jecha ‘luujii’ jedhu itti dhiyeesse, fardi sun kan dur yaabbiif oolu amma kan ba’aa itti fe’an, si’aayina kan hinqabne ta’uusaa agarsiisuuf jechichatti gargaaramee dhiyeesse. Luujii jechuun daagii jechuu ta’a. Kun ammoo ammayyuu akka tolutti uummanni walga’ee akka injifannoo barbaadu hinarganne godhee dhiyeesseera. Dhibbaan ture sun har’allee Oromoon dammaqee akka ofiin of bulchu danquusaa agarsiisa.

Fkn. 5

Aadde Ganameen boochee maraattus, inni morma koo kenne jedhee gara adda waraanaatti dhidhime. (Lachiisaa 2025, Kutaa 2, f.32)

Waraabbii kana keessatti loogni mul’atu looga sadarkaa sagalee yoo ta’u, kan argamus jecha ‘boochee’ jedhu keessatti sagalee gurraacheffamee jiruudha. Bakka kana sagalee‘ss’ osoo galchine ‘boossee’ kan jedhu ta’a ture. Ta’us barreessaan isa duraa fayyadamee

dhiyeesseera. Garuu garaagarummaa hiikaa waan hinqabaanneef akkaataama barreessaan itti dhiyeesse ibsuun barbaachisaa ta'ee argameera.

Fkn. 6

*Obboo Jaarsoon Wabiin du'eera jedhanii boochisanii **hordobuqqisii** baasanii turan. Hafoosha itti nyaatanii turan. Har'a garuu dubbii kana yoo Duulaarraa dhagahan dhugaa hinseene. Xalayaa Wabiirraa dhufte yoo dubbisaniif obboo Jaarsoon ija ittiin boo'u dhabe.*(Lachiisaa 2025,Kutaa 2, f.40)

Waraabbii kana keessatti jechi gurraacheffamee barreeffame, akka amantaa Ortodooksiiitti kan beekamu erga namni tokko du'ee guyyaa afurtammaffaafi saddettammaffaati sirna qophaa'u kan nyaataafi dhugaatiin kabajamu maqaa '**Taskaara baasuu**' jedhuun beekamu gara afaan Oromootti deebisee barreessaan bifa kanaan dhiyeesse. Guyyaa kana namoonni adda addaa waamamanii nama du'e sanaaf kadhannaa taasisuun cubbuu isaaf Waaqni akka araaramuufitti sirna kadhannaa raawwatamu qopheessuu isaanii agarsiisa. Har'allee bakka adda addaatti "taskaara baasuu" jedhamee waan beekamuuf barreessaan jechicha namoonni Oromoo ta'anii amantaa kana hordofan "hordobuqqisii" jedhanii akka fayyadamaniif bifa kanaan dhiyeesse.

Fkn 7

*Mana keenyatti miila dhiquun aadaadha. Abbaan miila isaa ofiin dhiqatee hinbeeku. Maanguddoon miila ofiin hindhiqatu. Kun aadaadha. Horiin gallaan abbaan dabaree **shiishatiitti** bishaan ho'ifateetu Abbaa jala quphana; nidhiqas.*(Lachiisaa 2025, kutaa 9, f.143)

Waraabbii kana keessatti jechi barreessaan itti gargaarame looga naannooti. Akkaataa barreessaan jecha loogaa kana itti dhiyeesse dursa mana isaanitti miilla dhiquun aadaa ta'uu, abbaan isaa ofii dhiqatee akka hinbeekne, maanguddoon miilla ofii akka hindhiqanne, ijoolleen isaanii horiin gallaan shiishatiitt bishaan akka danfisanii miilla abbaa isaanii dhiquuf qophaa'anitti qindeesse. Meeshaan tajaajila akkanaaf oolu bakka biraatti immoo '**waciitii**' jedhamee beekama. Meeshaan kun meeshaa supheerraa hojjetamu ta'ee, meeshaa aadaa Oromoo keessaa isa tokkodha. Oromoon ammoo akka irraa jalummaatti wal-kabajee jiraata. Ilmi abbaaf ergamuun kabaja. Miilla dhiquun kabaja. Kana keessa ammoo aadaatu jira. Aadaan sun ammoo meeshaaleedhaan deggaramuusaa agarsiisa.

4.2.2.2 Jechoota Safuu

Jechootni safuu kan barreessitoonni akkaataa barbaadametti ergaa fedhan dabarfachuuf hojii ogbarruu tokkoo itti gargaaramuun kalaqa isaanii bifa miidhaguufi hawwatuun ittiin dhiyeessaniidha. Haaluma kanaan jechoota safuu kitaaba asoosamaa kana keessa jiru keessaa qorataan sakatta'uudhaan akkaataa barreessichi itti gargaarame akka armaan gadiitti xiinxalee dhiyeesseera.

Fkn. 1

Obboo Kaateelloo Tsaggaahee jiraataa magaalaa Qarcaati. Magaalaa kana keessatti kan ijasaa keessa ol jedhee ilaalu hinjiru. Silas qarshiin maal hinhajenne! Leencuma munnee tuqaniidha. (Lachiisaa 2025, Kutaa 4, f.69)

Waraabbii kana keessatti kan gurraacheffamee dhiyaate, akkaataa barreessaan gootummaa obbo Kaateelloo itti ibsee jiru jechoota safuu hawaasaa jalatti ilaalama. Sababni isaa jechi ‘**munnee**’ jedhu naannoo qaama hormaataa waliin waan walitti dhiyaatuuf safeeffatamaadha. Akka argame hawaasa keessatti hinjedhamu. Leenci mootii bineensotaati. Qaama isaa keessaa ammoo munneen isaa bakka murteessaadha. Kanaaf bakka kanatti bu’amanaan lola kaasa. Kanaan walqabsiisee, obbo Kaateelloon nama isa tuqeef obsa kan hinqabne ta’uusaa agarsiisuuf leenca waliin walcina qabee dhiyeesse. Kanaaf barreessaan akkaataa ergaasaa dabarfachuu barbaadeen kutaa qaamaa kana filatee bakki kun murteessaa ta’uusaan walqabsiisee waa’ee cimina leencaafi gootummaasaa kan obbo Kaatellootti hidhee ittiin dhiyeessuu isaa agarsiisa. Dabalataan namichi nama qabeenyaa qabu waan ta’eef, biyya kana keessatti hundatu gugguufaaf jechuu agarsiisa.

Fkn. 2

*Obbo Horaan ijoollee sagal qaba. Amma martuu dargaggeessa quufaa jirmarra utaalaniidha. Warri dhiiraa **cinaan** diimeffataniiru. Shamarranis sagalee jijjiirrataniiru.* (Lachiisaa 2025, Kutaa 7, f.112)

Yaada armaan olii kana keessatti kan gurraacheffamee barreeffame, jechoota safuuti. Akkaataa barreessaan bilchaachuufi dargaggoomuu ijoollee obbo Horaa itti ibsuuf dhiyeesse safuu hawaasaa kan cabsu osoo hintaane, akkaataa itti fayyadama jechoota safuu hawaasaa namni tokko fuudhaaf gahoomuusaa ibsuuf gargaaramaniidha. Kana keessatti osoo ijoolleen isaa fuudhaaf gahaniiru jedhee hagas mara hawwattummaa hinqabu. Amma garuu bohaarsaa ergaa barbaadame dabarsuu akka danda’utti dhiyaate. Dabalataanis ijoolleen isaa bilchina qabaachuu isaanii kan agarsiisuudha.

Fkn. 3

*Abboomsaa: “Rakkoodha. Mana keenya keessatti kaan nihojjeta. Kaan ninyaata. Fakkeenyaaf gurbaan **naafti** kun osoo homaa hinhojjetin nyaata. Kanarratti immoo maqaa nu balleessaa oola.(Lachiisaa 2025, Kutaa 7, f.113)*

Waraabbii kana keessatti, jechi ‘naafa’ jedhu safuu qaba. Sababni isaas naafummaan hojii harka namaa osoo hintaane hojii harka Waaqaati. Kanaaf waan Waaqaa ammoo safuu qaba. Akka ilaalcha Oromootti waan akkanaa hinkolfamu, hinarrabsamu. Jecha ittiin bakka buufamu ‘qaama miidhamaa’ jedhamee waamama malee ‘naafa’ hinjedhamu. Haata’u malee gocha Hinseeneen mana obbo Horaa keessatti ijoolleewwan biroorratti raawwatu akka hadheeffatamee akkasitti isa waaman godhee barreessaan bifa kanaan dhiyeesseera.

4.2.2.2.3 Jechoota Ergisaa

Afaan amaloota adda addaatiin kan beekamu yoo ta’u, isaan keessaa ergifannaan yookaan liqeeffannaan isa tokkoodha. Ergifannaan sadarkaa sagaleerraa kaasee hanga caasaa afaanii isa biraatti ta’uu mala. Kunis tooftaa barreessaan hojii ogbarruu keessatti fayyadamu keessaa tokko ta’ee amalli ergifannaa afaanii kun irra caalaatti jechootarratti kan mul’atuudha. Qorannoo kana keessattis qorataan jechoota afaan garagaraarraa ergifataman haala itti aanu kanaan xiinxalee dhiyeesseera.

Fkn. 1

*Mudhiin Daamaa akka mudhii goromtii kuruphee ture. Hojjaan isaa olfudhataadha. Addarraa booqaa qaba. Dugdi isaa **malaaxaa** tokkollee hinqabu.(Lachiisaa 2025,kutaa 1, f.6)*

Fakkeenya olii keessatti jechi gurraacheffamee dhiyaate Afaan Amaaraa keessaa kan fudhatameedha. Malaaxummaan dugdaaf osoo hintaane mataaf tajaajila. Barreessaan garuu ergaasaa dabarfachuuf dugdi farda sanaa madaa tokkollee kan hinqabne ta’uusaa ibsuudhaaf jecha kana gargaarameera Haata’u malee fardichi yeroo dheeraaf hatamee turuun miidhaan adda addaa irra gaheera. Yaabbiif ta’uun hafee, fe’isaaf itti gargaaramaniiru. Kun ammoo dugdasaarraa rifeensi akka luqqa’u taasiseera. Horiidhaaf malaaxaa jedhama osoo hintaane madaa jedhama. Malaaxaan waan luqqa’ee qulqulluu ta’ee mul’atuudha. Dugdisaa madaa’uurra darbee luqqa’ee jiraachuusaa agarsiisa. Gama biraatiin yaadrimeen jecha ‘malaaxaa’ jedhuu Afaan Oromoo keessatti ‘moluu’ kan jedhu yoo bakka bu’u, moluun dugdaaf kan hingargaaramne ta’uunsaa beekamaadha. Kanaaf yaada barbaadame sana bakka bu’uuf barreessaan jecha egisaa kanatti dhimma bahee barreesseera.

Fkn.2

“Lakkii bar waanta ulfaatu ta’uyyuu qoricha aadaan nifayyiti.” Amaachiin ishee Obboo Jaarsoon kan Tolasaa keessaa danfutti bishaan naqe. (Lachiisaa 2025, kutaa 2, f.36)

Waraabbii kana keessatti jechi gurraacheffamee barreeffame jecha Afaan Amaaraa irraa ergifatameedha. Innis akka Afaan Oromootti ‘**Abbiyyuu**’ kan jedhamuudha. Barreessaan jecha kana sababni itti gargaaramameefammoo, naannoo namfakkiilefi yoomessa barreessaan keessatti dhimma bahetti jecha kanaan kan fayyadamaniidha. Kun ammoo jechichi jecha Afaan ergisaa ta’uusaa agarsiisa.

Fkn 3

*Guutaanis itti seeqaa, “Dhugaa osoo ta’ee maaliif lammiin beela’aree? Nama meeqatu **seeftineetiin** jiraata? Bara meeqa beelli uummata keenya rukute!”(Lachiisaa 2025, Kutaa 3, f.51)*

Waraabbii kana keessatti jechi gurraacheffamee dhiyaate Afaan Ingilizii irraa kan ergifatameedha. Barruu kana keessatti yaadrimeen jechicha bakka bu’u kallaattiidhaan dhibus, deggersa mootummaatiin manni ijaaramee, nyaatni dhiyaateefii namoota jiraatan agarsiisa. Yeroo baay’ee jechichatti kan dhimma bahu namoota waajjiraalee mootummaa keessa hojjetaniifi sadarkaa miidiyaatti gabaasaniidha. Barreessaanis ergaasaa dabarfachuuf jechicha ergifatee yaada armaan olii ibsuuf dhimma itti bahuu isaa mul’isa.

Fkn. 4

*“Gabaasni mana taa’anii tapha lakkoofsaan kuntaalli hanganni gale jedhu kan kaadiree gandaati. Isa kaan doorsisuun, isa kaan gowwomsuun sobee sobsiisa. Gaazexeessitoonnis hidhaa kana keessa jiru. Akkasumas gabaasni Masaraa Mootummaa gadi lakkifamu dibbee **Raadiyoofi Televiziyinii** Beegii hanga Cinaaksan, Maqalee hanga Moyyaalee daqiiqaatti gahutu imaammata biyyaa ta’a.(Lachiisaa 2025, Kutaa 3, f.52)*

Waraabbii kana keessatti jechoonni gurraacheffamanii dhiyaatan kan ‘Raadiyoofi Televiziyinii’ jedhaman kunniin jechoota ergisaati. Jechoota ergisaa ta’anii Afaan Oromoo keessatti meeshaalee tajaajila odeeffannoo dabarsuu kan kennaniidha. Haata’uutii jechoota kanneen barreessaan biyya kana keessatti akka isaan odeeffannoo haqaa dabarsanitti osoo hintaane, daangaa hanga daangaatti odeeffannoo sobaa dabarsuuf akka dibbeetti rukutamaa,

uummata gowwomsaafi burjaajessaa ooluu isaanii ibsuuf itti dhimma bahee dhiyeesse. Dabalataanis miidiyaaleen kunniin soba isaan afarsaa oolantu dhugaa fakkeeffamee guutuu biyyattiitti dhiyaata. Ummati kan raadiyoo qabu raadiyoodhaan, kan Tv qabu isumaan sobamaa kan oolu ta'uusaa agarsiisa. Barreessaanis biyya kanatti meeshaa soba dabarsaa oolu akka ta'etti ibse.

Fkn 5

*“Elaa maal seete, Guutaa anillee sirra hinbeekuutii, beekumsaafi muuxannoo waliif qooduun gaarummaa qaba. Kun ammoo fayidaa **globalization** isa gaariidha. Guutaan mataa raasee yaada isaa fudhachuu arginaan itti fufe dubbii isaa...Lachiisaa 2025, Kutaa 3, f.59)*

Waraabbii kana keessatti barreessaan jecha 'globalization' jedhu ergifatee itti dhimma bahee jira. Jechichi waa'ee seenaa kilaboota biyyoota Awurooppaa kaasuudhaan walfalmii Guutaafi Gaaddisaa gidduutti ka'e kan dhaloonni biyya kana keessa jiru deggeree yookaan mormee kan biyya keessa jiruuf xiyyeeffannoo dhaburraa kaasee ittiin dhiyeesse. Jechi gurraacheffamee barreeffame kun silaa kan addunyaa gara mandara tokkotti jedhu bakka bu'a. Addunyaa mandara tokko gochuu jechuun, odeeffannoon akkuma ollaa tokko hindhokannetti akka walgahu yaadama jedhu qaba. Garuu biyya keenyatti faayidaasaarra miidhaasaatu hammaate jedhee, keenya aadaasaa gatee, sirnasaa dhiisee kan ormaan buluun miidhaa inni qaqqabsiise agarsiisuuf bifa kanaan dhiyeesse. Addunyummaan kan waan ofii nama dagachiisu ta'uu akka hinqabne agarsiisa.

Fkn. 6

*Guutaan yaada deggersaa qofa osoo hintaane, ceepha'uu eegaleera. “Kun hundi kan dhufu dhiibbaa globalization fiduudha. Sirnaan itti fayyadamuu dhabuu. Miidiyaalee hawaasaa kanneen akka **Feesbuukii, Tiiktookii, Waasaappii...** haala faayidaa qabuun dhimma itti bahuu qabna. Kanaafuu irraa fayyadamuu malee inni nutti fayyadamuu hinqabu.” (Lachiisaa 2025, Kutaa 3, f.61)*

Waraabbii armaan olii kana keessatti jechoonni gurraacheffamanii dhiyaatan akaakuu miidiyaalee hawaasaa odeeffannoo tamsaasuudhaaf gargaaraniidha. Miidiyaaleen kunniin yeroo ammaa odeeffannoo boora'aa biyya walitti naqus ta'e, qulqulluu bu'aa buusan dabarsaa oolu. Har'a namni bakka tokko taa'ee odeeffannoo addunyaa kanarra jiru miidiyaalee kanaan argata jechuudha. Barreessaanis isaan kana akka isaan karaa sirrii ta'een tajaajila barbaadameef ooluu qaban godhee dhiyeesse. Innis akkaataa itti fayyadama isaa

hubachuudhaan itti gargaaramuu malee, karaa hinmalleen yoo itti fayyadamne miidhaa akka qabu hubachiisa. Odeeffannoo isaan dabarsan akkuma jiruun fudhachuun akka hinbarbaachifne, keessaa filannee itti gargaaramuun bu'aa barbaadamuuf oolfachuun akka namarra jiru kallattii agarsiisa.

Fkn 7

Hundasaan ariitiin jalaa butee “...kkk...ODP’n sooftweerii akkanaa hinqabdu. Inni kan Gujii Tuulamatti erguuf, Tuulama Maccatti erguuf, Boorana Sikkoofi Mandootti erguuf sababa qaba. Innis hattuufi kanneen nama ajjeesan, yakka garagaraa hojjetanii uummata mufachiisan dawoo itti gochuufi.” Barsiisaan biraas osuma quba qabuu hundasaaf gaaffii dhiyeesse. “KFOfi ABO’n hoo? Hundasaan ammas waan yaade dubbachuutti jedhe. ‘Theoretically’ rakkoo hinqaban. Qabatamaan immoo kan gara fuulduraatti arginu ta’a. Hamiin uummataa akka jirutti ta’ee. Barsiistuun Hundasaan gama teessu deebiin Hundasaa quubsuu didnaan waan keessa ishii deddeebi’u futtaafachuu eegalte. “ Maaltu hinbeekamne? Beekamaadha malee! Namuu gandaan ijaarratee jira. Gandummaan maqaa keenya “Biraandii” ta’ee iddoo kudhanitti cire.”(Lachiisaa 2025,Kutaa 6, 104)

Waraabbii kana keessatti jechoonni ergifatamanii itti gargaraman ‘softwer, theoretically, brand’ kanneen jedhamaniidha. Kunniin sadan bakka itti argaman irratti hundaa’anii hiikni isaan qaban hubatama. Kan ODP’dhaan walqabatu ‘Sooftiweerii’ akkaataa barreessaan itti gargaarame yoo fudhanne, sooftiweeriin sammuu kompuuteraati. Kanaaf ammoo dhaabni kun sammuu akka hinqabne agarsiisuuf, sammuu dhaaba biraatiin kan hoogganamu akka ta’etti agarsiisa. Dhimma KFO fi ABO ibsuuf ammoo ‘theoretically fi brand’ gargaaramee kan inni dhiyeesse isaan lamaanuu sadarkaa haasaatti rakkoo kan hinqabne, ammaaf aangoon harka waan hinjirreef gaafa aangoo qabatan kan arginuudha jedhee ibsuuf akkasumas mormiin irratti ka’u kan ganda gandaan garee deeffatanii walqoqqoodan ammoo mallattoo daldala siyaasaa ‘brand’ akka ta’anitti dhiyeesse.

4.2.3.Akkaataa Sadarkaa Xinhimaa

Xinhimni saayinsii waa’ee himaa, akkaataa ijaarsa himaa qoratuudha. Akkaataa jechoonni walitti gurmaa’anii gaaleefi hima itti ijaaran kan ilaaluudha. Innis tartiiba jechootaa gara akkaataa dubbii hiika caaslugaa qabuutti deemuudha. Akkasumas seera ijaarsa himaa hubannoof murteessaa ta’e jechuudha. Isas akkaataa armaan gadiitti qoqqoodamuun dhiyaateera.

4.2.3.1. Qindoomina Gaaleefi Himaa

Barreessitoonni ogbarruu tooftaa barreeffamaa kan uuman keessaa tokko kan ta'e hima qindeessuudha. Barreessaan seera afaanichaa eeguun barreessuu akka qabu beekamaadha. Haala kanaan barreessitoonni hedduun walfakkeenya qabu. Haata'u malee tooftaa ittiin qindeessaniin garaagarummaa niqabaatu. Kun kan mul'atus bifa adda addaatiin ta'a. Isaanis duraa duuba jechootaa haala baratamerraa maqsuun, irra deddeebii jechootaa uumuunfaa ta'uu mala. Kunis hojii ogbarruu sana hawwattummaasaa dabala. Qorannoo kana keessattis tooftaa barreessaan isaan kana ittiin qindeesse xiinxalameera.

Fkn. 1

*Maammiruun akkuma olseenaniin “Bishaan diilallaa’aa” jechuun hubboon tokko akka dhufuuf ajaja dabarsan. Bishaan jedhame dhufe. **Maammiruun kitaaba gabaabduu tokko gadi baasanii dubbisuu eegalan. Kitaaba barreeffama buburree. Jechoota buburreessan.** (Lachiisaa 2025, Kutaa 1ffaa, fuula 3)*

Waraabbii kana keessatti akkaataan qidoomina himaa barreessaan itti gargaarama seera caaslugaa waan cabse fakkaata. Akkaataan duraa duubummaa himoota gurraacheffamanii barreeffaman kanaa tartiiba gochaa kan hin eegneedha. Kan dursuu qabu kitaaba dubbisuu osoo hintaane kitaaba akkamii akka dubbisantu jalqaba dhiyaata. Kunis akka seera afaaniitti “Maammiruun kitaaba gabaabduu barreeffama buburree, jechoota buburreessan tokko gadi baasanii dubbisan.” Jechuu qaba ture. Xiyyeeffannoon barreessaas kitaabichi kitaaba akkamii akka ta'e ibsuudha. Haata'u malee akkaataan barreessaan itti gaaleefi himoota waliin qindeessu kan mataa ofii waan qabuuf seera afaanii sanarraa maqafamee dhiyaachuusaa agarsiisa.

Fkn. 2

*Kanaaf immoo baadiyyaan qulqulluu, nagaa, walaon hojjechuuf walaon nyaachuu, gaafa du'aa wal awwaaleetu, gaafa cidhaa sirbee walfuusisa. Gamtaan **qotee**, gamtaan **haramee**, gamtaan **haamee**, gamtaan **dhaheetu**, gamtaan **gootaraa guuta**. Gootaraa guuteemmoo deebisee facaasa. Anis lafuma baadiyyaa kana keessatti dhaladhee guddadhe. **Dirree Incinnii.** (Lachiisaa 2025, kutaa 1, f.4)*

Waraabbii kana keessatti akkaataa barreessaan himoota jiran itti qindeesse tartiiba seerlugaa kan eeggateedha. Innis gochoota (qotee→haramee→haamee→dhahee→galcha)duraa duubaan waan raawwatamuu qaban walitti qindeessee dhiyeesseera. Gochi tokko isa tokkoratti hundaa'ee akka raawwatamutti dhiyatee jira. Achiin booda ammoo duubatti

deebi'ee dabareen akka raawwatamu agarsiisa. Gama biraatiin bakka dhalootasaa ibsuu keessatti akka dhalataa baadiyyaa ta'e erga caqasee booda, iddoo addaa isaa 'Dirree Incinnii' jedhee gabaabsee deebii itti kenne. Akkaataan qindoomina seera afaanii "*Anis lafuma baadiyyaa Dirree Incinnii kana keessatti dhaladhee guddadhe.*" Kan jedhutu sirrii ta'a ture. Haata'u malee barreessaan bifa waraabbii olii keessatti dhiyaateen agarsiise. Dabalataanis waliinummaan jiraachuu hawaasichaa ibsuun gochi tokko isa kaan akka hordofu tartiibaan qindeessuusaa agarsiisa.

Fkn. 3

Achii deebi'ee luka duubaa tokko cabsee, mataa buusee muka jala dhaabachaa oola, amma namni itti fe'atu qabatee deemutti. (Lachiisaa 2025, kutaa 1, f. 7)

Yaada armaan olii keessa qindoominni himaa jiru, duraa duuba caaslugaa kan eege miti. Haata'u malee barreessaan kun akka silaa ta'uu qaburraa maqsee hawwattummaasaa dabalee dhiyeesseera. Akka seera afaaniitti "**Achii deebi'ee, hamma namni itti fe'atu qabatee deemutti luka duubaa tokko cabsee, mataa buusee muka jala dhaabachaa oola.**" yoo jedhe sirrii ta'a. Amma garuu seera kanarraa goree akka armaan olii kanatti qindeessee agarsiise.

Fkn. 4

Gara natti dhufee hinbeeku guungummii keessa kootiitu najalaa miliqee bahe. Namuu nan dhageenye. Bitaa fi mirga koo dhaggeeffadhee mirkaneeffadheera. Tarii haasaa jibbiinsaa ta'innaa laata? Moojisaati malee! Geerarsi weellisaa Haacaaluu waan burree, burree sa'aa horree, burree namaan hoogganamnee, burree lafaa keessa jiraanne... sammuutti na dhufnaanan keessaa fuudhuu eegale. (Lachiisaa 2025, Kutaa 5, f.83-84).

Fakkeenya armaan olii keessatti kan gurraacheffamee dhiyaatee jiru, akka seerluga Afaan Oromootti hin qindoofne. Himni Afaan Oromoo tokko matimarraa eegalee gochimaan xumurama. Kan gurraacheffamee barreeffame keessatti:

Burree sa'aa horree kan jedhu= sa'a burree horree

Burree namaan hogganamne= nama burreen hogganamne

Burree lafaa keessa jiraanne= lafa burree keessa jiraanne

Akka seera afaaniitti kan gara mirgaa ta'a. Haa ta'u malee barreessaan akka miidhagummaansaa dabalutti maqibsa dura, maqaa gidduu, gochima dhuma godhee dhiyeessuun biyya kana kan geggeessu nama Oromoo fakkaatee Oromoo miidhu akka ta'e

bifa kanaan qindeessee ergaa barbaadu dabarfateera. Kunis wanti hundi bifa jijjiirratee Oromootti walgeddaraa hanga har'aa miidhaa qaqqabsiisaa jiraachuusaa agarsiisa.

Fkn 5

“Keenya...keenyaan bakka itti mo’etti jiraachuun ulfaataadha. Dur gaafa Oromiyaarraa gara Oromiyaatti dhufnu bakka kanatti jaarra jennee turre. Har’a garuu jaaruu dhiisii dargaggoomuunuu hindanda’amu. Waari’uu dhiisii galgaleeffachuun, galgaleeffachuu dhiisii waaree eeguun hindanda’amu” jedhe, Hundasaan (Lachiisaa 2025, Kutaa 6, f.103).

Waraabbii kana keessatti akkaataan qindoomina himootaa gubbaa gara gadiitti taasifame. Godinaalee adda addaarraa dhufuu agarsiisuuf, Oromiyaarraa gara Oromiyaa yoo jedhu Oromiyaa lamatu jira jechuu osoo hintaane, kutaalee garagaraa Oromiyaa keessa jiranirraa Oromoon tokko yoo dhufu jechuudha. Bakka kanatti jaaruu;dargaggoomuu, wari’uu; galgaleeffachuu; waaree walirra caalchisuudhaan kanallee gochuun akka hindandaa’amnetti dhiyeesse. Sababni inni akka kanatti qindeesseeffis gaaddisa jalatti walitti qabamnu maqaa Oromummaa qabaannus gandummaan waan guuteef abdii bakka sanatti jaaruu kan hinqabne akka ta’etti qindeessuu isaa agarsiisa. Dabalataanis ilaalchi gandummaa waan guuteef bakka tokkotti hojjetanii milkaa’uun gufuu guddina biyya kanaa ta’ee akka jiru agarsiisa.

Fkn 6

Hidhii bitaafi mirgatti micciiraa abdii kutachiisuuf yaalii gochaa jirti. Fuulli aadde Biiftuu amma caalaa ifeera. Daldaala akkanaaf muuxannoo waggaa hedduu qabdi. Baay’ee diigdee baay’ee ijaarteetti. Ijaaruuf diigdi. Diiguun ijaarti..(Lachiisaa 2025, Kutaa 12, ff. 190-191)

Waraabbii kana keessatti akkaataa barreessaan waa’ee gocha Biiftuu ibsuuf jechoota duraa duubatti deebisee qindeessee, walfaallessuun dhiyeesseera. Innis al-tokko diiguufi ijaaru, kan lammataa ijaaruuf diiguu, kan sadaffaa ammoo isa jalqabaa wajjin bifa adda addaa qabaatus yaada walfakkaatu of keessaa qaba. Taliilee nama isheen dur jaallattu irraa adda baafttee nama biraa kan maallaqa kennuufitti heerumsiiuuf gocha isheen gootu, muuxannoo isheen walqabsiisee dhiyeesse. Isheenis gaa’ila namootaa gidduu seenuun diigdee daldala taasifattee ittiin jiraachuushee kan ibsu(diiguufi ijaaru, ijaaruufi diiguu) gam lamaanitti fayyadamuushee agarsiisa.

Fkn 7

*“Hundi keessan olka’aa dhaabadhaa. **Bakka dhaabattanitti harka walqabadhaa. Wal hammadhaa...wal hammadhaa dhaabadhaa... dhaabadhaa wal hammadhaa... walhammadhaa!**” Akka waan namni dhaga’uu waa’ee dhaadannoofi harka walqabachuu odeessa. (Lachiisaa 2025, Kutaa 13, ff.213-214)*

Waraabbii armaan olii keessatti kan gurraacheffamee dhiyaate yeroo bulchaan gandaa uummati biqiltuu akka dhaabuuf ajaje, waldhabdee gidduu isaaniitti uumame furuuf tokkummaa jaalalarratti hinhundoofne akka qabaataniif yaalu agarsiisa. Innis akka dubbiin harkatti baduu ta’uusaa agarsiisuuf ol-ka’aa dhaabadhaa, dhaabadhaa harka walqabadhaa, wal hammadhaa...wal hammadhaa dhaabadhaa... dhaabadhaa wal hammadhaa... walhammadhaa! Jechuun yoo dubbatu, uummanni ammoo akka isaaf ta’utti mormii kaasee biqiloota qe’eesaaf barbaachisan dhaabuuf akka of qopheesse bifa kanaan qindeesseera. Kunis gocha fakkeessaa biyya kana keessatti sabaaf sablammoota maqaa tokkummaa jedhuun yeroo gara yerootti humnaan walitti fiduuf taasifamu agarsiisa.

4.2.3.2. Irra Deddeebii Gaaleefi Himaa

Irra deddeebiin kan mul’atu hima yookiin keeyyata tokko keessatti. Innis jechoonni, gaalewwaniifi himoonni irra deddeebi’amanii yoo argamaniidha. Haalli kun yeroo jechoonni gaalewwan sarara tokko keessatti walitti aananii dhufan agarsiisa. Kunis kitaaba kuusaa asoosamaa kana keessatti akkaataa barreessaan itti gargaarame bifa itti aanu kanaan xiinxalameera.

Fkn 1

*Sanbata ganama, gaafa Gabaan Incinnii dhaabattuudha. Roggee gadi itti guulee, gammoojjii olitti yaa’a. Ilmaan Liiban achuma oolu. Ammayyaaf lafa Ardaa Jilaa isaa_Laaftoo Yaa’iiti. Walisoofi Kuttaayes ollaa isaa kana dhufee **bitee gurgura; gurgurees bita**. Abbaan gabaa deemuuf, **bitee gurguruuf; gurguree bituuf**, akkuma **Farda Daamaa** luugamatee midhaan itti fe’uuf qophaa’etti bishaan afaan guute. **Daamaa** keenya, inni farda **fe’isaa**, ta’e qophaa’eera. Mataa buusee **fe’isaaf** dibdaaba eega. (Lachiisaa 2025, kutaa 1, f.1)*

Waraabbii kana keessatti irra deddeebiin gaaleefi himaa jiru kan himoota keeyyata kana keessatti gurraacheffamanii dhiyaataniidha. Innis bakka ulfoo uummata naannoo sanaa kan ta’etti gabaan itti waa bitanii gurguran jiraachuusaa ibsa. Haala barreeffamaa kana keessattis

akkuma bituun jiru gurguruunis jira. Al-tokko yoo bite, al-tokko immoo nigurgura. Bitee gurguruu kan jedhu yeroo lama, gurguree bituu kan jedhu yeroo lama, farda Daamaa kan jedhuufi fe'iisaaf kan jedhus yeroo lama irra deddeebiin dhiyaateera. Akka kanaan fardichis waanuma namni barbaade isa godhe akka ta'u agarsiisa. Dabalataanis gochi tokko hawaasa keessatti bakka kan waljijjiiruufi wanti tokko tajaajila adda addaa kennuuf akka oolu kan agarsiisuudha.

Fkn. 2

*Seexanni jedhan kun “waan jedhu jedhee iyyee bahe” jedhan. Ergan of beekee Maammiruun waraqaa dheeraa halluu magariisa, keelloofi diimaan barreeffamte uffataan **maranii hodhanii, hodhanii maranii, maranii hodhanii** “ Hoodhu kudhaama” naan jedhan. (Lachiisaa 2025, Kutaa 1, ff.3-4)*

Baanuu armaan olii keessatti irra deddeebiin gaalee ‘maranii hodhuufi hodhanii maruu’ kan jedhuudha. Yeroo Mammiruun kadhannaa gochuuf waraqaa halluu gosa sadii qabu fidee dhufu ittiin ibsuuf barreessaan haala kanaan irra deddeebi’ee dhiyeesse. Irra deddeebiin kunis ‘kudhaami’ jedhan sun hodhaan isaa irra deddeebi’ame kan xaxamee hodhamu akka salphaatti cituu kan hindandeenye ta’uusaa agarsiisa. Barreessaanis kudhaamni kun hojii falfalaa yookaan tolchaa kan qabu ta’uusaa akkasumas dhiibbaa karaa sanaan dhufe ija siyaasaan ibsuun barreessaan ergaasaa ittiin dabarfateera. Iccitiin achi kssa jiru ilaalcha Itiyoophiyaanummaa kan sirna qeenxee of keessaa qabu karaa ittiin uummata Oromootti fe’an ta’uusaa agarsiisa.

Fkn. 3

*Falaasama jireenyaa mataa isaas qaba. “**Namni namaa gadi miti; namni namaa olis miti, namni nama malee nama miti**” jedheetu amana. Hinjarjarin, hanga dhumaatti cichi; rakkoo keef furmaata atumti ta’i. Gaafa ijibbaatte namatti himadhu.” Falaasama akkasii qaba. Falaasama walootti amanuufi leellisu! (Lachiisaa 2025, Kutaa 9, f.137)*

Waraabbii kana keessatti himoota sadii walqabsiistuu malee sirna tuqaaleettiin walitti qindeessee dhiyeessee jira. Isaanis

Namni namaa gadi miti.

Namni namaa olis miti.

Namni nama malee nama miti.

Kan irra deddeebiin dhiyaate isaan gurraacheffaman kanadha. Warri jalqabaa lamaan yaada isa hinjarjarin; hanga dhumaatti cichi; rakkoo keef atumti furmaata ta'i jedhuun walqixa. Kan sadaffaa ammoo isa, gaafa ijibbaatte namatti himadhu jedhuun walqixa. Yaada kana keessatti inni tokko ergatee, inni tokko ergamuun sirrii akka hintaane; bilisummaa qabaachuu akka qabu agarsiisa. Ilaalcha walqixxummaa qabaachuusaa agarsiisuuf, inni tokko isa kan biraa wajjin akka miidhagu barreessaan irra deddeebii kanaan agarsiise.

4.2.3.3. Irra Deddeebii Hundee Jechaa

Irra deddeebiin hundee jechaa, jecha tokko himoota keessatti unka addaa kennuufiidhaan fayyadamanii agarsiisuudha. Haalli akkasiis hima ykn keeyyata keessatti jechi unka adda addaa qabatee dhiyaate yaada darbu sana bifa adda ta'een dabarsuuf fayyada. Hundeen jechaa irra deddeebi'amuun miidhagina seenaa asoosamichaa dabaluuuf gargaara. Kunis asoosama kana keessatti akkaataa barreessaan itti gargaarame akka itti aanutti xiinxalameera.

Fkn 1

Daamaan osoo ba'aa ofirraa jiksuu danda'uu hunda baate. Midhaan isa nyaannuufi laannu, qoraan isa ittiin nyaataniifi isa ittiin laannuuf, isaaniifi maatii isaanii, nuyiifi maatii keenya, fe'isaafi nama baate. Gaafa farda kooraa ture sana Abbaa koo, Luba tureefi haadha koo Haadha Ateetee baattu baata ture. Akkoo koo beera cifirees, akaakayyuu koo Gadamooggiis, Ulfoo baata ture. Bakka ulfoo- jilaafi jilaan jilata ture. (Lachiisaa 2025, kutaa 1, ff. 1-2)

Waraabbii kana keessatti hundeen jechaa jalqabarra jiru kan irra deddeebi'ame, ' nyaannuu, nyaatanii, laannu, laannuuf, isaanii, nuyiifi keenya, jilaafi jilaan jilata' kanneen jedhaniidha. Isaan kunniin unka adda addaa qabatanii irra deddeebi'amanii miidhagummaa barruchaa dabalani jiru. Kana keessatti fardichi yeroo farda kooraa ture, seenaa uummatichaa keessatti akkaataa bulchiinsa Sirna Gadaatiin walgeggeessuun jiraachuusaa, fardis bakka jila kanaa deemuun tajaajila kan kennu akka ta'e agarsiisa. Garuu erga baataa ta'ee, meeshaa nama hundaa, kan abbaan fedhe akka barbaade godhu ta'uusaa hubachuun nidanda'ama.

Fkn.2

Kanaaf immoo baadiyyaan qulqulluu, nagaa, waloona hojjechuuf, waloona nyaachuu, gaafa du'aa wal awwaaleetu, gaafa cidhaa sirbee walfuusisa. Gamtaan qotee, gamtaan haramee, gamtaan haamee, gamtaan dhaheetu, gamtaan gootaraa guuta. (Lachiisaa 2025, kutaa 1, f.4)

Waraabbii armaan olii kana keessatti jechoonni jalqaba himaarratti gurraacheffamanii dhiyaatan irra deddeebi'amanii jiru. Jechi “**waloon**” jedhu yeroo lama kan irra deddeebi'ame yoo ta'u, jechi “**gamtaan**” jedhu ammoo yeroo shan irra deddeebi'amee dhiyaateera. Yaadrimeen hundee jechoota kana lamaanii tokko ta'ee, unka yookaan bifa adda addaan dhiyeessuun, barreessaan ergaa guddaa walta'anii, gurmaa'anii hojjechuun aadaa uummata baadiyyaa bira jiru ta'uusaa agarsiisuuf bifa jijjijjiiree dhiyeessee jira. Kun ammoo tokkummaan jiraannaan wanti hundi salphaa ta'ee akka xumuramu agarsiisa.

Fkn. 3

*Guutaan yaada isaa hinxumurre. Yaada isaa ciniinnatee itti fufe, “Gaaftokko nihorra. **Miidiyaa** waan uummanni guungumu dhageessisu. **Miidiyaa** seeraafi hawaasa sodaatu. **Miidiyaa** paartii siyaasaa hinsodaanne. **Miidiyaa** kallattii maraan hojjatuufi yaadu.” Hawwii Guutaati.(Lachiisaa 2025, Kutaa 3, f.53)*

Waraabbii kana keessatti jechi ‘miidiyaa’ jedhu yeroo afur irra deddeebiin dhiyaateera. Inni kun ammoo akka jechoota warra kaanii unkisaa kan jijjiiramee dhiyaate osoo hintaane, yaadota unkaafi ergaa adda addaa dabarsan faana irra deddeebi'amee dhiyaatee jira. Innis quuqqaa hawaasaa kan ibsu, safuu hawaasaafi seera kan kabaju, walaba kan ta'efi guddina biyyaaf miidiyaa hojjetu horachuun akka danda'amu waliin walqabsiisee dhiyeessee jira. Akka yaada barreessaatti miidiyaan akkanatti uummataaf bu'aa buusuu danda'u gara fuuladuraatti kan barbaachisuufi ijaaramuu kan qabu ta'uusaa agarsiisa.

Fkn 4

***Gasoo** koo malee **gasoon** kee hinhojjetu;**biqiloota boroo koo malee biqiloonni boroo kee** hinfayyadan; **kan ani hojjedhu** malee **kan ati hojjettu** hinmiidhagu; **kan ani jedhe hojjedhu** malee **kan ati jette** hinhojjedhuun ganda kana keessatti amala beekamaafi hongeef saaxileedha.(Lachiisaa 2025, Kutaa 13, f.207)*

Waraabbii kana keessatti hundeen jechoota jalqaba himoota fakkeenya armaan olii kana keessatti dhiyaatanii al-tokko bifa tokko, yeroo biraa ammoo bifa biraa qabatanii dhiyaataniiru. Isaanis, (gasoo koo; gasoon kee, biqiloota koo;biqiloonni kee, kan ani jedhe; kan ati jette,) kanneen jedhaniin barreessaan ofittummaafi kan kootu caalaa biyya kana keessa jiru agarsiisuuf bifa kanaan ibsee dhiyeesseera. Unki isaanii irra deddeebiin jijjiiramee mul'achuun isaa faallaa gochuufi kan kootu caalaa yaada hawaasa sana keessaa calaqqisu, kun ta'uun ammoo miidhaa biyyarratti kan fide ta'uusaa agarsiisa.

4.2.3.4. Walmaddeessuu

Walmaddeessummaan adeemsa yaada walfakkaatu walfaana adeemsisuun jechoota hiikaan walfakkaataniifi caasaan walgitan walduraa duubaan qindeessuudha. Tooftaan walgitiinsaan qindeessuufi tarreessuu kun tooftaa barreessaan tokko kanneen biroorraa adda addummaa ittiin agarsiisaniidha. Kitaaba kana keessattis tooftaa barreessaan ittiin barreesse kun haala armaan gadiitiin xiinxalameera.

Fkn.1 Guyyaan sun jimaata ture. Gaafa dabareen tikaa na dirqamsiisee manaa na baase. Akkuma namni siif ta’u, atis namaaf taata. “Harki dabaree waldhiqa” akka mammaakan. Kanatu guyyaa kana nabobbaase.(Lachiisaa 2025, kutaa 1, f.1)

Waraabbii kana keessatti yaadonni walmaddii dhiyaatan kan hiikaafi caasaan walqixxaatan barreessaan walcina qabee dhiyyeessee jira. Innis yaada namni tokko yoo nama gargaare, nama biraa gargaarsa argachuu akka danda’u agarsiisu wal bira qabuun ergaa barbaadamu dabarsfatee jira. Kunis ammoo mammaaksaafi ergaa mammaaksichaa walmaddii kaa’uun tooftaa barreessaan itti dhimma bahe ta’uusaa hubachuun nidanda’ama. Kana keessatti gocha gaarii namni namaaf godhu tokko gaarii gochuun akka deebifamu, gochi hamaan namni namarratti raawwatus gatiin isaa isumaan walqixa ta’uusaa agarsiisa.

Fkn. 2

Baadiyyaan akkuma dhamaatii qabdu, ammoo nagaas qabdi. Akkuma gaarummaa ishee hayii...hayii laalaa! Miidhaa ishee! jireenya baadiyyaa. (Lachiisaa 2025, kutaa 1, f. 4)

Waraabbii kana keessatti barreessaan waan lama waliin walbira qabee dhiyeesse. Gama tokkoon jajaa gama biraan tuffataa jira. Rooba gannaa keessa dhoqqeefi qorra jiru dhamaatiin walitti hidhee, gamtaan jiraachuu uummatichaa nagaan walitti hidhee dhiyeesseera. Joormaa yookaan dadhabbiifi qananii baadiyyaan nama gonfachiiftu, altokko immoo gaarii ishee keessaa kan jaalalaafi tokkummaa hawaasichaa wal bira qabee dhiyeesse. Jechoonni kunneenis;

Dhamaatiifi naga; Gaarummaafi miidhaa

Isaan kana walmaddeessee, bifa kanaan ergaa barbaadamu dabarfachuu danda’eera. Gama biraatiin dhamaatiin= miidhaa waliin yoo waldorgomsiifaman, nagaan= gaarummaa waliin dorgomsiisee dhiyeessuusaa agarsiisa.

Fkn. 3

*Gaaddisaan amma magaalaa Sulultaa obboleettii isaa bira jira. **Biyya dhiigni sa'aafi dhiigni lafaa walgitu- Aannaniifi bishaan.** Maaltu beeka gatii dhiiga namaas! Kan gurraan dhageenye argaa jirra.*(Lachiisaa 2025, Kutaa 3, f.44)

Waraabbii armaan olii kana keessatti yaada lamatu dhiyaatanii jiru. Innis Sulultaan dachee horsiisa looniifi albuuda bishaaniin beekamtu ta'uusaatu dhiyaate. Yaadonni walmaddii dhiyaatan kunniin caasaadhaan walcaalanii hiikaan yookaan ergaadhaan walqixxaatanii jiru.

Isaanis

Biyya dhiigni sa'aafi dhiigni lafaa walgitu- Aannaniifi bishaan.

Dhiiga sa'aa=aannan

Dhiiga lafaa= bishaan

Bifa kanaan barreessaan jechoota kana walmaddeessuudhaan haala teessuma lafa Sulultaa, haala mijaa'ina qabeenyaa jiru ittiin agarsiisuun dhiyeesseera. Kun ammoo haala teessuma lafaa Oromiyaan qabdu kan magariisummaashee dhiiga lafaan dorgomsiise. Baay'ina qabeenya looniifi oomisha aannanii ishee ammoo dhiiga sa'aan walmaddii qabee dacheen kun kanaan badhaatuu akka taate agarsiisa.

Fkn. 4

*Gaafa awwaallee gallus osoo midhaan hin nyaatin dura akkasuma bishaan qadaada qabeetti qopheessanii quba moggee harka bitaan cuuphnee ija keenyaafi maddii keenya haxaawachuun isa hafe luka bitaan dhiinnee jiksuu keenya yaadadhe. **Du'aafi rakkoo akkanatti bitaa galchu. Garbummaa maaf bitaa galchuu dadhabne? Osoo burreen jiruu akkamitti ta'a silaa!***(Lachiisaa 2025, kutaa 5, f.91)

Baanuu armaan olii keessatti kan gurraacheffamee barreeffame yaadota walmaddii hiriirsuun barreessaan ergaa babaadamu ittiin dabarfachuuf itti gargaarameedha. Kunis raawwii yeroo namni tokko du'ee awwaalamu sirna '**hirmii baasuu**' keessatti aadaadhaan raawwatamu fudhatee, dhimma siyaasaa furmaata dhabeef furmaata barbaaduu agarsiisuuf bifa kanaan dhiyeesseera.

Du'aaf rakkoo akkanatti bitaa galchu=garbummaa maaf bitaa galchuu dadhabne? Osoo burreen jiruu akkamittiin ta'a silaa! Jechuudhaan ofumaaf yaada dhiyeessee, ofumaaf gaaffii of gaafachuun, ofumasaaf ammoo deebii itti kennuun bifa kanaan dhiyeesseera.

Haata'u malee namoonni yaada hiran osoo jiranii bilisummaan kan hinargamu. Akka yaada barreessichaatti du'iifi rakkoon garbummaa wajjin walqixa ta'uusaa isaa agarsiisa.

Fkn. 5

*Gareen wal qeequufi wal deggerus akkasuma jira. "Maal godha walqixxummaan sabaafi sablammii waggaatti guyyaa tokko shubbisaan mul'achuun. **Cunqursaa dhoksuuf addunyaatti sirbaan mul'isa.**" Jechuun warren qeeqan jiru. "Amala badaa maqaa gaariin dhoksuuf yaalu jechuun guungumu. "Sirbumayyuu bara dhorkamaa turre qabnaa, haata'u jechuun warri galateeffatus jira.(Lachiisaa 2025, Kutaa, 10, f.157)*

Fakkeenya kana keessatti yaadonni armaan olitti gurraacheffamanii dhiyaatan kunneen caasaafi ergaa walqixa ta'aniin walmaddii qabamanii dhiyaatanii jiru. Isaanis akkaataa barreessaan itti qindeesse, jechootaafi unka garagaraa ta'us hiika walfakkaataa gumaachuun akka waltumsan taasisuu danda'eera. Yaadichis

Cunqursaa dhoksuuf addunyaatti sirbaan mul'isuu= amala badaa maqaa gaariin dhoksuuf yaaluu kannneen jedhaniidha.

Yaani barreessaan waraabbii armaan olii keessatti dhiyeesse, biyya walqixxummaan sabaafi sablammootaa hinjirretti, biyya uummanni jaalala waliif hinqabnetti, addunyaa gowwomsuuf akka waan saboonni waljaallatan fakkeessuun yeroo ayyaanni sabaafi sablammootaa biyya kana keessatti kabajamu gocha sobaa guyyaa sana qofa calaqqisiifamu agarsiisa.

Fkn 6

*Obboo Firasaan dur ganda isaanii keessattuu abbaa murtiiti. Namuu waan isaan jedhan jala hinba'u. Amma garuu, manuma isaaniitti hidhee hiikuu isa durii sana dadhabnaan hibboo itti ta'e. **Bara galateeffatu;bara abaaru. Bara waan fideeffitti gammadaa bara waa itti fide balaaleffata. "Yaa baraa! Baratu nama gabroomsa. Baratu nama bilisomsa. Barri mataa isaa bilisummaadha; gabroomfataadhas"** jechaa guunguma.(Lachiisaa 2025,Kutaa 12, f.192)*

Waraabbii kana keessatti kan gurraacheffamee dhiyaate kun walmaddeessummaa barreessaan yaada barbaadu ittiin waliin qindeessee dhiyeesseedha. Isaanis

- 1.Barra galateeffatu;bara abaaru
- 2.Barra waan fideeffitti gammadaa bara waa itti fide balaaleffata.
- 3.Baratu nama gabroomsa; Baratu nama bilisomsa.
- 4.Barri mataa isaa bilisummaadha; gabroomfataadhas.

Yaadota olitti dhiyaatan kanneen 1fi 2 irratti dhiyaatan yaada tokko waliin qabu. Kanneen 3fi 4 irraa ammoo ergaa walfakkaataa gumaachu. Haala kanaan barreessaan waanuma tokko keessa wanti nama fayyadu akkuma jiru wanti nama miidhu jiraachuusaa yaadota olitti dhiyaatan walmaddii qabuun dhiyeessuun ergaa barbaade dabarfachuusaa agarsiisa.

4.2.4. Akkaataa Sadarkaa Xinhiikaa

Ogbarruu keessatti barreessaan dubbistootasaa hawwachuuf maqiinsa sadarkaa garagaraatti dhiyeessuun ergaa barbaadame dabarsuu danda'a. Kun ammoo sadarkaa jechaatti, sadarkaa caaslugaafi sadarkaa hiikaatti ta'uu mala. Akkaataan as keessatti xiinxalame caaslugatu maqfame osoo hintaane, yaadasaati. Kitaaba kana keessattis akkaataa barreessaan maqiinsa kana gargaaramee ittiin dhiyeesse bifa itti aanu kanaan xiinxalameera.

Fkn. 1

Har'a Obboo Jaarsoon gammachuu guddaa keessa jiru. Ija jaameen argaa jiru. Teessuma kabajaa irra taa'anii cidha kana gurraan daawwachaa jiru.(Lachiisaa 2025, kutaa 2, f.1)

Waraabbii kana keessatti akkaataa barreessaan jechoota itti filatee ergaa dabarfachuu barbaade ittiin ibse jechoota al-idileeti. Isaanis(ija jaameen arguufi gurraan daawwachuudha). Filannoon jechootaa kun akka ilaalcha hawaasa keessa jirutti waan faallaa ta'eedha yookaan ammoo, ija jaameen arguun hindandaa'amu. Kana malees gurraan waan tokko daawwachuun gonkuma hinyaadamu. Haata'u malee akka barreessatti, obbo Jaarsoon ija jaame keessaan gurra isaaniitiin akka taateefi gammachuu cidha ilmaansaa ilaalee gammadaa jirutti dhiyeesse.

Fkn. 2

Kichuun cabuu, harmi goguun, daa'imni boowuun, maanguddoon dheechohuun, dargaggeeyyiin humna dhabuun gatantaruun, gaheessonni dhala dhabuun maseenuun, lafti hagabuu buluun, qe'een hongaa'uun Kana fida.(Lachiisaa 2025,kutaa, 2, f.22)

Waraabbiin kun kan agarsiisu akkaataa filannoon jechootaa barreessaan ittiin dhiyeesse uumamoota silaa akka ta'uu hinqabne ta'an godhee dhiyeesse. Uumamni kunniin akkas ta'uu hindanda'an jechuu miti. Garuu yoo safuufi safeeffannaan bade wanti hundinuu faallaa deemuu kan danda'u ta'uusaa jechoota kanneen filachuun dhiyeesseera.

Fkn 3

Duulaan ayyaana Masqalaa biyyatti dabarsee gara handhuura biyyaatti godaane. Xalayaan sagalee misiraachoo qabu dhaga'e. Amanuufis rakkachaa jira. Wabiin dhufaa jira. Dhufuu qofa osoo hintaane, cidha guddaan akka mul'achuu barbaadus asaasameera. (Lachiisaa 2025, Kutaa 2, f.39)

Waraabbii kana keessatti filannoon jechaa barreessaan itti gargaarame, kan gurraacheffamee dhiyaate akkaataa baratamerraan adda. Wanti adda isa taasises waa'een cidhaa ni'odeeffama malee hinasaasamu. Kan hasaasamu dubbii iccitii qabuudha. Haata'u malee asaasamuun dubbii cidhaa kun bifa adda ta'een akka raawwatamu akka ta'e godhee barreessaan tooftaa kanaan dhiyeesseera. Inni biraan Wabiin erga badee bubbuleera. Yeroo dheeraa boodas argame. Waa'een jiraachuusaa erga beekamee ammoo, cidha ho'aa taasifachuun akka qe'eetti deebi'u asaasamuun isaas cidha lama keessummeessuu akka ta'etti dubbatamaa kan jiru ta'uusaa agarsiisa.

Fkn. 3

*Waan dadhabe fakkaata shamizii adii qaanca fakkaatu qofaan taa'ee dafqa finiinsa. Coomatu irraa baqaa jira fakkaata. Iyyeessi daalachaa'e irraa dibachuu danda'a. Yeroo kaan silaa Gaaddisaan saalfatus osoo Suutumee **hinfuunfatin hintaa'u**, har'a waan dadhabeef **callisee diriire**.* (Lachiisaa 2025, Kutaa 3, 48)

Waraabbii kana keessatti kan gurraacheffamee dhiyaate, akkaataa yeroo Gaaddisaan hojiitii galu haadha warraasaa Suutumee itti dubbisu yookaan jaalala isheef qabu ittiin ibsatu agarsiisuuf filannoo jechaa barreessaan itti gargaarameedha. Jecha hinfuunfatin hintaa'u jedhu kana osoo hindhungatin kan jedhu osoo gargaarame ta'ee, namni hunduu jaalala kan agarsiisu dhungannaa akka ta'e inuma beeka. Xiyyeeffannoon barreessaas jaalala isaan waliif qaban ibsuurraan kan ka'e akkamitti akka ishee jaallatu fuunfannaadhaan ibse. Haata'u malee gaafa sana akka durii miirri kun itti hindhaga'amne waaan tureef, dadhabe taa'e jechuurra 'nidiire' kan jedhu filachuusaa agarsiisa. Diriiruun isaas hanga dadhabbii olaanaan gaafa sana miirasaa irraa kan ture ta'uu calaqqisiisa.

Fkn. 4

*Hundarra kan na gaddisiisu gaazexeessitoota biyya keenyaati. Tuubboo ta'an. Tuubboo bishaan keessa ya'u. waan fedhan, waan arganii dhaga'an osoo hintaane waan ajajaman qofa dubbatu. Kan waan arge dubbate iddoon isaa **gaashireedha**. Ogummaan isaaniifi isaan dugdaaf garaa ta'an.* (Lachiisaa 2025, Kutaa 3, f.52)

Yaada olii kana keessatti akkaataan filannoo jechaa barreessaan itti gargaaramee dhiyeesse waa'ee gaazexeessitootaa, naamusa gaazexeessummaafi kan biyya keenyaa, waa'ee dhugaa dubbachuu isaaniif akkam akka taa'an irratti carraan isaanii mana hidhaati jechuu dhiisee 'gaashiree' akka ta'e himee jira. Kun nama hundaaf ifaa miti. Sababni isaa bakka hundatti mana hidhaa jedhamee waan beekamuuf barreessaan akkaataa kanaan filatee yaadasaa ibsatee dubbistoonni xiinxalanii akka bira gahanitti dhiyeesse. Ogummaa isaaniin haqa uummataa dhiyeessuu osoo qabanii soda jireenya isaaniif soba akka dubbatan, hidhamuurra waan itti kenname qofa akka himan taasifamuu isaanii kan agarsiisuudha.

Fkn 5

*Galmoonis kunoo obboleessa ishee dhirsa ta'eef waliin jiru. Garuu ta'iin kun nanaasiseera. Hamaan yoo dhufe nahanqataa? "Ollaan naggaa bulee; nagaan bulan" jedhan. Osoon deebii ofii hinkennin **warri uffata burree waa ofcina rarraasanii** ol-nam'an. "Waan Waaqni fide lafti ba'aa hindadhabdu," jedhama. "Eegeefi gaabbiin booda deemti." Hima didduu!(Lachiisaa 2025. Kutaa 4, f. 82)*

Waraabbii armaan olii keessatti akkaataa filannoo jechootaa kan gurraacheffamee dhiyaate kallattiin kan waa saaxilu osoo hintaane, bifa iccitaawaa ta'etti gargaaramee barreessaan kan dhiyeesseedha. Innis yeroo Kaateelloon machaa'ee galuun ishee reebu ilaalchisee namni mana kireeffatee taa'u ollaa wajjin bulu jechuun yaada hawaasummaa qabu dhiyeessutu jira. Qaamonni nageenyaa, nageenya tasgabbeessuufis yeroo isaan dhufan ibsuuf, qaamoleen nageenya kabajchiisan 'poolisii, waraana'kan jedhu dhiisee cinatti goree warra uffata buburree, waa rarraafatan jechuun dhiyeesseera. Buburrummaa qabaachuun uffataa qaama nageenyaa qofa ibsa osoo hintaane, sana cinatti waa raarraafatanii deemuun isaanii meeshaa waraanaa uffaticha waliin deemu xiyyeeffatee dhiyeessuusaa agarsiisa.

Fkn.6

*Guyyaa har'aa kan himatame **Abbaa Battali**. Abbaan Battal lafa qotatuufi horii tikfatu dhabnaan ganda kanatti godaane. Biyyattis makamee jiraate. Lafa qarqara qabu bitatee guyyumaan taakkuun itti butatee lafa daangaa dhiibe. Akka nama moxobii qotuu **daangaa qoccola**.(Lachiisaa 2025, Kutaa 5, ff. 87-88)*

Yaada armaan olii kana keessatti filannoon jechootaa kan abbaan Battal daangaa qoccola jedhee barreessaan akkasitti dhiyeesse, namicha as-dhufteen isaa hinbeekamne, kan akaakileefi abaabileen isaa akka waan bakka sana ta'eetti of ilaalu, garuu lafa namoota naannoo sanaa saamaa jiru akka ta'e agarsiisuuf maqaa Abbaa Battal jedhu moggaasaniif

malee maqaan isaa ganamaa Ballaxaa jedhama. Innis battalatti dhufee weerara lafaa inni geggeesse agarsiisuuf uummati kan ittiin waamu ta'uusaaf barreessaan jechoota kana fayyadamee jira. Kana keessatti jechi bifa idileen daangaa dhiibuu jedhu daangaa qoccola kan jedhu taasisee barreessaan dhiyeesse. Qoccoluun osoo akka seera afaaniitti ta'ee, nama wal-loluuf jechoota walitti deddeebisu bakka bu'a. Haata'u malee daangaa dhiibuu kan jedhu dhiisee qoccoluudhaan bakka buusee dhiyeesseera. Qoccoluun waan itti deddeebi'amee yeroo yerootti raawwatu ta'uusaa agarsiisa.

Fkn 7

Qonnaan bulaan lafa dhiisee siyaasa qota. Barsiisonni kitaaba barattootaa dhiisanii siyaasa kitaabicha uume xiinxalu. Daldaltoonni qarshii lakkaa'uu dhiisanii siyaasa qarshiin ittiin dhufu lakkaa'u. Hakiimni dhukkubsataa ciibsee siyaasa dhukkubsataa wal'aana. Ogummaatu siyaasa ta'e. (Lachiisaa 2025, Kutaa 6, f.106)

Fakkeenya armaan olii keessatti akkaataa barreessaan ta'iinsa yeroo ammaa biyya kana keessa jiru ibsuuf jechoota adda addaa filatee ittiin qindeesse kan ogeessi waan ogummaasaatii dhiisee dhimma biraa isa hingalchine hojjetu agarsiisuuf gargaarameedha. Qonnaan bulaan hojii qonnaa dhiisee siyaasa keessa galuu, barsiisaan dhaloota qaruu dhiisee waa'ee namoota kitabicha qopheessanii xiinxaluu, ogeessi fayyaa waa'ee dhukkubaa dhiisee waa'ee dhukkubsataa haasa'uun waan silaa ta'uu hinmalle akka hintaane ta'uusaa akkaataa kanaan dhiyeesseera. Akka yaada barreessaatti Ogeessi hundi hojii ogummaasaa osoo hojjetee biyyi kan jijjiiramtuudha. Amma garuu kun hundi faallaa ta'ee namni hundi ogummaa isaa dhiisee dhimma biraa keessa seenee borcaa jiraachuusaa agarsiisa.

Fkn 8

*Muuxannoon kun jireenya baadiyyaa keessa jira. Baadiyyaa boorataa, qabsaa'aa, lolataafi ammoo injifataadhas. Daa'imman biqilarraa indaaqqoo eegdi. Ijoolleen hiriya hoolaafi jabbileeti. Tokko yoo qotu, kaan ni'arama. Inni manaa immoo **boolla Waaqni uume duuchuuf shurshura.*** (Kutaa 9, f.136)

Waraabbii kana keessatti kan gurraacheffamee barreeffame, filannoo jechaa namoota hojii hojjetan yookaan miseensota maatii qallabuuf warri mana keessaa biddeeniifi ittoo hojjetan jiru. Isaan kana ibsuuf barreessaan jechoota '**boolla Waaqni uume duuchuuf shurshura**' kan jedhuun dhiyeesse. Kun ammoo akkaataa filannoo jechootaa kan ergaa barbaadame dabarsuuf humna guddaa qabu jedhee barreessaan gargaarameedha. Kun kan agarsiisu namoota mana tokko keessa waliin jiraatan gita hojii adda addaarratti bobbaa'anis hundinuu

nyaata barbaadu. Warri dhiirotaa hojii bakkeerratti xiyyeeffachuu agarsiisuun, warri shamarranii ammoo namoota hojii dirreerratti bobbaa'an kanaaf mana keessaa akka nyaata qopheessaniif agarsiisa.

Fkn 9

Lafti keenya agabuu bulee hinbeeku. Loon keenyas akkasuma hinqooqan. Hunduu karooraan hojjetama. Qe'ee keenyatti midhaan mana bahuun aadaadha.(Lachiisaa 2025, Kutaa 9, f.137)

Waraabbii armaan olii keessatti kanneen gurraacheffamanii dhiyaatan, akkaataa barreessaan lafti osoo hinqotamin hafee kan hinbeekne ta'uu, loon gabbatoo ta'uusaanii agarsiisuuf bifa kanaan dhiyeesse. Kana jechuun lafti akka namaatti yookaan akka lubbu qabeeyyii biroo kan waa nyaatu osoo hintaane, misoomaa akka ta'etti dhiyeessuu isaati. Laftiifi sanyiin walarganii oomisha hedduun kan irraa argamuudha. Loon isaaniis qallaba gahaa waan argataniif hinhuuqqatan jechuudha. Wanti hundi guutuu ta'uu, karooraan hoogganamuu, jireenyaan irraa hafa ta'uu isaanii agarsiisa.

Fkn.10

“Elaamee ijoolle akkas haa goonu. Amantaan kan abbaati. Afaaniifi aadaan immoo kan walooti. Amantaa feene afaan keenyaan, aadaa keenyaan haa fayyadamnu. Maqaa ijoollee keenyaa dabalatee, uffannaafi aadaa Oromoon kabajnee mana amantaa keessatti haa gargaaramanu. **Mohaammadiifi Yohaannis, Walda Gabri'eeliifi Yohaannis dhiisnee gara keenyatti haa deebinu.** (Lachiisaa 2025, Kutaa 10, f.164)

Waraabbii kana keessatti waa'ee adda addummaa amantaa ibsuuf akkaataa filannoo jechootaa barreessaan itti dhiyeesse, amantaan dhuunfaa ta'uu, aadaafi afaan kan waliin bakka tokkotti qaban ta'uu ibsa. Kana duukaa jarri sun akka ilaalcha Oromummaaf qabanirratti dammaqanii hojjetan gochuuf haalli inni yaadicha olkaasee dhiyeesse, moggaasa maqaa daa'immaniirratti gara Oromummaatti akka deebi'aniif maqaa dhaabbilee amantaa osoo hin tuqin, Mohaammad(Amantaa Musiliimaa), Yohaannis (Amantaa Pirooestaantii), Walda Gabri'eel(Amantaa Orthodoxsii) akka bakka bu'u agarsiisa. Haata'u malee barreessaan kana ibsuurraa maqee moggaasa maqaa namaa amantaa sana keessa jiru filatee dhiyeesseera.

Fkn 11

*Taliileen waajjira bulchiinsaa keessatti nooleedha. “Boru har’aafi kaleessa miti” jettee qabsoon jireenya waliin gootu hindhaabbanne. Namni ija itti babaasaa oolu garuu **kan rarraafate** hunda. (Lachiisaa 2025, Kutaa 12, f.186)*

Yaada armaan olii keessatti akkaataa barreessaan waa’ee namoota Taliilee barbaadanii ibsuuf jechootatti dhimma bahe haala olitti gurraacheffameen dhiyaatee jira. Innis ‘kan rarraafate hunda’ jechuun kan barreessaan dhiyeesse, dhiira kan ta’e hundi yookaan qaama saalaa dhiiraa kan qabu marti akka harkasaa keessa ishee galfachuuf barbaadu ibsuuf jecha kana filate. Osoo ka’ee dhiiruma hundatu ishee barbaada jedhee hagas mara hawwatummaa hinqabu. Kanaafuu akkaataan filannoo jechaa waraabbii kana keessa jiru bifa kanaan dhiyaachuun dhiironni hundi miidhagina isheef kan ishee barbaadan akka ta’e agarsiisa.

4.2.4. Akkaataa Sadarkaa Giraafoloojii

Giraafoloojiin damee xinqooqaa ta’ee, qaama akkaataa dhimmoota akka qubeessuu, qubguddeessaa, sirna tuqaaleefi luuccessuufaa(italication) of keessatti qabatuudha. Isaanis tokko tokkoon haala armaan gadiitiin xiinxalamaniiru.

4.2.4.1. Qubguddeessa

Qubguddeessi barreeffama keessatti maqaalee dhuunfaa adda addaa ittiin barreessuuf kan gargaaruudha. Akkasumas jalqaba himootaa kan sirna tuqaalee tokko tokko booda eegalan ittiin jalqabsiisuuf oola. Haata’u malee hojii ogbarruu keessatti seerri kun dhaabbataa ta’uu dhiisuu mala. Sababni isaammoo, ogbarruun mirga seera barreeffamaa addaa akka qabutti waan ilaalamuuf barreessitoonni seera kana dabsuun itti fayyadamuu danda’u jechuudha. Haaluma kanaanis kuusaa asoosamoota gaggabaaboo kitaaba kana keessa jiran sakatta’uun akkaattaa itti fayyadama qubguddeessaa qorataan haala itti aanuun xiinxaleera.

Fkn. 1

*Erga Daamaan hatamee galee Aabbaan **Farda Yaabbii** taasisuuf yaalanii turan. Godaannisni inni uume baayyatee, abdii irraa kutatanii akkuma **Harreetti** kan fe’isaa akka ta’u taasisan. (Lachiisaa 2025, kutaa 1, f.9)*

Waraabbii kana keessatti qubeeleen jechoota kana keessatti gurraacheffamanii dhiyaatan akkaataa barreessaan himoota gidduutti maqaalee agarsiisuuf itti gargaarameedha. Fakkeenya kana keessatti {**Farda Yaabbii**} jechuun barreessaan jalqaba jechoota lamaanii guddisee barreessee jira. Haata’u malee caasaan mallattoo kana keessa jiru gaalee yoo ta’u

qubee xiqqaadhaan barreessuun nidanda'ama. Sababni isaa jalqaba himaarratti osoo hintaane gidduu himaa waan jiraniif jechuudha. Kan lammataas {akkuma **Harreetti**} jedhee kan inni dhiyeesses akkasuma. Maqaa farda jedhus ta'e harreen moggaasa maqaa gamtaa waan ta'aniif isaan akkasii qubee guddaan barreessuun dirqama miti. Barreessaan garuu dhimmicha xiyyeeffachiisuuf bifa kana qabsiisee dhiyeesseera.

Fkn. 2

*Afachaa wayin isinitti himaa! Gaafa sana waan Ayyaanaan-Abjuun waan natti himametu jira. Maanguddoon Gurraachi siimessi kan naaf dhaame... “Warri itti fe’achuu baran sun Iyyerusaalem ittiin deemna siin jedhuun isaanii hinoolu. Baataan keessan immoo dhimma achi dhaquuf hinqabu. Warri achi dhaquu barbaadan **BAATAA** isaanii haa barbaaddatan. Ati garuu, Baataa si kuffise fudhuu deemi” (Lachiisaa 2025, kutaa 1, f.15)*

Waraabbii kana keessatti barreessaan jecha gurraacheffamee dhiyaate sagalewwan achi keessa jiran hunda qubguddeessee dhiyeesse. Jechi kun maqaa yoo ta'eyyuu jalqaba himaa irratti hinargamu yookaan immoo gidduu himaattis sagaloonni hundi qub-guddeeffamanii barreeffamuun seera afaanii miti. Haata'u malee barreessaan ogbarruu seera afaaniin waan hindaangeffamneef tooftaa kana gargaaramee waa'ee amantiitiin qabee xiyyeeffachiisuu keessatti itti gargaaramee bifa kanaan dhiyeessee jira. Qubguddeessa kanaan dhiyeessuun isaa namni hundiyyuu akka mataasaatti waan kan ofiisaa ta'e akka deeffatu kan agarsiisuudha. Dabalataanis farda yaabbiif ta'u hatanii maqaa jijjiiranii tajaajila fe'isaaf oolfachuun kun boodarra hafee yeroo keessa fardichi abbaa fardaaf deebi'uusaa agarsiisa.

Fkn. 3

*Baadiyyaa keessa yeroon hojjechaa turetti gatiin aannaniifi bishaanii walqixa yeroo ture yaadni kun sammuutti nadhufe. Sulultaa keessatti waarshaa aannanii **TOKKUMMAA** jedhamu dhaabe. Mana barumsaa **ABDII EGEREES** itti dabale. Ani nama hojjetee guddachuutti amanuudha. Silaa osoo miseensa dhaabaa ta'ee abbaa waarshaa mirreen ture. Mooraa sana balfuutu akka ani balfamu na taasise. Kanarraa kan ka'e kan natti aadu kumaafi kitila. “ ‘Osuma mortuun mortuu horiin horti' jedhee ciniinnadhee dide.” (Lachiisaa 2025, Kutaa 3, ff. 54-5)*

Waraabbii armaan olii kana keessatti maqaalee lama kanneen(TOKKUMMAAFI ABDII EGEREE) jedhan barreessaan qubguddeessee barreeffama gidduutti dhiyeessee jira. Moggasni kunniin maqaa dhuunfaa ta'anis akka seera afaaniitti hundi sagaleelee isaan irraa

ijaaramanii guddatanii barreeffamuu hinqaban ture. Haata'u malee seerri kun hojii ogbarruuf mirga waan ta'eef barreessaan tooftaa kana gargaaramee dhimmicha xiyyeeffachiisuu barbaadee ittiin dhiyeesseera. Gocha saamichaa lafa abbaa isaarratti taasifame kan maqaa inveestimentiitiin irratti raawwatame ibsuufi osoo tokkummaafi barnoonni jiraatee hamma kana gowwomuun akka hinjirre beekuun, tokkummaan uummata Oromoo keessatti akka xiyyeeffatamuu qabu gochuufi barnoonni ammoo abdii gara fuulduraa waan sana tumsuu danda'u ta'uusaa ittiin agarsiisuuf bifa kanaan dhiyeesse. Shira akkanaa dhabamsiisuun kan danda'amu tokkummaa cimaa ijaaruufi barnoota barachuun akka cimuu qabu agarsiisa.

Fkn 4.

*Barsiisaan biraa isaan waliin ture yaada Hundasaafi barsiistuu erga dhaggeeffatee booda akka taajjabbi wayii dubbate. “ABO’n tokkummaa Oromoo irratti hinhamatamu. Kana immoo barnoonni Magaalaa dheeraafi Shinniggaarraa argame ragaadha. Dhiigni horiifi namaa haada ta’eera. Imaammata kana calaqqisiisuus qabu. KFO’nis akkasuma naannummaan hinhamatamu. Kan hamatu immoo warreenuma masaanuu isaaniiti”, jechuun ejjennoo isaa dhumaa ibsate. Ammas mormiin itti fufe, “Warri sun dhuguma warra ejjennoo qaban. Isaan warra **OROM-DURIITI**. Har’a garuu isaan hinjiran (Lachiisaa 2025, Kutaa 6, f.105)*

Fakkeenya armaan olii kana keessatti akkaataa barreessaan jecha gurraacheffamee dhiyaate qubguddeessee dhiyeesse kun xiyyeeffachiisuu agarsiisa. Jechichi hammamuu yoo ta’e jecha tishoo waan ta’eef (Orom-durii) jedhamee barreeffamuu nidanda’a. Haata’u malee dhaabota siyaasaa armaan olitti dhiyaatan kunniin qabsoo Oromoon taasisaa ture keessatti duraa duubaan angafaafi quxisuu waan ta’aniif isaan lachan cimsee ibsuu barbaadeeti. Kana keessatti dhimma amantiif Oromoon akka gargar cabutti yaalii taasifame diduun hundee jabaa qabaachuu isaanii kan agarsiisuudha. Isaan akkasitti qabsaa’aa turaniifi kan ammaa gidduu garaagarummaan kan jiru ta’uusaas itti dabalee ibseera. Dabalataan ammoo dhaabileen adda addaa daandii qabsoo isaaniirraa kan dhufan isaan kun buleeyyii ta’uu isaaniifi dhaabileen siyaasaa yeroo ammaa biyyattii keessa jiran warra guyyaa keessa dhufan ta’uu agarsiisa.

Fkn 5

*Gochi torbee darbe **HOTEELA KEENYAA**’tti raawwates garee gooxii kanaan kan yaadamee qindaa’eedha. Gareen gooxii kun sababa ittiin aangoo irraa isa kaasan yaadan. Jeequmsa walfakkaatu bakka garagaraatti taasisuun itti fufnaan Hundasaan*

dhaabbata harka bal'isee isa eegutti iyyata jijjiirraa erge. “Kan hoodhuu hinbeekne as kennii maaltu barsiise?, akka Oromoon mammaaku. Eenyummaa naannoo kanaa kan dursu Oromummaadha.(Lachiisaa 2025, Kutaa 6, f.108)

Waraabbii kana keessatti tooftaa barreessaan jecha gurraacheffamee dhiyaate itti qindeesse, dhimmi gareefi gooxii yookaan gandummaa baay'ee rakkisaafi balaa hammaataaf biyya saaxiluu akka danda'u agarsiisuuf bifa kanaan gidduu himaatti dhiyeesse. Yeroo ammaa kana nama keenya, nama ganda keenyaa, nama aanaa keenyaa, nama godina keenyaa jechuun isa kan biraa achi dhiibuun akka jiru kan agarsiisu ta'uusaa ibsuun keenya, keenya jechuurra Oromummaaf dursa kennuun walgargaaruun akka barbaachisaa ta'e ibsuuf qubguddeessee barreesse. Gama biraatiin ammoo ilaalchi kun bakka qabatee waan jiruuf dhimmi achi keessa jiru dhimma hoteelaa osoo hintaane, rakkoo ilaalchaa gandummaarratti hundaa'e baay'ee cimaa ta'uusaa agarsiisa.

4.2.4.2. Sirna Tuqaaalee

Sirni tuqaaalee mallattoolee barreeffama keessatti bakka barbaachisaa ta'e hiriiruun ergaan barreeffama tokkoo akka hubatamu kan taasisaniidha. Bakka hinmalle yoo galan ergaa dhiyaatu gufachiisuu danda'u jechuudha. Isaanis akaakuu garagaraa kan qaban yoo ta'an, tajaajila adda addaaf kan oolaniidha. Kun seera waliigalaa afaan keessatti qaban ta'us barreeffama ogbarruu ta'e keessatti seera kanarraa maquun hojichi karaa adda ta'een ergaa barbaadame akka dabarsu taasisuun kan dhiyaatuudha. Kanaaf qorannoo kana keessatti akkaataan fayyadama sirna tuqaaalee barreessaan itti gargaaramee barruusaa dhiyeesse akka itti aanutti xiinxalameera.

Fkn 1

Marqaan irra buusaan naaf qophaa'e ture. Harkuma koon folqee, dhadhaa hanga jigileetti xurursaa itti jalqabnaan, “Fal'aanaan” jettee harmeen_fal'aana mukarraa hojjetame natti hiixatte.(Lachiisaa 2025, kutaa 1, f.1)

Waraabbii kana keessatti barreessaan sarara dheeraa bakka qoodduun galuu qabu galchee dhiyeesse. Akka seera itti fayyadama sirna tuqaaleetti qoodduun himoota gidduu bakka yeroo walitti fufiinsaan dubbifamu hafuurri adda citu yokaan ciroo hirkataafi ciroo ofdanda'aa gidduu seenee adda baasee agarsiisu galuu qaba. Haata'u malee barreessaan iddoo qoodduun galu kana sarara dheeraa() fayyadamee gargar baasuun dhiyeessee agarsiisee jira.

Kun ammoo walqabatiinsa qabaachuun yookaan hafuura tokkoon akka dubbifamu taasise.

Fkn 2

Sanbata ganama, gaafa Gabaan Incinnii dhaabattuudha. Roggee gadi itti guulee, gammoojjii olitti yaa'a. Ilmaan Liiban achuma oolu. Ammayyaaf lafa Ardaa Jilaa isaa_Laaftoo Yaa'iiti.(Lachiisaa 2025, kutaa 1, f.1)

Waraabbii armaan olii kana keessattis barreessaan sarara dheeraa() fayyadamee barreesse. Bakka kana walqabsiistuu filannoo agarsiisu keessaa(yookaan) kan jedhutu galuu danda'a. Haata'u malee barreessaan bifa hawwataa ta'een hafuura tokkoon akka dubbifamuu danda'utti sarara dheeraa kanaan walqabsiisee dhiyeesseera. Gama biraatiin Ardaan Jilaafi Laaftoo Yaa'iin bakka ulfoo Oromoon itti wal-gahee dhimmi isaa mariyatu ta'uusaa agarsiisuuf sarara kanaan walitti hidhee agarsiise.

Fkn. 3

Maal goonaree!? Silaa fardi birmaduu! Birmaduun birmaduu hinnyaatu. Farda qalannee hinnyaannu. Namni nama hinnyaatu; birmadus birmaduu hinnyaatu.(Lachiisaa 2025,, Kutaa 1, f.2)

Waraabbii kana keessatti akkaataa barreessaan sirna tuqaalee olitti gurraacheffaman keessaa mallattoo gaaffii(?) galche seera afaanii kan eege miti. Sababni isaa gaaffii gaafachaa jira osoo hintaane, dhimmicha ajaa'ibsiifachuu agarsiisa. Kana jechuun mallattoo raajeffannoo qofa gargaaramauu osoo qabuu, akkaataa kanaan lamaan isaa gargaaramuun dhimmichi walfaana yaada nama ajaa'ibsiisuufi furmaata kan barbaadu ta'uusaa agarsiisa.

Fkn. 4

Kabajni tiksee hamma kabaja loonii gaha! Tikseen aadaa qabdi. Tikseef aannan ulee fardaati. Tikseefi jaarsi areera hindhaban...(Lachiisaa 2025, kutaa 1, f.)

Waraabbii kan keessatti sirna tuqaalee gurraacheffaman ergaa mataa isaanii dabarsu. Hima jalqabaa keessatti akka seera afaaniitti (!) galuu hinqabu. Himichi hima himamsaa yookaan hima odeeffannoo dabarsu waan ta'eef bakka sana tuqaa(.) gala. Haata'u malee barreessaan tikseen kabaja qabaachuu ishee agarsiisuuf itti gargaarameera. Dhuma himichaarrattis(...) gargaaramuun isaa wantoota tikeef barbaachisan hedduun waan jiraniif dubbistoonni akka itti guutaniif banee agarsiise malee tuqaadhaan(.) goolabama ture.

Fkn. 5

Carraan Fardaa isa qoollifatee, carraan Harree isa simate. Maqaan isaas Baataa ta'e. Baataa waan hunda baatu. Baataa tolee malee hi'ii hinbeekne. Baataa nama hundaa! BaataaBaataa...Maaliif Baataa?...Maaliif....?

'Chee ...chee...chee...!' yoo jedhaniin bukkeetti utaaleetu lafatti nama ilaala. Maatii keenya keessaa namni godaannisa isaa hinqabne hinjiru. Ijoolleen hunduu nagaan dhalannee guddanne. Hamtuun dhufe Daamaadhaani. (Lachiisaa 2025, kutaa 1, f.8)

Waraabbii kana keessatti bakka gurraacheffamee dhiyaate keessatti akkaataa barreessaan sirna tuqaalee ittiin dhiyeesse waan baratamerraa adda. Hima {Baataa nama hundaa!}jedhu keessatti himoonni isa dura jiran tuqaadhaan goolabamanii jiru. Himichis tuqaadhaan goolabama ture. Haata'u malee barreessaan fardichi maaliif akka orma baachuu hindidne ajaabsifachuusaa agarsiisa. Isaan boodas {Baataa...Baataa...Maaliif Baataa? Maaliif...?} kan jedhu keessatti mallattoon fuftuu jiran yaadota hafan dubbistoonni ofii itti guutan(Baataa xinnaafi guddaa, Baataa beekaafi wallaalaa, Baataa firaafi alagaa) jedhufaa agarsiisuuf itti gargaarama.

Fkn. 6

Anis irreeffadhee yoon bahu nagaadha. Nagaa! Nagaa namaa_sa'aa, waatii-maatii, ardaa-malkaa...nagaa keenyatu jira. Nagaa Oromoo!...Addunyaa dhuma sana keessan jira. Amma gara addunyaa biraatti... Ayyaanichis nagaa nafaadhee... Halkan keessaa sa'aatii sagal ture...

Akka ukkaamamuu...akka bir'achuu...akka rifaatuu...ija koofi fuula koo gadi haxaawachaa... qaamni koo kanuma bishaan ta'ee akka kuruphee qeerransa argitee yoon olutaalu, warri nabira ciisanis wareeran.

Waa'een ta'ii kanaa anumattuu gaaffii ta'e?(Lachiisaa 2025, kutaa 1, ff.13-14)

Waraabbii olii keessatti, akkaataa barreessaan mallattoo raajeffannoo, sarara dheeraafi gabaabaa, tuttuqaa(fuutuufi) mallattoo gaffiitti gargaarama yaadasaa itti qindeesse addadha. Jalqabumarratti jecha (nagaa!) jedhu keessatti qoodduu galuu qabaa achii deebi'ee (Nagaa namaa_ sa'aaa) yoo jedhullee akka jalqabaatti osoo ta'ee mallattoo(!) gargaarama ture. Amma garuu qoodduu galchee dhiyeesse. Akkasumas bakka silaa walqabsiistuu (fi) yaadota (namaafi sa'aa, waatiifi maatii, ardaafi malkaa) fayyadamuu qabu sarara dheeraafi gabaabaa galchee dhiyeessera. Kana malees yaadota walfakkeenya qaban yookaan walitti aanan gargar

qoodee agarsiisuuf qoodduutti(.) dhimma bahuu kan qabu irraa maqsee (...)dhaan agarsiisee jira. Silaa kan ta'uu qabu(Akka ukkaamamuu, akka bir'achuu, akka rifaatuu) jedhee qoodduutti gargaarama. Kun ammoo tooftaa barreessaan itti gargaarame ta'uusaa hubachiisa.

4.2.4.3. Mirga-deebisuu/Luuccessuu

Akkaataan barreeffamaa tooftaa kanaan barreessuu xiyyeeffannoon waan barreeffame sanarra jiraachuu kan akeekuudha. Mirga deebisanii yookaan luuccessuun barreessuun dhimma xiyyeeffannoo bira darbee barreeffamicha miidhagina gonfachiisuu keessattillee gahee olaanaa qaba. Hojii ogbarruu tokko keessatti barreeffamoonni hundi luucceffamanii barreeffamu osoo hintaane, barreessitoonni dhimma barbaadan tokko dubbistoonni sirriitti akka xiyyeeffatan gochuuf tooftaa gargaaramaniidha. Kunis kitaaba asoosama gabaabaa Baataa: Hidhaa Asoogawwanii kana keessatti akkaataa barreeffamaa kana haala itti aanuun xiinxaluun dhiyeesseera.

Fkn. 1

“Maaloo Maammiruu naa waamaa, afaan agabuun haa ‘xammaquu ’ ” jette, Akkoon. (Lachiisaa 2025, kutaa 1, f.2)

Waraabbii kana keessatti jechi gurraacheffamee dhiyaate kun Kitaaba xiinxalamu kana keessatti luucceffamee dhiyaate. Innis tooftaa kanaan barreessuun isaa akka xiyyeeffatamu gochuudhaaf. Jechichi afaan biraa irraa ergisaan fudhatamuyyuu, ergaan isaa maal akka ta'e, afaan, aadaafi amantaa Oromoo keessa kan hinjirre ta'uusaa xiyyeeffachiisuuf mirga deebisuun barreesseera. Yeroo kadhannaan akkanaa barbaachisu akka amantichaatti afaan buleen kan raawwatamu ta'uusaa xiyyeeffachiisee agarsiisa.

Fkn. 2

Bokkuun Cittuu jila guddaa keessumsiisaa jira ture. Jibaatiifi Macca. Bara dukkana keessatti ifaafi ifa ta'uudhaaf jilli qophaa'e. Guyyaan isaa Dilbata. Michilleetu baallii dabarse. Aabbaanis, guyyaa sana Luba baallii kennu keessaa isa tokko ture. Aabbaan gara jilichaatti dhimmaman. Jidduu kanatti, hattuun dura itti yaadee dhufe sun Daamaa luugamame argatee harka keessa galfate. Silaa osoo luugama hinqabne ta'eetii eenyuyyuu qabuu hindanda'u ture. Guyyaa sanaa kaasee daamaan harka keenyaa bahee harka hormaa gale. Farda kooraa ta'uurraas Baataa ta'e. gaafa sana Gadaafi Jila isaas hatan.(Lachiisaa 2025, kutaa 1, f.6)

Waraabbii armaan olii kun hundisaa kitaabicha keessatti mirgadeeffamee barreeffamee jira. Akkaataa barreessaan itti dhiyeesses seenaa asoosamichaa qindeessuu keessatti, seenaafi sirna uummati Oromoo ittiin bulaa tureen walitti hidhee, akka itti baallii aangoo waliif dabarsan, akkatti Oromoofi fardi kooraa tajaajilu, gaafa baallii kennuu sana fardichi akka hatame, Sirni Gadaa Oromoos yeroo sanarraa ka'ee akka cabe ibsuuf barreessaan akkaataa kanaan dhiyeesse. Kanaanis dubbistoonni dhimmicha irratti xiyyeeffannoon akka dubbisuu qaban agarsiisa.

Fkn. 3

Kudhaamni Maammiruu qoricha budaa jaarsa gurraacha dheeraa sanaan bahe fakkaata. Budaa ta'aa laata? Qorichi budaa argameeraa? Ammoo anuu waanan beeku qaba: warra “yaaxxina Kaam” leellisuuf qorichi budaa jira. “Sanada Misir”_ “Sanada afaan Kooptikii” isa “Fitaanagasti”, “Kibranagasti” dhale.(Lachiisaa 2025, kutaa 1, f.14)

Waraabbii kana keessatti yaadonni luucceffamanii dhiyaatan kan barreessaan kitaabicha keessatti yaada alaa dhufaa (kan ganama Oromoo bira hinjirre) tokko ittiin agarsiisuuf dhiyeesseedha. Innis yeroo irreeffannaaf dhaqan sirni amantaa Oromoo kan hintaane akka cabuuf xiyyeeffatamuu kan agarsiisuudha. Kanaanis jechoonni luucceffamanii dhiyaatan kunniin dhiibbaa alagaa yookaan alaa dhufaa sana kan dhabamsiisu furmaanni isaa amantii ofiitti deebi'amuu akka qabu xiyyeeffachiisa.

4.3. Gosoota Itti Fayyadama Afaanii Asoogawwan Ittiin Dhiyaatan

Hojii ogbarruu tokkoo dhiyeessuu keessatti itti fayyadamni afaanii murteessaadha. Akkaataa barreessitoonni afaanitti gargaaramanii hojii isaanii itti dhiyeessan garaagarummaa guddaa qaba. Itti fayyadamni afaanii kun gosoota adda addaa kan qaban yoo ta'u, isaanis haala itti aanuun dhiyaataniiru.

4.3.1. Itti Fayyadama Jechamootaa

Jechamni gosoota ogafaanii keessaa isa tokkoodha. Ogafaan haala dubbii afaaniin daddarbu yoo ta'u, innis tooftaa itti fayyadama afaanii hojii ogbarruu ta'e tokko keessatti barreessitoonni itti gargaaramaniidha. Qorannoo kana keessattis barreessaan akkamitti jechamoota gargaaramee yaadasaa dubbistootaaf akka dhiyeesse bifa armaan gadiitiin xiinxalamee dhiyaateera.

Fkn. 1

*Kan carraa barachuu hinarganne yookiin kan carraa argateemmoo qalbiin qe'eetti hambise barumsatti **dugda gatee** gindiifi waanjoo yookiin gasoo baatee halkanii guyyaa **biyyoo haadhee** jireenya isaa dhiiba.*(Lachiisaa 2025, Kutaa 1, f.5)

Waraabbii kana keessatti akkaataa barreessaan jechama (dugda gatee) jedhuu itti dhiyeesse, yaadota lama kan {nama carraa barachuu hinarganneefi kan qalbii dhabee manatti deebi'e} jedhu ittiin ibsuuf gargaarame. Yaadonni kunniin barumsa dhiisuu namoota lamaan kanaa ibsuuf yoo ta'u, jechamni lammataa ammoo (biyyoo haadhee) kan jedhuudha. Inni kun ammoo gindii, waanjoofi gasoon mi'a qonnaa ta'uusaa agarsiisuuf namni barumsa dhiise tokko hojii inni ittiin jiraatu qonna ta'uusaa agarsiisa.

Fkn. 2

*Daamaan keenya amala ittiin beekamu qaba. Amala isaa keessaa inni tokko nama hundaaf **hinsarmu**.* (Lachiisaa 2025, kutaa 1ffaa, f.7)

Baanuu armaan olii kana keessatti jechamni dhiyaate (hinsarmu) kan jedhuudha. Innis amala Daamaa isaanii ibsuuf kan dhiyaateedha. Didaadha yookaan tole hinjedhu yoo jedhe hiikni jechichaa salphaamatti irra keessa kan hubatamu ta'a. Amma garuu Daamaan sun miseensota maatii sanaa keessaayyuu nama hundaaf kan hinfe'amne ta'uusaa agarsiisuuf jechama kanaan dhiyeesse. Inni biraan dhimmuma saamicha uummata Oromoorra gahe kanaaf Oromoon akka salphaatti kan hakuucame akka hintaaneefi salphaatti akka harka hikennine kan agarsiisuudha.

Fkn. 3

*Ato Mollaana dagamuu irratti hinhamatamu. Nigogsa. Horiin inni itti dagame waraabessa waliin **dugdaafi garaadha**.* (Lachiisaa 2025, kutaa 2, f.24)

Yaada armaan olii kana keessatti akkaataa barreessaan jechama gurraacheffame kana itti dhiyeesse, hojii tolchaa ato Mollaana hojjetu hangam cimaa akka ta'e agarsiisuu keessatti barreessaan bifa kanaan dhiyeesseera. Dugdaafi garaan waan waliif faallaati. Faallaa ta'uu isaanii kanaan horiin waraabessaan akka hinnyaatamne nama tolchee hojjetu ta'uusaa agarsiisa. Xiyyeeffannoon isaas wanti inni irratti hojjete hammam akka cimaa ta'e kan ibsuudha.

Fkn.4

*Ijoollee Ganamee keessas rakkoon jira. Rakkoon Duulaa kan ofii jedhe malee, kan obbloonni isaa: Furgaasaa, Badhaasaafi Qajeelaan dubbatan dhaga'uu dhabuudha. Warren kaan irra immoo **gurrarra hinyaa'u**. waa'ee ofii isaanii malee, waa'ee ijoollee isaanii yaadanii hinbeekan. Ijoolleen Aaddee Tsadaalee kana hubattee **harka itti dhiqatte**.(Lachiisaa 2025, Kutaa 2, f.28)*

Waraabbii kana keessatti barreessaan jechamoota lama (gurrarra hinyaa'u, harka itti dhiqatte) jedhanitti gargaaramee jira. Yaadicha keessatti Duulaan waan ofii jedhe malee kan nama biraa hinfudhatu. Warri kaan immoo tole hinjedhan; hindidanis jechuu agarsiisuuf(gurrarra hinyaa'u)jedhe. Kana malees tokkummaa dhabuu, wal-dhagahuu diduu uummata Oromoo kan agarsiisuudha. Ijoolleen aadde Tsadaalee ammoo kan haadha biraarraa dhalatan waan ta'aniif obbolaa keenya jechuu dhiisanii itti roorrisuu isaanii agarsiisuuf jechama(harka itti dhiqatte) jedhu gargaaramee dhiyeesse. Kun ammoo obbolaan silaa waliif kafana malee wal-miidhuu hinqaban ture. Alagaan hangam akka nama miidhu ibsuuf jechama kana fayyadamuusaa agarsiisa.

Fkn. 5

*“Abdii kutadheen ture. Yeroo namoonni baay'een galan inni **lilmoo bishaan buute ta'e. Mudhii koos sabbataan hidheen ture**. Waaqatti maaltu ulfaata kunoo kanaan nagahe!” Lafaafi samii ilaaltee galateeffattes.(Lachiisaa 2025, Kutaa 2, f.34)*

Fakkeenya kana keessatti jechamni (lilmoo bishaan buute ta'e) jedhu, Abbaan Maaddii adda waraanaa deemee deebi'uu yeroo ture, aadde Ganameen abdii kutattee turte. Yaada kana ibsuuf jechama kana keessatti lilmoon bishaan lixxe galaana jala waan seentuuf argamuun ishee ulfaataadha. Kanaanis abbaan Maaddii nidu'e jechuu agarsiisa. Kan lammataa ammoo (mudhii sabbataan hidheen ture) kan jedhu ammoo of jabeessuu ishee agarsiisuuf akka ta'etti dhiyeesseera. Kunis namni abdii kutannaa keessa turuurra of jabeessee dhaabachuu akka qabu agarsiisa.

Fkn. 6

*Konkolaataa siinon tokkichi akkuma dhufeen kan obboo Jaarsoon fa'i keessa jiran argate. Akka bira darbuu wayii fakkaatee konkolaataa kana **suphee dhagaarra buute taasise**.(Lachiisaa 2025, Kutaa 2, f.41)*

Waraabbii kana keessatti jechamni kun balaa konkolaataan siinoo jedhamu warreen kaanirratti qaqqabsiise olaanaa akka ta'etti dhiyeesse. Supheen dhagaarra buute walitti maxinamuudhaan akka hintaane ta'uusheen walqabsiisee, akka namni balaa qaqqabe sana cimaa ta'uusaa hubatu godha. Kana hubachuuf ammoo aadaafi afaan jechama kanaa beekuun murteessaa ta'a jechuudha. Kunis gochichi shiraan kan dalagame ta'uusaafi balaan sun ammoo irraa hafuun kan hindandaa'amne ta'uusaa jechama kanaan ibse.

Fkn. 6

*“Osoodhuma dhugaa ta'eeyyuu, dhimmootni nama bashannansiisan, aadaafi afaan akkasumas, seenaa uummata keenyaa dhiitamaa ture olbaasan hedduun osoo jiruu waan nuffisiisaa kana odeessuun akka **fuula keenya irraa garagalfannu nu taasiseera.**” Guutaan **irraa soqolee dubbate.**(Lachiisaa 2025, Kutaa 3, f.53)*

Waraabbii kana keessatti jechamoonni dhiyaatan kunneen lamaan miidiyaa biyya kanaa keessatti dhiibbaa Oromoorra jiru dabarsuun osoo eegamuu, waa'ee oomishaalee biroo odeessuun hawaasa nuffisiisuusaarraan kan ka'e, ilaaluun akka isaan jibbisiise agarsiisa. Kan biraan miidiyaa biyyattii keessaa uummanni akka jibbu, kana keessatti ammoo, dubbichi ifa bahee dubbatamuusaa agarsiisuuf (irraa soqolee) kan jedhuun agarsiise. Jechami lammaffaarraa kun sodaa tokko malee waa'ee soba miidiyaa biyyattiin darbuu ifa baasee dubbachuusaa agarsiisa.

Fkn. 7

*Ammas galaana yaadaa keessa bu'ee. Waa'ee perimeerliigii Ingiliziifi Ispeen , achiis fedhii uummata keenyaa yaade. **Dhama raasuu, foolii bishaanii itti ta'e.** “Ta'uuf osoo hintaane odeessuuf, kan keenya tuffachuu qofadha.” (Lachiisaa 2025, Kutaa 3, 56)*

Yaada olii kana keessatti jechamni gurraacheffamee barreeffame kun waa'ee taphoota biyya alaafi kan biyya keessaa ilaalchisee, kan ormaa jajuu, kan ofii tuffachuu agarsiisuuf(dhama raasuu, foolii bishaanii itti ta'uu) kan jedhu waan bu'aa tokko namaa hinbuufne deggeruun yeroo ofii qisaasessuu, ofumaa kan biyyoota Awurooppaa daawwachuunis kan nama hinhawwisiifne akka ta'e ibsa. Kan biyya keessaa jajjabeeffachuu osoo qabnuu kan biyya alaa caalchifachuun waan namatti hintolleetdha. Bishaan foolii hinqabu; kana jechuun waan ormaa hawwataa kan hintaane ta'uusaa agarsiisa.

Fkn 8

*Silaa erga jeequmsa jalqabee tureera. Nadheen gamaa gamanaarraa ilmoo argachuuf yaaliin godhe **dhadhaa ibidda bu'e jalaa taate**. Dunna kanaaf qe'ee qe'ee abaarsaa fakkeesseera. Ganamaa galgala iyyuma. **Dubartoota ijaafi adaamii taasifate**. Akka okolee ganamaafi galgala qoraasa.((Lachiisaa 2025,Kutaa 4, f.73)*

Waraabbii kana keessatti akkaataa barreessaan jechamoota kana itti dhiyeesse, daa'ima argachuuf yaalii isaan taasisan waan fala hinarganne ta'uusaa agarsiisa. Dabalataanis dubartoota baay'ee fuudhee ijoollee irraa horuu dadhabuun waan furmaata hinarganneedha. Kanaaf dhadhaan abidda bu'e baqee waan dhumuuf, dhala godhachuun isaas waan fala hinqabneedha. Sababa kanaan ammoo dubartoota fuudhe sana waliin wal jibbuusaa agarsiisuuf jechama (ijaafi adaamii) jedhuun dhiyeesse. Ijaafi adaamiin kan waliif hintolle, kan miidhaa walirraan gahan ta'uun innis dubartootaa wajjin faallaa ta'uusaa agarsiisa.

Fkn. 9

*Machiin Obboo Kaateelloo **madaa jaldeessaa ta'aa jira**. Baguma guyyichi kamisa, guyyaa gabaa ta'e malee silaa magaalaan guutuun yaa'eet diraamaa isaa daawwata ture. Wayyi isaa guyyaa hundi maraatu maraate. (Lachiisaa 2025, Kutaa 4, f.80)*

Waraabbii kana keessatti obbo Kaateelloon machiin isaa humnaa ol ta'ee irraa galuu diduusaa agarsiisuuf (madaa jaldeessaa ta'aa jira) jechuun dhiyeesse. Madaan jaldeessaa dafee hinfayyu. Sababni isaa jaldeessonni biraan waan tuttuqaniifidha. Akkuma kana machii namicha kanaa kan hammeessu ammoo waca guyyaa gabaa sana akka ta'e agarsiisa. Machiin irraa galuun isaa yeroo sanatti hinyaadamu. Sagaleen gabaan dhageessistu ittuma ho'isuurraa kan hafe, irraa galuu diduusaa agarsiisa.

Fkn 10

*Joortuutti heerumteetu maqaa nu balleessite. Buburranneetu rakkanne. Jaaalalaaf dhiistee tooftaaf soddoomti. Soddoomni tooftaa kaleessaa hanga har'aatti **gufuu balbala jalaa nutti ta'e**. Lachiisaa 2025,Kuta 5, f.86)*

Waraabbii kana keessatti barreessaan ergaa dabarfachuu barbaadu kan dhimma siyaasaan walqabatu ibsachuuf jechama(gufuu balbala jalaa nutti ta'e) jedhu, kan soddummaa Oromoo faayidaaf dhufan ittiin ibsuu barbaadeeti. Kana keessatti gufuun balbala jalaa buqqisuuf mana diiguu gaafata; dhiisuuf balaa qaqqabsiisa. Kanaaf ammoo dhimmi akkasii furmaata waara'aa kan barbaadu ta'uuf bifa kanaan dhiyeesse. Dabalataanis karaa malee deemuun dhumnisaa

badiisa akka ta'eefi, Oromoon akka malee alagaatti michoomuun isaa miidhaa keessaa bahuu hindandeenye keessa akka galche agarsiisa.

Fkn. 11

“Ani waan akkanaa keessa quba koo hincuubu. Osoon qabxii galchuu baadhees jaarsummaan madaallii hintaasisu. Waanan si ajaju hinjiru; atis waan ajajamtu hinqabdu”, dhuma dubbii itti hime, Hundasaan.(Lachiisaa 2025, Kutaa 6, f.100)

Waraabbii kana keessatti yeroo Biiftuun qabxii kadhachuuf barsiisaa Hundasaa bira deemtu, waan fedhasaa guutuu akka barbaaddu itti himte. Inni garuu didee dhuma dubbii itti himuusaa kan agarsiisu (ani waan akkanaa keessaa quba koo hincuubu) jechuun deebise. Ergaan isaas dubbii isheen yaadaa jirtu keessa seenee ittiin kiyyeeffamuu kan hinbarbaanne ta'uu agarsiisa.

Fkn12

Amma dorgommiin bara ijoolleefi maanguddoo gidduu jira. Iccitichas namuu hinbeeku jedhee mutaa ijatti suuqqatee, nyaara aaddatee ilaale.(Lachiisaa 2025, Kutaa 12, f.204)

Waraabbii kana keessatti jechamni gurraacheffamee dhiyaate, yaada obbo Firasaa Boruu gidduutti bara ijoolleefi bara maanguddoo jedhamuun walfalmii jiru agarsiisuuf itti gargaarame. Boruun intala obbo Firasaa waliin jaalallee ta'uu namni akka hinbeeknetti ilaaluun(mutaa ijatti suuqqachuu), safuu gatee abbaa intala jaalalleesaa waliin haasa'uun(nyaara haaddachuun) innis safuu gatuun sodaa dhiisee akka silaa ta'uu hinqabne gochuusaa agarsiisa.

4.3.2. Itti Fayyadama Jechaalaa

Fayyadami afaanii akkasii kun balaa dhufu hambisuuf tooftaa gargaaramaniidha. Ogbarruu keessattis barreessitoonni, jechaalatti fayyadamuudhaan ergaa barbaadan tokko dubbistoonni akka hubatan godhanii dhiyeessuu danda'u. Akkaataa isaan itti dhiyeessan garuu adda adda ta'uu mala. Qorannoo kana keessattis akkamitti barreessaan jechaalatti fayyadame kan jedhu xiinxalameera.

Fkn. 1

“Aaddoo, warri Boruu kun warra kami? Jechuun eegalte, Taliileen. ‘Sanyiin illee..., xiqqoo turtee...warra tumtuudha, gurbichi garuu qaxaleedha” jettee deebisteeff sana.(Lachiisaa 2025, Kutaa 12, f.198)

Waraabbii armaan olii kana keessatti jechi haalaa jiru(warra tumtuudha) kan jedhuudha. Oromoon jecha haalaa yeroo fayyadamu rakkowwan dhimma dubbatamu sanaan walqabatee ka’u maqsuuf gargaarama. Haata’u malee fakkeenya kana keessatti barreessaan jecha kana kallattiidhaan itti dhimma ba’e. Jechichi sanyii namaa ogummaa hojii sibiilaa hojjetanii jiraatan bakka bu’a. Yeroo tokko tokko bakka tokko tokkotti jechichi madda waldhabdee ta’ee mul’ata. Namoonni barnoota qaban jechichatti mufii qabaachuu baatanis namoota hinbaranne biratti garuu arrabsoo ta’ee mul’ata. Waldhabdee kana hambisuuf jecha (Warra ogeessaa) jedhamuun waamama. Haata’u malee barreessaan jechicha irraa maqsuun osoo hintaane kallattiimaan barreesse. Kun ammoo erga gaa’ilatti galanii booda waldhabdeen dhimmi kanarratti ka’u dursitee hubattee of amansiisuu akka qabdu agarsiisa.

4.3.3. Itti Fayadama Mammaaksaa

Mammaaksi akkaataa dubbii afaanii kan miidhagina qabu, himoota gaggabaaboodhaan kan dhiyaatu, ergaa gadi fageenya qabu tokko karaa ittiin dabarfataniidha. Barreessaan ogbarruu tokkos akkaataa barbaadeen mammaaksatti dhimma bahee hojiisaa miidhagina gonfachiisee dhiyeessuu danda’a. Haaluma kanaan kitaaba kana keessattis makmaaksota dhiyaatan akkamitti barreessaan akka itti gargaarame xiinxalameera.

Fkn. 1

Osoo Ganna aannaniin jala dhaabachuu baatanii, Birraa corqaan qolachuun hinjirre ta’ee akkam ta’u laata? “Waaqni dhibee uume qoricha biratti uume” akka jedhanii mammaakan sana malee.(Lachiisaa 2025, kutaa 1, f.4)

Waraabbii kana keessatti itti fayyadama mammaaksaa barreessaan ergaasaa ittiin dabarfatetu jira. Innis gannaafi qorra aannaniin, birraa asheeta midhaaniin akka jala darban agarsiisuuf mammaaksa {Waaqni dhibee uume qoricha biratti uume} jedhuun cimsee dhiyeesse. Kun ammoo uumamni tokko isa biraaf barbaachisaa akka ta’e, jiraachuun isa tokkoo isa biraaf murteessaa ta’uusaa agarsiisa.

Fkn 2

Iji isaa tokko kalaabsatus, bilicuun addasaarraa gubatee badus, dugdi malaaxa’us, eegee qursatus keenyuma. Eyyee keenyuma. Akka mammaakan san “Ajaa’e jedhanii quba ofii kutanii hingatan” nutis fudhanne.(Lachiisaa 2025, kutaa 1, f.)

Waraabbii kana keessatti mammaaksi (*Ajaa’e jedhanii quba ofii kutanii hingatan*) jedhu, Daamaa isaaniirra miidhaa hedduun ga’uu isaa agarsiisuuf dubbii hamma kana ga’u

mammaaksa kanaan ibse. Akkuma Oromoon mammaaksa kana dhimma aantummaa ofii agarsiisuuf waan ofii kan ta'e kununfatu kan bakka bu'u akka ta'etti dhiyeesseera.

Barreessaan waa'ee fardaa barreesse osoo hintaane, ittiin qabee ergaa barbaachisu kan hammamuu yoo ta'e badii lammiin ofii tokko dalageen ofirraa dhiibuun sirrii akka hintaane, Oromoon hubatee akka wal kununfachuu qabu kan agarsiisuudha.

Fkn. 3

Warri hattuu komatan ammoo “ Akka Daamaan farda kooraa hintaane kan taasise abbaa farda kana ofharkaa qabu. Fardi maal ofharkaa qaba? Tokkicha erga abbaa harkaa bahee booda carraan isaa akka hormi godhe ta'uu qaba” jedhu. “Fardaafi niitii abbaatu baafata” jedhanii itti mammaaku.(Lachiisaa 2025, kutaa 1, f.10)

Waraabbii kana keessatti mammaaksi gurraacheffamee dhiyaate, barreessaan gocha namni tokko waan ofharkaa qabu kununfachuu dhiisee ormi jalaa miidhu agarsiisuuf akkasitti dhiyeesse. Fardi yaabbii ture sun osoo abbaan fardichaa hattuurraa eegee, yaabbiif oolfate ta'ee ormi itti fe'atee Baataa isa hingodhu ture. Fardichi abbaa fardaa harkaa bahee harkaa ormaa seenuun eelaa isa baachise. Haati manaas akka abbaan manaa itti kununse, eegeefi tikfate akka taatu Oromoon tolchee dubbata. Kana ibsuu akka danda'utti barreessaan mammaaksa kanatti dhimma bahee dhiyeesse. Kanaanis Oromoon aadaafi duudhaa, afaaniifi eenyummaasaa kununfachuu akka qabu agarsiisa. Kun kununsa badee jennaan ormi akka barbaade isa taasisa waan ta'eef mammaaksa kanaan agarsiisee jira.

Fkn. 4

Guyyaafi biiftuu komachuun amala nuffituuti. Teessumni isaanii rakkatee iyyata galfataa waan jiru fakkaata. Isaan garuu si dhaga'e hinjedhaniin achumaa susukkuumamu. “Harki taa'u udduu haxaaheetu; inni hojjetu afaan haxaawwata” jedha, mammaakaan.(Lachiisaa 2025, Kutaa 3, f.43)

Waraabbii kana keessatti akkaataa barreessaan mammaaksa kana itti dhiyeesse, namoota hojii malee callisanii taa'aniifi namoota hojii isaaniirratti xiyyeeffatanii hojjetan gidduu garaagarummaa guddaan akka jiru ibsuuf akka ta'utti. Kunis namni wan hojjetu qabu, waan nyaatu qaba. Quufee jiraata. Faallaa kanaa ammoo namni hojii hinqabne teessumni isaan irra taa'an illee kan isaan nuffu ta'uu, waan nyaatan kan hinqabne ta'uu, badii isaanii kanarraasa baruu kan hinbarbaanneedha. Kanaaf barreessaan mammaaksa kanaan garaagarummaa namoota hojii hojjetaniifi hinhojjenne gidduu jiru kan agarsiisuudha.

Fkn. 5

Akka waan firooma dhiigaa irraa qabuutti dhiigni koo na danfe. “Akkanatti lafaafi nama saamamuun kun maali jedhee of gaafadheen deebii mammaaksaan deebise, “Dinnichi harkaan dhaabaniitu hordaa cabsa.” Geerarsa isaanii dhaggeeffachaan luuxee mana koo ol seene. Akkuma itti fufanitti jiru.(Lachiisaa 2025, Kutaa 4, f.76)

Waraabbii kana keessatti, mammaaksi gurraacheffamee dhiyaate, gocha obbo Kaateelloon Aanolee irratti raawwateen walqabsiisee dhiyeesse. Innis mana obbo Galgalootti kan guddate ta’ee, Aanolee waliin hojii daldala bunaarratti bobbaa’anii hojjechaa turan. Boodarra shiraan akka Aanoleen daldala seeraan alaa akka geggeessaa jirutti qabsiisee akkanni maraatee biyyaa bahu godhe. Isaan booda qabeenyaafi haadha manaa isaa kan isaa taasifate. Kanaan walqabatees biyya kana keessatti alagaan yeroo uummata Oromoo irratti miidhaa geessise, dursee amalaafi tooftaan michoomuurraa akka ta’eefi, Oromoon ofitti isaan qabnaan deebisanii miidhaa irraan geessisuu isaanii agarsiisa. Mammaaksi kunis gocha kana ibsuu akka danda’u godhee barreessaan mammaaksichaan qabee dhimma kana dhiyeessuussee jira.

Fkn.6

Kanaaf warqii kana keessaa gaheen qaba.” Gifaabbaachoon osoon ilaaluu ijatti urrii na maruuf yaalaa jira. “Iji raachaa fi iji naachaa bishaan keessatti wal arga” akka jedhan, ani sarmuufiin dide.(Lachiisaa 2025, Kutaa 8, f.125)

Akkaataa barreessaan mammaaksa kana barreeffama olii keessatti itti dhimma bahe, abshaalummaa kan agarsiisuudha. Waraabbicha keessattis yeroo Gifaabbaachoon albuuda sana harkaa fudhachuuf gowwomsaa adda addaan bira naanna’u, abbaan albuudichaas irratti baree akka jiru ibsa. Kanaaf qarri qara hinmuru akkuma jedhamu sana innis didee kan jiru ta’uusaa agarsiisa.

Fkn 7

Kaayyoo akaakuu isaa deebisuuf akka wixxirfatu tolchee beeka. Eenyutu eenyuuf sarmaree! “Waraabessa gowwaa boolla tokkotti shan waraanu” akka jedhanii mammaakan yoo ta’e malee! (Lachiisaa 2025, Kutaa 8, ff. 126-127)

Barreessaan mammaaksa kana dhimma siyaasaa biyya kana keessatti akkatti Oromoon miidhamaa turee amma dammaqee jiru agarsiisuu akka danda’utti dhiyeesse. Namichi Gifaabbaachoo jedhamu sun gocha akaakileefi abaabileen isaa raawwachaa turan har’as itti fufsiisuu kan barbaaduu ta’usaafi Oromoon immoo akka sanatti akka itti hinfufne akeeka.

Gocha kanaan duraa sanaan gowwomaa turree, amma garuu abadan gowwaa ta'uun akka hinbarbaachifne, ammas gowwomnaan iddoo duriitti deebi'uu akka ta'e agarsiisa.

Fkn 8

*“Tole kanaan booda nagaan jiraachuun barbaada. Walqixxummaan jettanis haa eegamu” naan jedhe. Anis “tole” jedheen kokkee qabe achi ha'e. Akka indaanqoo morma kutanii batattisee lafa bu'e. “**Kan qaban qabaa hinguunne; gadhiisan lafa guutti!**” akka jedhan san. (Lachiisaa 2025, Kutaa 8, f.130)*

Waraabbii kana keessatti akkaataa barreessaan “Kan qaban qabaa hinguunne; gadhiisan lafa guutti!” jedhu itti dhiyeesse, Gifaabbaachoon abshaalummaan kan dhufe malee yoo humnaa dadhabaa akka ta'e agarsiisuuf itti gargaarame. Kanaan walqabsiisees, dhiibbaa Oromoorra gahaa ture kan fide callisanii ofirratti ilaaluudha malee, osoo ofirraa qolachuun jiraatee jarri humna kan hinqabne ta'uu agarsiisuuf bifa kanaan dhiyeesse. Mammaaksa kanaan tuffii qabu agarsiisuun, qixatti galchuun akka dandaa'amu agarsiisa.

Fkn 9

*“Addaggee maal gootaree, erga isheen si barbaaddee! Jedhee osoo afaanii hinfixatin Lalisaan jalaa butee, “**Hiriyaa malee deemtee, geggeessaa malee galti**” akka jedhan amantaa Oromoo dhiistee situ iddoo hintaane deeme”, qeeqiinsa biraa keessa seene.(Lachiisaa 2025, Kutaa 10, f.162)*

Waraabbii kan keessatti mammaaksi dhiyaate kan yeroo Tolasaan daaqunii amantaa Ortodooksii waliin wal-lole ibsuuf dhiyaate. Innis amantaan Oromoo osoo jiruu, amantaa biraa kan dhaqee hordofe isa ta'uusaa hiriyaansaa Lalisaan itti hime. Kunis kan keenya jabeeffachuu qabna malee, kan ormaa jala fiiguun sirrii akka hintaane agarsiisa.

4.3.4. Itti Fayyadama Dubbiilee Qolaa

Dubbiin qolaa ogbarruu keessatti filannoo jechootaa waliin wal qabatee iddoo guddaa qaba. Jechoonni dubbiin qolaa ittiin dhiyaatan barruun tokko akka miidhaguufi lubbuu horatu kan taasisaniidha. Isaanis tooftaa barreessitoonni barreeffama tokko akka kalaquuf gargaaran keessa isaan tokkodha. Barreessaanis hojii kalqaa kana keessatti bal'inaan kan itti gargaarame yoo ta'u, qorataanis akaakuu isaanii kitaaba kana keessaa sakatta'uu, akkaataa barreessaan itti dhimma bahe akka itti aanutti xiinxaluun dhiyeesseera.

4.3.4.1. Akkasaa

Malli dubbii akkasaa wantoota uumamaan, bifaan, amalaafi dandeettiin garagara ta'an lama waliin dorgomsiisee kan dhiyeessuudha. Qorannoo kana keessatti malli dubbii akkasaa kun haala armaan gadiitiin xiinxalamee dhiyaateera.

Fkn. 1

Dhibeen koo guddoo warra koo rifaasise. Naasuun adoodee akka Indaaqqoo morma kutanii batattisa, Aabbaan.(Lachiisaa 2025, kutaa 1, f. 2)

Dubbiin qolaa armaan olitti gurraacheffamee dhiyaate kun, waan lama waliin dorgomsiisee dhiyeesse. Innis abbaasaafi indaanqoodha. Dhibeen mucichatti hammaachuusaa irraa kan ka'e, abbaan isaa baay'ee oliif gadi fiigee furmaataaf waan godhu dhabuusaa akka agarsiisutti barreessaan dhiyeessee jira. Kun ammoo dhibeen mucichaa hammam ulfaataafi yaadnessaa ta'uusaati. Dhibeen sun dhuguma dhibee osoo hintaane, haalota walxaxaa gama amantii, siyaasaafi aadaan uummati Oromoo keessa jiru agarsiisa. Rakkoo kanaaf ammoo abbaan isaa oliif gadi fiigee furmaata ta'a waan jedhu kam akka qabatu dhabuusaa agarsiisuuf akka indaanqoo morma kutanii batattisuun waan kana calaqqisiisa.

Fkn. 2

Sanaan booda sagalee olfuudhee, iyyuu akkan eegale, takkammoo akka dubartii ciniinsifattuutti akkan caraane, fannoo harka mirgaatti, kitaaba harka bitaatti qabachuun afaan nuti hinbeekneen, tarii isaan beekaniin yookiis beekuu dhabuu malaniin akka kadhannaa taasisan natti himan.(Lachiisaa 2025,kutaa 1, f. 3)

Waraabbii kana keessatti barreessaan dubbii qolaa gurraacheffamee dhiyaate kana, dhukkubni isaa cimaa ta'uun Maammiruun yeroo kadhannaa taasisuuf seexanni irraa iyyuusaafi gocha dubartiin yeroo da'uuf jettu irratti mul'atuun walbira qabee dhiyeesseera. Innis kitaabaa ittiin dagamaniifi fannoo akka amantichaatti harkatti qabatanii ittiin seexana rukutuudhaan baasan miidhaa irraan gahuusaa, afaan inni hindhageenyeen kadhaannaan godhamuun akka isa miidhe agarsiisa.

Fkn. 3

Baadiyyaan akkuma dhamaatii qabdu, ammoo nagaas qabdi. Akkuma gaarummaa ishee hayii.... hayii laalaa! miidhaa ishee! jireenya Baadiyyaa! Ganna roobaan doolla'uufi dhoqqee keessa bacaraqsaa oolu. Birraan qorra miila nama adoochu sana. Aduun bonaa akka eeboo nama waraana. (Lachiisaa 2025, kutaa 1, f. 4)

Waraabbii kana keessatti, akkaataa barreessaan dubbii qolaa gurraacheffame kana itti dhiyeesse, waqtiwwan jiran amaloota ittiin beekaman caqasuun, keessaa kan bonaa immoo warra kaanii wajjin yeroo ilaalamu aduufi eeboon walbira qabee dhiyeesse. Eeboon qara qabaachuun kan waraanu ta'usaa ho'a aduu bonaan dorgomsiisee dhiyeesse.

Fkn. 4.

*Inni gaazii dhugu, luka danuu qabuufi **maarashaan isaa akka ilkaan Naachaa garaa jalaan hiriiree lafa qotu hinbaramne.** (Lachiisaa 2025, kutaa 1, f.4)*

Yaada armaan olii keessatti hojii qonnaatiin jiraachuun baadiyyaan adda-duree ta'usaa ibsaa, meeshaa qonnaa ammayyaa kan ta'e tiraaktera ibsuu barbaadee maarashaan tiraakteraa akka kan gindii tokko qofa osoo hintaane, danuu ta'usaa ilkaan naachaan walbira qabee dhiyeesse. Baadiyyaatti inni kan hinbaratamneefi meeshaa haala saffisaa ta'een qonnaaf oolu ta'uu ibse. Kana keessatti jireenya baadiyyaa hojii qonnaatiin beekamtuuf meeshaaleen qonnaa aadaa kan ammayyaa wajjin wal dorgomsiisee dhiyeessuusaa agarsiisa. Meeshaan ammayyaa kan tiraaktera jedhamu, hojii sana kan gindiin qotamurra saffisiisuun sababa ilkaan isaa ta'uu agarsiisa.

Fkn. 5

*Mudhiin Daamaa **akka mudhii goromtii kuruphee ture. Yeroo dannabsee utaalu akka bofa nama hidduuf mataa oldhaabuu ta'a. Akka saree warra dhihaatti injirama.** (Lachiisaa 2025, kutaa 1, f.6)*

Dubbiileen qolaa sadan himoota kana keessatti dhiyaatan Daamaan sun akkam akka colluma qabu ibsuuf kan wal tumsaniidha. Kan jalqabaa, akka mudhii goromtii kuruphee ta'uun walitti citee kan miidhaguudha; kanaanis irra taa'umsaaf mijataa ta'uusaati. Kan lammaffaa akka bofa nama hidduuf mataa oldhaabuu kan jedhu si'ataa ta'uu isaati. Kan sadaffaa akka saree warra dhihaatti injiramuun ammoo, sareen biyyoota Awurooppaafi Amerikaa qulqullinni isaanii akkuma eegamu qulqullina fardichaas adda akka ta'ee waliin dorgomsiisee dhiyeesse. Kanaaf ammoo farda baataa osoo hintaane yaabbiif ooluu isaa agarsiisa.

Fkn. 6

*Inni biraan **halkan illee akkuma kaameeraa basaasaa yeroo ammaati.** Jechaan hindubbatin malee qooqasaan warrana jedha. (Lachiisaa 2025, kutaa 1, f.7)*

Waraabbii kana keessatti fardaafi kaameeraa basaasaa walcina qabee hojii fardi sun hojjetu maal akka ta'e ittiin dhiyeesse. Kana keessatti Daamaan sun waan baduufi waan tolu ilaaluun

warra manaatti kan odeeffannoo himu godhee dhiyeesse. Barreessaan kaameeraan basaasaa yeroo ammaa tekinoooloojii wajjin fagaatee qulqullinaan wantoota faallaa mootummaa ta'anii raawwataman kan saaxilu akkuma ta'e, dandeettiin fardichaas akkas akka ta'e agarsiisa.

Fkn. 7

*“Har’a jirraafi jirtuun deebii argate.” Mirkaneetu Duulaatti himaa jira. Seequun deebii eyyee jedhu deebiseef. **Silaa ilkaan isaa cabbii fakkaataa.** Yoo shamarran Booranaa malee ilkaan akkana addaatu hinjiru.* (Lachiisaa 2025, kutaa 2, f.21)

Waraabbii kana keessatti akkaataa barreessaan dubbii qolaa kana itti qindeesse Booranni horsiisa looniin beekamaa waan ta'eef, shamarran biyya sanaas aannan dhugaa guddachuurraan kan ka'e ilkaan isaanii addaachuufi kan isaas cabbii waliin waldorgomsiisee dhiyeesse. Ilkaan Duulaas addeenyasaa kan shamarran Booranaan wal bira qabee agarsiise. Innis nama gammachuun irraa calaqqisu ta'uu, abdiin irraa mul'achuu bifa seequutiin yommuu ibsatu kan agarsiisuudha.

Fkn. 8

***Ijji Gaaddisaa Televiziniin waliin wal'aansoo seenuurraa kan ka'e barbaree fakkaatte.** Akka ija gootaa dhiiga waan biiftu fakkaatti* (Lachiisaa 2025, Kutaa 3, f.44)

Waraabbii kana keessatti yaada dhiyaateen dubbiin qolaa ija Gaaddisaafi barbaree walbira qabee agarsiise. Innis dubbii Televiziniin darbu hammam yaadasaa akka qabatee jiru ibsuuf bifa kanaan dhiyeesse. Iji gootaa diimaadha jedhamee waan beekamuuf ijisaa diimachuun ammoo gootaan wal isa fakkeessee jira. Odeeffannoo sobaa karaa miidiyaa sanaa darban daawwachuun hammam miira aarii keessa akka isa galche kan agarsiisuudha. Kanarraa kan ka'es ijisaa diimachuun barbaree waliin akka tokko ta'etti dhiyeessee jira.

Fkn. 9

***Biiftuun kan dura akka haadaa lallaafu, amma akka sibiilaa jabaatte.** Osoo ijoollee naannoo keessanii ta'ee, osoo nama keessan ta'ee, yoona jijjiirtaniifii jirtu! jechaa **akka nama kanniisni hiddee utaaltee baate.** Balballi cabeera se'e.* (Lachiisaa 2025, Kutaa 6, 100)

Fakkeenya armaan olii kana keessatti akkaataa dubbiin qolaa itti dhiyaatan irraa jalummaa qabu. Innis Biiftuun yeroo barsiisaa Hundasaa dhimma qabxiif barbaacha deemte, amala ittiin nama tokko irraa waa argatan ta'uun (akka haadaa lallaafuu), itti aansitee homaa yeroo gargaarsa irraa dhabdu sagalee olkaastee loluun (akka sibiilaatti jabaachuu), isa booda gaafa

garaa kutattee jettu ammoo(akka kanniisni hidde ta'uu) dhumarratti furmaata dhabuushee yeroo bartu iyya gamoo waajjirichaa jeequ kaasuu ishee agarsiisa.

Fkn. 10

*Abbaan Horaa ijoollee sagal qaba. Amma martuu dargaggeessa quufaa jirmarra utaalaniidha. Warri dhiiraa cinaan diimeffataniiru. Shamarranis sagalee jijjiirrataniiru. **Guntutni isaanii qara eeboo fakkaata. Akka adamsituu bosonuu waraanuuf qiyyaafate tokkooti. Uumamni isaayyuu nama waraanuuf waan qarame fakkaata.** Qarameetu nama waraana.*(Lachiisaa 2025, Kutaa 7, f.112)

Waraabbii kana keessatti dubbiin qolaa dhiyaate jecha 'fakkaata' jedhu gargaarama. ijoolleen obbo Horaa dhiiraa fi durbi isaa qeerroofi qarree ta'uu isaanii dubbii qolaa kanaan qabee dhiyeesseera. Isaan keessaa warren shamarranii ibsuuf reefuu durba qarree ta'uu isaanii, harmi isaanii kan dhaabatu, eeboo adamsituu kan fakkaatu akka ta'eefi, waa waraanuuf kan qara bahe fakkeessee barreessaan bifa kanaan ibseera. Kun ammoo dhiiraa wajjin wal-quunnamtii saalaa kan hinraawwanne ta'uusaanii agarsiisa. Osoo durbummaa hinqaban ta'ee harmi isaanii jigee dubbii qola dubbatamuun faallaa ta'a jechuudha. Kun ammoo ga'eessummaa isaanii agarsiisa.

Fkn 11

*Hinseeneen ilma duguuggaa garaati. Akkuma daa'ima lafarra foqoqee waan argate gara garaatti erga. Garaan as kenni malee waan biraa hinbeeku. **Akka garaa qalaamaa fardaa lafarra diriiree jira.** Qaamni isaa guutuu fakkata. Garuu miti, **akka bofaa lo'a. Akka raachaa utaala. Akka qocaa sirriiqa.***(Lachiisaa 2025, Kutaa 7, f.120)

Baanuu armaan olii keessa dubbiin qolaa gurraacheffamee dhiyaate jechoota 'akkaafi fakkaata' jedhan lamaan gargaarama jira. Kana keessattis barreessaan gurbaa Hinseenee jedhamu, garaa haadhoon fardaa tokko erga dhaltee qabaattu akka qabu godhee dhiheesse; qaamni isaa hundi guutuu fakkaatus akka nama tokkootti of danda'ee kan socho'u osoo hintaane, akka miillaatti garaadhaan deemuu, isumaan ammoo kan utaaluu, deemsisaa ammoo baay'ees saffisa kan hinqabne akka ta'e godhee dhiyeesseera. Kana keessatti akka bofaa lo'uun lafarra foqoquun miilla dhabuun waan fedhe utuu namni hinargin gochuu, akka raachaa utaaluu mana keessaa waa butuu, akka qocaa sirriiqaan nama waan tokko gochuu hindandeenye fakkaachuun abshaalummaa kan qabu ta'uusaa agarsiisa.

Fkn 12

*Qabeenya isheef malu osoo beekuu dabse. Siddiseen osuma argituu qabeenyaafi utubaa ishee gattee baate. **Imimmaan dubartittii akka bokkaa fakkaatee fuuldurasaa dhaabate.***(Lachiisaa 2025, Kutaa 9, f. 150)

Waraabbii kana keessatti dubbiin qolaa dhiyaate yeroo Argasaan jaarsummaa Siddiseefi Didhaa gidduutti taasifame irratti argamee dhugaa isheen qabdu dabsee, ergasii booda guyyaa ayyaana Masqalaa ibsaa qabsiifachuuf machaa'ee yoo galu abidda manatti kaa'e sana, balaan uumame sun sababa sanaan akka ta'e ibsuu barbaadeeti bifa kanaan dhiyeesse. Dubartoonni gara laafeyyii waan ta'aniif, obsa dhabuun imimmaan isaanii baay'ee kan dhangala'uudha. Gama biraatiin ammoo dhugaa namaa yoo jallisan imimmaanni bu'u gatii kan nama baasisu ta'uusaa agarsiisa.

Fkn 13

*Dubbiin bulchaan gandaa gudunfe didee laafe. Hidhaa nama jabbiin harka nyaattee ta'e. **Akka nama gingilchaatti bishaan waraabuu jalaan yaasuu itti fufe.** Ijoollee obboo Taarikuu keessaa tokko oljedhee yaada Bulchaan gandaa gudunfe hike.*(Lachiisaa 2025, Kutaa 13, f.211)

Fakkeenya kana keessatti dubbiin qolaa dhiyaate, jecha'akka' jedhu gargaarame. Akkuma baratamaa ta'e gingilchaan bishaan hinwaraabu. As keessatti barreessaan, maree hawaasa biqiltuu dhaabuuf bahe yoo mariisisu dubbiin akka hintaane harkaa ta'uu agarsiisuuf, kan wal hinqabanne akka ta'e ibsuuf, kan waliif hingalamne ta'uusaa ibsuuf bifa kanaan dhiyeesse. Hawaasni waan geggeessaan jedhu dhaga'uu dhabuun hojiin geggeessichaa sirrii waan hintaaneef mormii qaba jechuudha. Dabalataan ammoo dubbiin qolaa kun namni biyya geggeessaa jiruufi hawaasi walii galtee akka hinqabne agarsiisa.

4.3.4.2. Iddeessa

Gosni fayyadama afaanii kun karaa dhokataa ta'een wantoota waliin dorgomsiisa. Iddeessi wantoota garagaraa lama walitti fiduudhaan bakka wal buusuudha. Haaluma kanaan qorannoo kana keessatti gosti dubbii qolaa kun bifa armaan gadiitiin xiinxalamee dhiyaateera.

Fkn. 1

*Isa seerota kumaafi kitila dhale. Isa ofii dhalee, ofumaa dhalche san. Isa afaan keenya soome. Isa afaan Waaqaa murteesse. Falliifi faloon isaa kunooti. **Gurraacha***

siimessa, Diimaa-dhiilgee, adii weecatu qoricha budaati. Coqorsa magariisatu qoricha budaati.*(Lachiisaa 2025, kutaa 1, f.14)*

Waraabbii kana keessatti barreessaan waan hunda ifa baasee hindubbanne; akka dubbistoonni xiinxaluu danda'anitti bakka buusee dhiyeesse. Kana keessatti dubbiin qolaa dhiyaate, faajjii Abbaa Gadaa qoricha rakkoo siyaasaa Oromoof furmaata akka ta'etti guutummaa guutuutti bakka buusee dhiyeesse. Kan lammataa ammoo coqorsa irreeffannaaf itti dhimma bahantu qoricha rakkoo Oromoof furmaata akka ta'e bakka buusee dhiyeesse. Yaada kanarraa wanti hubatamu rakkoo siyaasaa Oromoof furmaanni sirna bulchiinsaafi amantaa ganamaatti deebi'uun kan ofii cimsachuu akka ta'e kan agarsiisuudha.

Fkn. 2

Abbaan Maaddii sooreessa baacaa, fixataadha. Loon warruma isaatu qaba. Qe'een Abbaa Maaddii jiidhaadha.*(Lachiisaa 2025, Kutaa 2, f.32)*

Waraabbii olii kana keessatti dubbiin qolaa gurraacheffamee dhiyaate, Abbaan Maaddii qabeenya nama qabu, qe'een isaa hundaan guutuu akka ta'e, kan itti hinqaawwine, nama sooreessa akka ta'e guutummaa guutuutti **jiidhaadha** kan jedhuun bakka buusee dhiyeesse. Kun ammoo, jiidha keessa waan marri akka jiru hubachiisa. Dabalataan ammoo qabeenyaa abbaa Maaddii qofaa osoo hintaane qabeenyaa Oromiyaa agarsiisuu barbaadee jiidhaan bakka buusee dhiyeesse.

Fkn. 3

“Dhibee bineensa tokko godhatte. Qoricha aadaa fidneefii jirra. Kanaaf nifayyiti waan nama yaaddessu miti jechuun itti hime.*(Lachiisaa 2025, Kutaa 2, f.36)*

Waraabbii armaan olii kana keessatti barreessaan dhibee Naqarsaa aadde Ganamee qabe bineensaan bakka buusee dhiyeesse. Bineensi hamaa kan waa hinyaadne, kan namaa hinhille akka ta'eefi dhibeen kunis baay'ee hammaataa kan nama jiraachisuu hindandeenye ta'uusaa bifa kanaan ibsee jira. Dubbiin kana keessatti dubbatamaa jiru, waa'ee aadde Ganamee osoo hintaane, waa'ee Oromiyaati. Oromiyaan rakkoolee alaa dhufaa ta'an kan dhiibbaa alagaa gama saamicha lafaafi qe'ee isaarratti dhufeen seenaan, aadaan, afaaniifi eenyummaan isaa hakuucamuun dhibee hamaa itti ta'uu kan agarsiisuudha. Dhibee kanarraa fayyuuf ammoo fallisaa aadaa ofiitti deebi'uu akka ta'e calaqqisiisa.

Fkn. 4

*Mana qabdiifi hinqabduu hinbeekuu **dubartiin morma sattawwaa tokko** “Warra manaa akkam ooltan?” morma dheeressaa osoo deebii kanaa hinargatin gaaffii biraa dhiyeessite.*(Lachiisaa 2025, Kutaa 3, f.49)

Waraabbii kana keessatti, eenyummaa dubartittii ibsuu keessatti kutaa qaamaa ishee keessaa morma ishee fudhatee, sattawwaan bakka buusee dhiyeesseera. Sattawwaan bineensa morma dheeraa qabduudha. Morma ishee dheeraa kanaanis sooratashee akka salphaatti waan olka’arraa cirtee nyaachuun beekamti. Kanaanis dubartiin sun yeroo namni waa qopheeffatu salphaatti arguun gara mana namaa deemtuudha. Dubartittiin yeroo hunda mana namaarra deemtee waa kajeeltee akka nyaattu ibsuu barbaadee, morma dheeraa sattawwaan qabduun walqabsiisee dhiyeessuusaa agarsiisa.

Fkn 5

*Qabatamaan **Oromiyaan Buttaa jiraadha, Oromiyaan Goojjam-Gondor, Oromiyaan Gaamoo-Walaayittaadha.** Sulultaafis maaltu adda godha! Maratu kana.*(Lachiisaa 2025, Kutaa 3, f.50)

Waraabbii kana keessatti barreessaan Oromiyaa maqaalee godinaalee naannoo biraan bakka buusee jira. Oromiyaa bifa kanaan dhiyeessuun isaa sabaafi sablammoonni naannolee kanarraa dhufanii Oromiyaa keessa akka guutan agarsiisa. Kanarrayyuu darbee afaan Oromoo dubbachuun akka hinjirre, Sulultaas kan mudate hiree kana akka ta’e barreessaan guutummaatti naannolee biroo kanaan bakka buusee dhiyeesse. Yaadni kun kan agarsiisu haalli teessuma ishee mijataa ta’uusaan walqabatee, saboonni garagaraa dhufanii akka qabatani aadaa, afaan, seenaa Oromiyaa ukkaamsuun akka abbaa biyyaatti of ilaaluun akka weeraran agarsiisa.

Fkn.6

*Hunda irra kan na gaddisiisu gaazexeessitoota biyya keenyaati. **Tuubboo ta’an.***
(Lachiisaa 2025, Kutaa 3, f.52)

Waraabbii kana keessatti barreessaan kallattiimaan gaazexeessitoota biyya kanaafi tuubboo bakka walbuusee dhiyeesse. Tuubboon kan waan arge of keessa dabarsu, qulqulluus ta’e xuraawaa akkuma fedhetti kan baatuudha. Hojjettoonni kunis dhugaa biyya kanaa ukkaamsuun qaama tokko qofaaf kan ajajaman, quuqama uummata kanaa kan hindhiyeessine ta’uu calaqqisiisa. Ogummaan gaazexeessummaa naamusa mataa isaa kan qabuudha.

Naamusa kanaanis hojii qabatamaadhaan biyyattii keessatti raawwatamu karaa haqa qabeessa ta'een gabaasuutu irraa eegama. Amma garuu sana dhiisanii yaada qaama biyya geggeessuu qofarratti hundaa'uun waan itti kenname qofa dabarsuu isaanii kan agarsiisuudha. Kun ammoo 'tuubboo' callisee waa of keessa dabarsuun bakka buusee dhiyeesse.

Fkn. 7

*“Bada tortoraa raamma’aa, shamaa, abbaa garaa maal abbaa kee ofii goota?” yoo jettuun itti na bobeesse. Osoo nama waa dagatu ta’uu baatee arrabni akkanaa ilkee buqqifatee itti kulkula ture. Gaarummaan isaa sa’atii kudhaniin booda waan yaadatamu hinjiru. **Qalbiin isaa hirriba handaanqooti.** Isheenis, laalaa garaa ishee hunda baafachaa jirti.(Lachiisaa 2025, Kutaa 4, f.78)*

Fakkeenya kana keessatti yeroo dubartoonni isaa obboo Kaatelloo arrabsitutu hubatama. Kana keessatti dubartiin sun waan garaa ishee jettee arrabsuun akka aariishee baatu kan agarsiisuudha. Haala kana ibsuuf barreessaan, namichi erga rafee ka’ee waan darbe kan hinyaadanne akka ta’e hirribasaa ‘hirriba handaanqootiin’ bakka buusee dhiyeesse. Handaaqqoon hirribi ishee beekamaa miti; amma shillim jettee amma kaati. Kan obbo Kaateelloos kanaan bakka buufamuusaa agarsiisa. Yaadni kun waa yaadachuu dadhabuun qalbii handaanqoon walqabsiisee dhiyeesse.

Fkn 8

*Argachuun Hundasaa garee gooxii tokko tokko mufachiise. Maal haagodhuree hojjechuun amala isaa erga ta’ee, argachuun immoo amala hojii hinta’in gareen jedhu baayyate. **Amalli Hundasaa qabbana; aannanuma.**(Lachiisaa 2025, kutaa 6, f. 107)*

Waraabbii kana keessatti Hundasaan nama hojii ta’uusaa, amala gaarii kan qabu, hojii kan jaalatu, akkuma hojjetu galii kan argatu, nama waliin hariiroo gaarii akka qabu hubachiisa. Kana ibsuuf ammoo barreessaan amala isaa ‘qabbana, aannan’ jechoota jedhaniin bakka buusee dhiyeesse. Kunis kennaa inni ganamaan qabuufi dandeettii inni hojiirratti qabu waliin bakka buufamee dhiyaateera. Dabalataanis dubbiin qolaa kun ilaalcha biyyaaalesummaa kan qabu, beekaafi hubataa kan gandummaatti gufuu ta’e qabaachuusaa agarsiisa.

Fkn 9

Arrabni ibidda. Ibidda ibidda dhalchuudha. Hima didduun du'a hindiddu. Waan ganamaafi ganamoo kana irra tarkaanfachuun kunooti. Maanguddicha tuffachuun kunooti. Ilma bahaa akka ta'uuf abbalame, ilma du'aa ta'e.(Lachiisaa 2025, Kutaa 9, f.150)

Yaada armaan olii kanarraa kan hubatamu, gorsa abbootaa dhaga'uun eebba akkuma ta'e, didanii irra darbuun abaarsa kan qaqqabsiisuudha. Waraabbii kana keessatti Argasaan gorsa abbaasaa dhaga'uu dhabuufi jaarsummaa Siddisee irratti dhugaa dabsuun miidhaan irra ga'uusaa hubachiisa. Kana keessatti ammoo, ajaja abbaasaa waan dideef, gorsa ganamaa waan hindhageenyeef miidhaa isarra gahe ibsuuf arraba ibidda godhee dhiyeesse' abiddi niguba; niballeessas. Kanaan ammoo abbaan yoo abaare qaqqabsiisuu akka danda'u hubachiisa. Kana malees akkaataa ittiin bulmaata Oromoo, safuufi safeeffannaa isaarraa goruun karaa hinmallerra deemuun dhalootaa dhalootattillee rakkoo qaqqabsiisuu akka danda'u agarsiisa.

4.3.4.3. Nameessa

Nameessi lubbu-maleeyyii yookaan lubbu-qabeeyyii biroo amala namaa gonfachiisuun kan dhiyeessuudha. Haaluma kanaan, kitaaba kana keessatti dubbiin qolaa nameessuu bifa armaan gadiitiin xiinxalameera.

Fkn. 1

Yoo caamu ibiddatu ka'ee nama nyaata. Yoo roobu, lagni guutee waan jifuu isaa kajeela. Daangaa isaa duraa ce'ee, arraba isaa dheereffatee namaaf beeyladoo arrabuuf hiixata. Dur hinjirreen kana fida.(Lachiisaa 2025, kutaa 2, f.22)

Yaada armaan olii kanarraa kan hubatamu safuun baduu, kabaji xiqqachuu, uumaa dagachuun Waaqni yeroo dheekkamu taatewwan raawwataman agarsiisa. Waraabbii kana keessatti dubbiin qolaa gurraacheffamee dhiyaate, ibiddi waa gubu-waa nyaachuu, lagni yeroo guutu-waa kajeeluu, lagni yeroo guutu-arraba qabaachuun waa arrabuuf lubbuu horachuu kan agarsiisuudha. Kana keessatti akkuma namaa akka ta'anii waan tokko raawwatan, akka namaatti yaadanii akka hojjetan bifa namummaa qabaachisee barreessaan dhiyeessuusaa hubachiisa. Kanaan walqabatees uumammni silaa akka ta'uu qabu dhiisee waan biraa yeroo raawwatu seerri uumaa dabuusaa agarsiisa. Kun kan akeeku ammoo

dhaloonni waan gaarii gochuun Uumama kununsee, Uumaa gammachiisuu akka qabu yoo kana ta'e wanti hundi tooratti deebi'uu akka danda'u agarsiisa.

Fkn. 2

*Namni bineensa ta'eetu, bineensi nama ta'e. Kabajni namummaa badeetu, **Waaqni boo'ee lafatti himate. Laftis gadditee Waaqaaf galata galchuu didde.** Biqiloonni raafamanii lafa dhiitan. Biyyeen taa'uu didee baqatee biyyaa bahe. Muktis kan itti ejjetu dhabee hundeen garagale. Galoofi galaannis daboo bahee biyyee dhiqee qulleesse. **Dhagaan ilkaan yaasee namatti kolfe. Dacheen daartee qullaa dhaabatte.***(Lachiisaa 2025, kutaa 2, f.22)

Waraabbii kana keessatti uumama biraatu akka naamaatti waa raawwachuun dhiyaate. Waaqni lafaa wajjin dudubbachuu, lafti Waaqa galata dhowwachuu, dhagaan ilkaan yaasee namatti kolfuu, dacheen daaruun akkuma namaa akka dubbatan, akka quufan, akka beela'an godhee barreessaan ergaasaa ibsateera. Waaqni silaa ofiisaa waan barbaade gochuu danda'u, dachee dabaafi qajeelaan irratti raawwatamutti himata. Lafti afaan hinqabne akka waan dubbachuu diddeetti dhiyaatte. Dhagaan duudaan akka namni godhe ta'u, waan silaa barama dhiisee, namatti fakkeeffame, dacheen nama qullaatti fakkeeffamtee gochi hawaasni kun raawwatu hundi bifa kanaan dhiyaatee uumaafi uumama mufachiisuusaa ibsa.

Fkn. 3

*Jireenya jiraattota baadiyyaa keessatti biiftuun dhihuu ishee namuu quba hinqabu. Buuxxaraa oolee gaafa biiftuun "**Ifa isinitti hinkennu ani galeeraa nagaan!**" jechuun gola isheetti seentee boruuf beellama qabattee galtu arga ture.*(Lachiisaa 2025, Kutaa 3, f.43)

Waraabbii kana keessatti biiftuutu nama ta'ee dhiyaate. Kana jechuun akkuma namaa akka dubbattu godhee barreessaan namoonni baadiyyaa hojii hedduu osoo hojjetanii sababa dhiha aduu akka galan hubachiisaa, yeroo kana booda hojjechuu hindandeessanii har'a asumatti dhaabaa jettee nagaa namatti dhaamtee mana isheetti akka imaltu taasisee dhiyeesse. Kanaanis bor akka deebitee dhuftu ammoo waadaadhaan akka dubbattee mirkaneessitutti ibse. Yaada kanarraa kan hubatamu baadiyyaatti hojiin heddummachuurraa kan ka'e namni osoo hojii hinxumurin yeroon akka galgalaa'u, osoo dhihi aduu hinjiraannee namni boqonnaa kan hinarganne ta'uu ibsa.

Fkn. 4

Guyyaan isaa kamisa galgala. Roobni har'aa gola Waaqaatti waan hafe hinse'u. Lafaafi Waaqatu walitti dhiyaate. Lafti "Narra hinejjatin" jetti (Lachiisaa 2025, Kutaa 4, f.65).

Yaada armaan olii kana keessatti dubbiin qolaa dhiyaate, “lafti narra hinejjatin” jetti kan jedhuudha. Innis bokkaa ulfaataan roobuun lafti garmalee jiidhuun dhoqqaa’uu ishee ibsuuf akka waan lafti afaan qabdu godhee akkuma namaa akka dubbattu taasise. Lafti dhuguma afaan qabaattee dubbatte osoo hintaane, irra adeemuudhaaf mijataa miti jechuu barreessaati. Kun ammoo teessummi biyyattii bosonaan uwwifamaa ta’uusheerraan kan ka’e, haalli qilleensa biyyatti rooba waggaa guutuu kan argattu ta’uu agarsiisa. Guyyaan sun ammoo guyyaa gabaa namni hundi quufee machaa’u ta’uun roobni roobe isa duriirraa adda ta’uunsaa mufii lafti gocha sanaaf qabdu kan agarsiisuudha.

Fkn. 5

*Guyyaa maraatu kana halkan keessaa sa’a lama ture. **Dukkanni ija namatti babaasaa jira. Dhugaatiin immoo dukkanatti ija babaasaa jira.**(Lachiisaa 2025, Kutaa 4, f.73)*

Yaada armaan olii kana keessatti dubbiin qolaa gurraacheffamee dhiyaate, dukkanniifi dhugaatiin akka namaatti akka waa raawwatan ta’ee dhiyaate. Innis guyyaa gabaa sana kan namni hedduun dhugee machaa’u ta’uusaa nama hubachiisa. Dukkanni ija namatti babaasa kan jedhu, dukkanni sun baay’ee hammaataa, sodaachisaa kan waan nama nyaachuuf jedhee sossodaachisuudha. Dhugaatiin ammoo dukkanatti ija babaasaa jiraachuun isaa ammoo, namni machiin irra jiru sodaa dukkanaa akka hinqabne ibsuuf barreessaan bifa kanaan dhiyeesse.

Fkn. 6

*Ji’a Waxabajjiiti. **Qorriifi roobni dibaa ibiddaa keessatti nama ruuqa.** Bakka barbadni keessa dhokatu. Bakka irrisaa daaraa. Bakka iccitii ibiddaa, galma barbadni keessa jiraatu sana. Qorrichi wal nama hammachiisa. Haadhaafi ilmoo taasisa.(Lachiisaa 2025, Kutaa 9, f.135)*

Waraabbii armaan olii kana keessatti, gurraacheffamee kan dhiyaate dubbii qolaa yoo ta’u, waa’ee rooba ji’a Waxabajjii ibsuuf barreessaan humna qorriifi roobni waqtii sanaa qabu calaqqisiisuuf, akka namaatti gocha kana akka raawwatan godhee dhiyeesse. Innis akkuma

namni waan tokko qaama biraa irratti dalaguu danda'utti ga'umsa namaa gonfachiisee, qorrichi kan wal nama hammachiisu, akkuma haadhi dhala ishee ofitti qabdutti dhiyeesse. Dubbii qolaa barreessaan dhiyeesse kanarraa wanti hubatamu, warreen hojii qaban waa'ee qorraa yaaduu dhiisanii hojii isaanii kan xiyyeeffatan, namooti hojii hinqabne kanneen akkasumaan taa'an ammoo waan hojjetan waan hinqabneef yaada isaanii ittiin qeequusaa agarsiisa.

Fkn 7

Keessa Guutamaatti aariin, inaaffaafi gaabbiin cidha qopheeffachaa jiru. Kam keessummeessee kam akka dhiisu hinbeeku. Shan gadi ciisee shan olka'a. Waan yaade tokko raawwachuuf humna isaa baree gadi of ukkaamse. Qofaa isaa Bilisee argachuu akka hindandeenye ofitti hime. Qofaa ofii akkamitti Bilisee argatu?(Lachiisaa 2025, Kutaa 11, ff. 180-181)

Yaada kanarraa kan hubatamu, dubbiin qolaa fakkeenya kana keessatti dhiyaate kun aarii, inaaffaafi gaabbiidhaan walqabatee dhiyaate. Guutamaan osoo mana obbo Galaawu taa'uu, Bilisee jaallatee fuudhuuf yoo itti marmaaru, namni biraan jalaa fuudhe. Kanaan walqabataa'ees, osoon mana warra koon jira ta'ee kun hundi narratti hinraawwatamu, Biliseen na harkaan baatu jechuun miira keessoo isaarraa madden waxalame. Kanaaf yaada isaa keessatti akkuma namaa akka isaan waa gochuu danda'an godhee gaabbiisaa ibsuuf barreessaan bifa kanaan dhiyeesse. Kun kan agarsiisu gorsaafi ajaja maatiin ofii namaaf kennan diduun mana ormaatti galuun booda aariifi gaabbii keessaa galuun hindandaamne akka namatti fidu agarsiisa.

4.3.4.4. Arbeessa

Arbeessi waan tokko garmalee ol-kaasuun yookaan gad- buusuun ibsuudha. Kunis, waan tokko guddisanii hanga arbaa, kineessanii ammoo hanga huubaa taasisuu jechuudha. Qorannoo kana keessattis dubbiin qolaa kun akka armaan gadiitti xiinxalamee dhiyaateera.

Fkn.1

Qoonqoon koo maal taate jedheen itti dhiise. Kan koo durii miti. Isheen durii amma afaan hokkotee bal'atti, kan har'aa ammoo amma morma jabanaa dhiphatte. (Lachiisaa 2025, , kutaa 1, f.1).

Waraabbii kana keessatti dubbiin qolaa dhiyaate kun, akkaataa nyaatasaa kan duriifi ammaa walbira qabee gaafa madaalu garaagarummaatu jira. Innis qoonqoon isaa durii nyaata sirriitti

nyaachuun dhugummaa of keessaa qaba. Haata'u malee hamma afaan okkotee ga'uun arbeessuudha. Kan har'aas waa fudhachuu diduunsaa dhugaa ta'us hamma morma jabanaa qal'achuun ammoo kineessuudha. Kanas ta'u sana wanti jedhame dhugaa of keessaa qabaatus hanga jedhame miti. Kana ibsuudhaaf barreessaan bifa kanaan dhiyeesse. Yaada kanarraa kan hubatamu yaadni ta'e qabatee akka jiruufi furmaata kan barbaadu ta'uusaa agarsiisa.

Fkn.2

Osuma duubaafi fuulduratti imalaa jiranii warri hamaamota waqyileessan dhufan. Sagalee biyya lafaa qofa osoo hintaane, biyya samii sochoosutu dhagahame. "Booyyittiin baraaf handhuura keenya irratti olaantummaa argatte yeroo dhumaaf naafatte. Cabdee burkutoofte. Chaappaa handhuura keenya mirkaneessitu qofatu hafa '' jedhe, Duulaan ija keessa Mirkanee ilaalaa.(Lachiisaa 2025, Kutaa 2, f.21)

Dubbiin qolaa waraabbii kana keessatti gurraacheffamee dhiyaate, gaafa lafaafi biyya isaanii irratti injifannoo argatan sagalee gammachuu sabni dhageessise ibsa. Innis waan bara dheeraadhaaf harka sabaatii bahetu harkatti deeffame waan ta'eef gammadanii dhiichisuun inuma jira. Haata'u malee sagaleen sun dhuguma biyya Waaqaatti dhaga'amuun garuu hangasaa garmalee olkaasuudha. Barreessaan itti fayyadama afaanii kana gargaaramee, sagalee gammachuun walqabsiisee gammachuun waan bade deeffachuu olaanaa ta'uusaa ibse. Yaada kanarraa kan hubatamu, dhimma cidhaa osoo hintaane dhimma yaada tokkummaa Oromoo ijaaruuf mormiilee uummataa bakka adda addaatti raawwatamanii kan agarsiisuudha. Kanaanis sadarkaa mormiin sun irra gahe ija miidiyaa addunyaa argachuun furmaata fide kan xiyyeeffatuudha.

Fkn. 3

Obboon Jaarsoo ammallee dubbiin itti miyaa'aa jira. Waan ijaan hinargine mara gurraan arguufi dhaga'uu barbaada. Amma yeroo ija dhabe dhiisii duruu ammuma ijaan argu gurraan arguu danda'a.(Lachiisaa 2025, Kutaa 2, f.31)

Dubbiin qolaa fakkeenya kana keessatti dhiyaate, ijaafi gurraan walqixa akkamitti arguun akka dandaa'amu godhee barreessaan dhiyeesseera. Kana keessatti obbo Jaarsoon, ijisaa erga jaamee tureera. Iji jaamus gurraan waa dhaga'uurratti rakkoo hinqabu. Garuu gurraan arguun soba dubbiiti. Akkaataa barreessaan itti fayyadama afaanii kana dhiyeesse, namichi kun waan gurraan dhaga'u maraafi miirasaa wal-simsiisee hubannoorra gahuu danda'uusaa haalaan mijeesse dhiyeesse. Gama biraatiin ammoo qalbiin namaa banamnaa waa hubachuun akka nama hinrakkisne agarsiisa.

Fkn. 4

*“Gooxummaan hanga kanaatti hidda godhachuun dhibee hamaa mitii? Yaadni ’nama keenya’ jedhu kun dhibee keenya isa guddaadha“ jechuun ofgaafate, Hundasaan. Duubatti deebi’ee bara ofii barate yaade. **Barsiisaa ija keessa ilaaluun gaara Tulluu Diimtuufi Kiiliminjaaroo olba’uu caalaa ulfaata ture. Waaqa arguutu irra salphata ture.** (Lachiisaa 2025, Kutaa 6, f.101)*

Yaada armaan olii kanarraa kan hubatamu, ilaalcha gandummaatiin wanti hunduu toorasaa akka gadi lakkiseedha. Waraabbii kana keessatti dubbiin qolaa gurraacheffamee jiru, haala barnootaa yeroo duriifi ammaa, kabaja barataan barsiisaaf kennitu duriifi ammaa, sirna barnootaa duriifi ammaa walbira qabuun madaaluuf dhiyaate. Kana keessattis barataan durii ija barsiisaa keessa ilaaluun baay’ee ulfaataa ta’uusaa agarsiisa. Barsiisaa ija keessa ilaalu sodaachuun sirrii ta’us; Gaara Tullu Diimtuufi Kiiliminjaroo olba’uu caalaa hinulfaatu, Waaqa arguutu salphataanis hangasaa ulfaachisee dhiyeessuu agarsiisa.

4.3..4.5. Habalaka

Habalakni tooftaa ittiin waan tokko faallaa isaatiin ibsinuudha. Hiika waan ibsame kanaa hubachuufis haala keessatti ibsameefi aadaa hawaasichaa hubachuun barbaachisaadha. Kana jechuun waan jedhamuun barbaadame yookaan ergaan waan jedhamerraa adda jechuudha. Ergaa sana hubachuuf haalli keessatti jedhame murteessaa ta’a. Haaluma kanaan qorannoo kana keessatti bifa itti aanuun xiinxalameera.

Fkn. 1

*“Abbaan baay’ee dhukkubsatee jira. Amma kana iyyuu sireerra ciisaa jira. Namni biraa tokkollee kan isa gargaaru hinjiru” ijaan lafa ilaalaa ofkeessaa darbate. Soba dhugaa taasisee itti hodeesse. Abbaa nagaa qabutti moruu jalqabe. Dhugumammoo dhukkubsatanii jiru. Amma gahan gahuu dhabuun dhibeedha. Obbo Galaawu ammas kadhachuufi garaa laaffifachuu itti fufan. “Ani abbaa kee mitii? Anoo maalan ta’a?” gaaffii deebiin isaa ulfaatu gaafate. **“Elaa Obboo! Isinis abbuma kooti. Isayyuu abbaa dhugaa,** garuu osoon as jiruu yoo abbaan koo sireerratti du’e anaaf dhibee guddaadha.(Lachiisaa 2025, Kutaa 11, f.182-183)*

Waraabbii kana keessatti dubbiin qolaa dhiyaate, Guutamaan qe’ee abbaa isaa buusee, mana obbo Galaawutti yeroo gale hojjechuufii malee bu’aa tokkoyyuu hinarganne. Bara meeqa hojjeteefii ofii homaa qabeenya kuufate hinqabu. Yeroo keessa maatii yaadee galuuf murteessaa dubbii sobaa akka abbaan isaa dhibamee ciisutti dubbate. Isa booda obbo

Galaawu ani abbaa kee mitii? Jedhee yoo gaafatu deebiin isaa ‘**sanuu abbaa dhugaa**’ jedhee deebisuun isaa namichi hojii abbummaa isatti kan hinagarsiisne ta’uusaa ibsa. Yaada kanarraa kan hubatamu abbaan ofii gaarummaafi jaalala kan namatti agarsiisu, abbaan ormaa faallaa kanaa akka raawwatu dubbii qolaa kanarraa hubachuun ni danda’ama.

4.3.4.6. Ateessa

Ateessi waan nama hindhageenye tokkotti dubbachuudha. Gama biraatiin ammoo, waan ijaan arguu hindandeenyeefi waan nama bira hinjirre waamuu yookaan waliin dubbachuudha . Kitaaba kana keessatti itti fayyadamni afaanii gama kanaan jiru qorataan akka itti aanutti xiinxaleera.

Fkn.1

*Jaartiinis, “Anoo isuma duriin jedhaa seerri jijjiirameeraa?” Akka jarri dhagaa tokkoon sinbira lama jedhan sana Akkoofi jaartiif gaaffii yeroo garaagaraaf deebii si’a tokko kenneef. Ofirra garagalee yoon ilaalu kun akkoo koo osoo hintaane maanguddoo biraati. **Ekeraanumti ishee бага dhageesse jedheen callise** (Lachiisaa 2025, Kutaa 5, f.93).*

Waraabbii kana keessatti itti fayyadama afaanii kana barreessaan akka waan nama ta’eetti waan du’eefi nama dhaga’uu hindandeenyetti akka haasa’e godhee dhiyeesse. Innis yeroo akka seera amantaa Ortodooksiitti nama du’e tokkoof taskaara baasan, dhangaalee adda addaa sababa inni dhiyaatuuf ibsuu keessatti osoo hinbeekin akkoosaa se’ee nama biraatti dubbachuusaa yogguu baru, ekeraanumti akkoo haadhaga’u jedhee dubbate. Ekeraan waan hinjirreedha; waan nama hidhageenyeedha. Yaada kanarraa kan hubatamu akka ilaalcha amantaa sanaatti ekeraan nama du’ee akka dubbatuufi dhaga’u kan agarsiisuudha.

Fkn 2

*“Yeroon kun yeroo gadheedha. Yeroo ilmoo keenya to’achuu dadhabne. Yeroo isaan irratti aangoo dhabne.” **Abbaa seeraa hinmul’annetti bara himachaa jira.** Qofaa isaanii mooraa keessa teessoo baafatanii caama galgalaa karkarfachaa galaana yaadaa daaku.(Lachiisaa 2025, Kutaa 12, f. 192)*

Waraabbii kana keessatti yeroo Obbo Firasaan safuufi safeeffannaa badee jiruuf bara komatan agarsiisa. Innis barri akkuma waa namaaf fidu, waas akka namatti fidu ibsa. Kana keessammoo safuu ganamaatu bade. Jaarsis kana ilaalee yeroo komate. Abbaa seeraa hinmul’annetti bara himachuun hinjirree dubbisuudha. Waan nama hindhageenyetti

haasa'uudhaan ergaa dabarfachuudha. Yaada kanarraa kan hubatamu, waan barri fideef yeroo namni komii dhiyeessu, ijoolleen aadaafi safuu balleessan maanguddoonni mufatan kan agarsiisuudha.

4.3.4.7. Eemitii

Himiinsa yaada faallaa waan of keessaa qabu fakkaatee yeroo itti siqan, dhugaa ta'ee kan argamuudha. Ergaan isaa kan hubatamu haala akkamii keessatti jedhamuusaa adda baafachuun ta'a. Innis akka itti aanutti xiinxalamee dhiyaateera.

Fkn. 1

*“Mee shamarran biyya keenyaa daqiiqaa tokkoof yaadi. Uffannaa isaanii. Qullaa deemu, horii ta'anii horummaa buusan. **Namoomuuf horii ta'an. Beekuuf wallaalan.***(Lachiisaa 2025, Kutaa 3, f.60)

Waraabbii kana keessatti itti fayyadamni afaanii dhiyaate, “namaafi horii, beekuufi wallaalu” kan jedhuudha. Jechoonni kun waliif faallaadha. Yaadni as keessa jirus qarooma fakkeessee, dhaloota safuu gatee qullaa deemu ittiin ibsuuf barreessaan bifa kanaan dhiyeesse. Kan lammataa beekuuf wallaalan kan jedhus namni beekumsa itti fakkaatee, aadaa sabasaa yeroo dagatu jecha ittiin ibsaniidha. Kana keessatti barreessaan dhaloonni uffannaa isaan uffatan qullaa isaanii dhoksaa kan hinjirre garuu akka qaroomaatti ilaalaa jiraachuu isaanii ittiin qeeqe. Namni erga qullaa deemee horiidha jechuudha. Qarooma fakkeessee aadaafi safuu yoo dagate wallaalaa ta'usaa agarsiisa.

Fkn 2

*Ilma kana bakka abbaan isaa waggaa afurtamaan dura bulchaa ture akka hogganu taasifame. Gaafa kanas “Akkuma abbaa koottin isiniif hojjedha” jechuun biyya gammachiise. Waluma **jalaan dhugaa gatee soba faarsuu eegale. Lafti magariisa fakkaata; hongeen garuu heddummate. Namni gamanaa gamasii waan sirbu fakkaata; garuu niboo'a mardoo ta'a. bishaan gamanaa gamasii waan burqu fakkaata; garuu biyyi kanuma dheebotu argina.** Abjuun quufnee, abjuun misoomne. Abjuun uffannee, abjuun duroomne.*(Lachiisaa 2025, Kutaa 13, f.217)

Waraabbii kana keessa jechoota faallaa ta'an kanneen (dhugaa-soba, magariisa -hongee, sirba-boo'icha, burqaa-dheebuu) kanneen jedhan gargaaramee barreessaan waa'ee bulchaa haala bulchiinsa gaarii hinqabnee ibse. Kana kessaatti ilma bara Gadaa isaa eeggatee waggaa afurtama booda gara aangootti dhufe, garuu akka abbaan isaa bulchaa turetti kan

uummatichaaf gaarii hingoonetu dhiyaate. Gaafa ilaalamu hojii gaarii waan hojjetu fakkaata garuu uummati, nisobama; nibeela'a; niboo'a; nidheebota. Barreessaanis bifa kanaan ergaasaa dabarfatee jira.

4.3.4.8. Mallattummaa

Mallattummaan waan qabatamaa, iddoo yookaan ammoo gocha tokko waan biraaf bakka buusee dhimma guddisee ibsuu barbaade sana ittiin agarsiisuuf kan fayyaduudha. Innis akka itti aanutti xiinxalamee jira.

Fkn 1

Seexanni jedhan kun “Waan jedhu jedhee iyyee bahe” jedhan. Ergan of beekee Maammiruun waraqaa dheeraa halluu magariisa, keelloofi diimaan barreeffamte uffataan maranii hodhanii, hodhanii maranii, maranii hodhanii “Hoodhu kudhaama” naan jedhan.(Lachiisaa 2025, kutaa 1, ff.3-4).

Waraabbii kana keessatti itti fayyadamni afaanii dhiyaate, faajjii biyyaalessaa osoo hintaane, kan akka amantaa Ortodooksitti jarri qabatanii ittiin amanticha geggeessan mallattoo halluu magariisa, keelloofi diimaa ofirraa qabuun dhiyeesse. Kudhaamni Maammiruun kenneefis mallattoo amantichaatiin walqabsiifamee dhiyaate. Barreessaanis amantii da'oo godhatanii ittiin olaantummaa saba tokkoo, afaan tokkoofi amantii tokko jedhan sana akka isaan baballisan agarsiisa.

Fkn 2

Oljedhee Waaqa ilaalee gurraacha guddaa sana natti agarsiise. Barbadaa ibiddaa, diimaa dhiilgee sana, daaraa isa akka adii weecaa addaatu natti agarsiise. “Gurraachi sanyiidha; rimaadha. Barbadni nibilcheessa. Adiin firii boqonnaa isaati, yookaan dhuma isaati” naan jedhe. Walitti fidee halluu uume.(Lachiisaa 2025, kutaa 1, f. 13)

Waraabbii kana keessa dubbiin qolaa jiru, mallattoo Alaabaa Abbaa Gadaa kan agarsiisuudha. Barreessaanis kallattiidhaan ibsuurra halluwwan gurraacha, diimaa, adii fudhatee garaa Waaqaa ol-ilaalee Waaqa kadhachuudhaan akka irreeffate ibsa. Halluwwan kunniin hundi waan bakka bu'aniifi hiika mataa isaanii akka qabanis ibse. Kanaanis Oromoon akkamitti buluu akka qabu, faajjii kamtu kan isaa akka ta'e kan agarsiisuudha. Kanaanis fakkoomiin dhiyaate sirna bulchiinsa Gadaafi Faajjii abbaa Gadaa kan bakka bu'uudha.

4.3.4.9. Aliigorii

Aliigoriin gosa dubbii qolaa yookaan seeneffama hiika lama qabuudha. Hiikni inni tokko hiika irra keessaa, inni biroon ammoo hiika dhokataadha. Waa'ee seenaa tokkoo kan himan fakkeessanii, ergaa dhokataa ta'e tokko himuudha. Innis sadarkaa hiikni waan irra keessaan mul'atuun dayeeffamee, dubbii dhoksaa waa'ee siyaasaa, seenaa, safuufi amantaa ittiin dabarsaniidha. Qorannoo kana keessattis bifa armaan gadiitiin xiinxalamee dhiyaateera.

Fkn. 1

“Maal godharee!” jedhe, Duulaan harkaan afaan isaa qabatee akkatti lafa kana dhabe seenesse. “Gaara sanarra qubatanii hora keenya ilaalan. Ilaaluun itti hamuummatanii gorora coccobsan. Akkuma hamuummatan hora keenya dhiqatanii cittoo itti harcaafatan. Loon keenya cittoo isaanii dhugan. Nuti immoo aannan loon keenyaa waliin cittoo dhugne. Cittoofne. Cittoon kun jaarraa tokkoof walakkaaf nu waliin ture. Hooqqachaa baraan jiraanne. Amma ofirraa harcaasuun yoo hora keenya deeffanne qofa. Hora deeffannetti yoo irreeffanne qofa. Utubaa keenya yoo dhaabbanne itti dhibaafanne qofa. Gulantaa yoo muranne qofa. Utubaa abbaatu dhaabbata. Kanaan booda utubaa mana jigaa jiru kanaa kan dhaabuu qabnu nuyiifi nuyiidha. Hangaftittii dafii nuuf kottu” Duulaan, yaadaan qaari’ee waan kaleessaafi boruu yaade. (Lachiisaa 2025, kutaa 2, f.18)

Waraabbiin olii kun seenaa uummata Oromoofi Magaalaa Finfinnee haasa’a. Innis akkaataa warri finxaaleyyii Amaaraa bara Minilik dhufanii gaara Inxooxxoorra qubataanii magariisummaa lafichaa ilaalanii hawwan; qabatan. Hora uummanni Oromoo itti irreeffatu qabatanii irraa fudhatan. Kunis waggaa dhibba tokkoof shantamaaf kan ture ta’uusaa agarsiisa. Seenaa kana barsiisaa amma furmaanni isaa, magaalaa keenya harkatti galfannee, hora keenya deeffannee, abbaa biyyummaa keenya mirkaneeffachuu qabna jedhee bifa kanaan iccitii seenaafi siyaasaa ibsuu isaa agarsiisa.

Fkn 2

Waraana sirnaafi seera hinqabne. Keessummaa waraana qabu. Namni keessummaa ta’ee biyya namaa dhage bar akkaataa itti keessummeessu abbaa manaatu beeka malee keessummaan hinbeeku! Keessummaan keenya kun adda. “Kan koo malee kan kee hinta’u. kan kee quucaru malee kan koo hinguddatu; kan kee tuffatamu malee kan koo hinkabajamu” jedha. (Lachiisaa 2025, Kutaa 4, f.66)

Baanuu kana keessatti akkaataa barreessaan ergaa barbadamu itti dabarfachuu barbaade irra keessaan kan mul'atu miti. Kunis akkuma fakkeenya jalqabarraatti ergaa siyaasaa kan qabuudha. Akka itti jarri biyya kana dhufan, akkatti isaan erga dhufanii booda abbaa biyyaa of se'anii, aadaa, afaan, amantii isaanii uummata Oromoorratti fe'anii, Oromoon ammoo kan isaa akka gatu gochuuf hojjetan agarsiisa. Silaa biyyasaarratti murteessuufi bulchuu kan qabu abbaa biyyaati malee isa biraa ta'uu hinqabu ture. Gocha isaanii kana dhaloota barsiisuuf bifa kanaan dhiyeesse.

4.3.4.10. Walqabsiisa

Walqabsiisi kan barreessaan haala kallattiin ala ta'een nama, bakka, wanta dhimma wayiin walqabsiisee ibsuudha.

Fkn.1

“Kana kutikaa” naan jedhe.

“Lakkii kun qoricha michiitin” jedheen

“Kunis kanumaaf qorichaa” naan jedhe. Jaarsi gurraachi siimessi sunis, harka tokkoon laphee koo qabee, harka tokkoon kudhaama qabuun, “qax” godhan. Yeroo kana ani kufee akka lukkuu morma kutaniin lafarra gangalachaa jira. Hiriyyoonni koo naasuun bishaan afaan guute. Jaarsi qoricha budaa qabate, fuula ifaan, “Hinrifatinaa!” jedhe. Naaf qabaa jedhee maddii koorra qajeelche. Kana booda “Geessaa haa irreeffatuu” naan jedhe. Kadhannaas taasise. Anis irreeffadhee yoon bahu nagaadha.(Lachiisaa 2025, kutaa 1, f.13)

Yaada armaan olii kanarraa kan hubatamu dhiibbaan amantii Oromoorra gahaa turuusaa kan agarsiisuudha. Kanaaf Walqabsiisi kun walqabsiisa amantaati. Kana keessatti barreessaan akkaataa kanaan dura kudhaama hidhataa ture, amantaan Oromoon ittiin Waaqa isaa kadhatu ammoo dhiibamaa akka ture, ammammoo jaarsi sun kudhaamicha irraa kutee gara amantaa ganamaatti akka deebi'u dhaloota ittiin barsiise. Kan Ormaarra waan ofii nagaa akka namaa kennu ibsa. Dabalataan Oromoon waan dhabe deebifachuu akka qabu, kununfachuu akka qabu dhaloota gara fuula duraatti kallattii kan agarsiisuudha.

4.4. Tooftaa Seenaan Asoogawwanii Kitaabicha Keessatti Ittiin Qinda'an

Seenaan asoosama tokkoo tooftaa garagaraan dhiyaachuu danda'a. Isaanis addeessuu, duubdeebii, durdeemmii, waliin dubbiifi qofdubbiidha. Seenaan asoosama kanaa kutawwan dhiyaatan hunda isaaniitu tooftaa tokko tokko qabatee dhiyaate osoo hintaane, wal makanii

kan dhiyaataniidha. Haata’u malee akka hubatamuuf ta’utti kutawwan 1-8 keessaa kan argame akka itti aanutti xiinxalameera.

4.4.1. Addeessuu(Suureessuu)

Malli addeessaa, tooftaa barreessaan waa’ee waan tokkoo sammuu dubbisaa keessatti kalaqee ittiin mul’isuudha. Malli kun asoosama keessatti namfakkii dhihatanii jiran hojii, bifa, amala, miira, akkaataa uffannaa isaanii, miira naannoo isaan jiraataniifi keessa socho’aniifi kkf dhiheessuun seenaa dhiyaate sana dhugummaa akka qabaatu gochuun cinatti dubbistoonni namfakkiilee achi keessa jiran naannoo isaanii keessatti ilaaluu akka danda’an isaan taasisa. Qorannoo kana keessatti tooftaan kun haala armaan gadiitiin xiinxalameera.

Fkn. 1

Har’a Obboo Jaarsoon gammachuu guddaa keessa jiru. Ija jaameen argaa jiru. Teessuma kabajaa irra taa’anii cidha kana gurraan daawwachaa jiru. Ammas hafe waan jedhame hinqabu. Hoomaa gililtu bahe. Maatii keessaas ijoollee Aaddee Tsadaalee qofaatu qe’eetti hafe. Dirree itti reebametti, dirree itti booyetti sirbuuf jira, Duulaan.

Duulaan baroota hedduu duubatti deebi’ee, hamaamota hedduu osoo ilaalaa jiruu, waan hedduu keessaa isaaf ijoo ta’an yaaduu eegale. Boo’icha kaleessaaf har’aas gaabbii booye. Boo’a waggaa dhibba tokkoof shantamaa daqiiqaa shaniif irra deebiin booye. Boo’a Akaakileefi Abaabilee isaa yaadatee boo’e. waadaa akka galuu ta’ee akkas jedhe:

“Kanarra hinboochan. Nutis kanarra hinboonyu. Kanaan booda warri dhufus hinbooyan” jechuun kakate. Kakuu dhalootaa haarsesse. Maddii isaa lamaan irraa imimmaan haqatee boo’icha geggeessee, “Nagaatti” jedheen. “ani kanarra si arguu hinqabu” jechuun akka jibbaas akka seenaas taasise. “Guyyaan kun guyyaa addaati “ jedhe Waaqaafi lafa mil’atee, Duulaan.(Lachiisaa 2025, kutaa 2, f.1)

Waraabbii armaan olii keessatti, suureessuun argamu, kan namni ijjisaa jaamaa ta’e tokko hawaasa keessatti akka nama arguutti gocha tokko raawwachuu danda’u sammuu dubbistootaa kessatti kaasee dhiyeesse. Gocha yeroo namni tokko fuudhu raawwatu hundi raawwatamaa akka jiru kaasee agarsiisa. Namoota cidharratti argaman, hamaamota cidha ho’isan, yeroo firri yeroo dheeraaf badee ture gara biyya abbaasaatti deebi’u gammachuu uumamu, galateeffannaa taasifamu sammuu dubbistootaa keessatti mil’achiise.

Guutaan mataa isaa raasaa jira. Gaaddisaanis yaada isaa itti fufe. “Mee shamarran biyya keenyaa daqiiqaa tokkoof yaadi. Uffannaa isaanii. Qullaa deemu, horii ta’anii horummaa buusan. Namoomuuf horii ta’an. Beekuuf wallaalan. Wallaalummaa dheenfinaatti wallaalummaa duukaa arreedan.” Guutaanis yaada kanaaf qabxii kenne.

Fakkaattii shamarran yeroo ammaa ibsuu itti fufe, Gaaddisaan.

“Duubaan kofoo udduu huutee gaara kiiliminjaaroo fakkeessitee, garaa qullaan kan ruurriin si waraanuu jedhu, hidhiin akka saree raqa nyaattee muuxaan kun!”

“Kan dhiiraa hoo?” , Guutaatu kolfaa gaafate.

“Dhiirris maal kanumaa, kofoo gonnoffee jilbarraan ciccitteefi waan rashaa udduurraan gadi rarra’u ofitti diree ya’a!butaantii xurii kana kan surree jalaan olbaatee mataan bahuuf kaattu agarsiisa. Kan dhoksuu qabu agarsiisa! Waaree booda baalaafi bishaan bobaa jalatti baatee burjaaja’a. Dhaloonni akkasii garbummaa jala jiraa beeki!”(Lachiisaa 2025, Kutaa 3, f.60)

Waraabbii olii kana keessatti suuessuun barreessaan ittiin ergaasaa dabarfate, kan haala qabatamaa yeroo ammaa hawaasa keessatti mul’atu, kan dhaloonni safuu gatee qullaa adeemu agarsiisa. Haalli uffannaa ijoollee shamarranii yeroo ammaa kan qullaa isaanii bakkeetti mul’isu, handhuura isanii agarsiisu, surree udduu guddisee nama dhiirota dogoggorsiisu, hidhii isaanii qalama dibatanii akka saree dhiiga dhugdeetti fakkeeffamaniifi uffannaa dhiirota surree udduurraan gadi buusanii uffatan sana, akkatti paantiin isaanii mul’atu, akkatti caatii baatanii qama’uuf deeman suuraa kaasee sammuu dubbistootaatti mul’isee qabatamaadhaan waan dhaloonni keessa jiru agarsiise.

4.4.2. Duubdeebii

Duubdeebiin tooftaa seenessaan ittiin duubatti deebi’ee waan yeroo darbe ta’e dubbachuun dhimma tokko dubbisaa hubachiisuudha. Innis namfakkiwwan maalummaa, mudannoo, gocha, ilaalcha, miiraafi kkf gara duubaatti fiduun seenaa amma ka’aa jiru keessatti sochiifi gocha walitti hidhuun mala asoosamni tokko ittiin seeneffamuudha. Innis akka armaan gadiitti xiinxalameera.

Fkn. 1

Hiriyoonni koos anuma bira jiru. Akkuma jaarsi natti hime, namoota sagalee olqabatanii waa lallabanin dhaga'e. "Qoricha budaa... qoricha budaa... qoricha budaa..." keessa kootti waatu gaaffii natti ta'e. "Maal ijoo seexana jedhan waliin tokko moo gargari budaan?" Walirraa akka hinfagaanne ofuma kootiin mirkaneeffadhe. "Qiddaaseen kunoo Isxifaanosii dhagaa'amaa jira mitii?" jedhe. Maammiruun yaadadhe. "Tasumaa kudhaama kana ofirraa hinbaasin" kan naan jedhan san. Gaaffiin guyyaa sana gaafadhes dabareen natti dhufe. (Lachiisaa 2025, kutaa 1, f.12)

Waraabbii armaan olii kana keessatti tooftaan seenessoon ittiin dhiyaate duubdeebiidha. Innis barreessaan tooftaa kanaan yeroo Maammiruun kadhannaa taasisuuf seexana irraa iyyisiisee baase sana kudhaama akka lammata itti hindeebinetti kenneef duuba deebi'ee fidee kan yeroo jaarsi gurraachi sun qoricha budaa kennuuf sanaan wal qabsiisee yaadate agarsiisa. Maammiruun kudhaamicha akka ofirraa hinkunne akeekkachiisees ture. Kanaan walqabsiisees amantaa Ortodooksiiitiin kan Maammiruun hojjeteefi akka Duudhaa Oromooti kan jaarsi raawwachiisee gara irreeffannaatti deebiseen walqabsiisee tooftaa kanaan dhiyeessee jira.

4.4.3. Durdeemmii/Himegeree

Durdeemmiinis mala qindaa'ina seenaa keessaa tokko ta'ee, mala barreessaan ittiin waan gara fuulduratti ta'uuf jiru dubbistoota tilmaamsisuudha. Malli kun asoosama tokko keessatti mudannoofi wantoota jiraachuu dandaa'an dursuun kan agarsiisuudha. Gama biraatiin malli kun dubbistoonni asoosama tokkoo waan fuulduratti ta'u tokko as fiduun qalbiin isaanii akka rarra'u godhee hanga xumuraatti akka isaan hordofan godhee dhiyeessa. Asoosama keessatti jireenyi namfakkiilee gara inni itti adeemaa jiru malli kun dursanii beekuuf gargaara.

Fkn. 1.

Finfinnee seennee siree dhabna jennee Buraayyuu buluuf murteessine. Halkan guutuu sirbaa bulle. Sa'atuma xiqqoof ijji keenya qola ishee keessa lixxe. Yoo gadi ciisnu halkan keessaa sa'atii saddet ta'eera. Qaamni koo rafus Ayyaanni koo irriba dhiisee dalagaa isaa itti fufe. Akkuma cinaachi koo lafa qabateen dunququun farda isaan gulufaa natti dhufe. Takka farda na yaabsisa, takka ammoo irraa na darbata. Na furguggaatee bakkan yaadee manaa baheef na gahe. Kunoo jila eegaleen jira.....,

“Qe’ee warra Tufaa Munaa jirra. Warra Tuulama sadeenii. Dirree ajaa’ibaa. Dirree du’aa faarsitee jiraa xureessitu. Abbaa alagoomsitee, keessummaa abboomsitu.... Tokko jala ciisa, tokko irra fiiga. Dirree tokko salphistee, tokko itti kabajje. Dirree abbaa fardaa kuffistee, abbaa harree yaabsiste” naan jedhee seenessa isaa itti fufe abbaan fardaa Hodolchaa sun. anis seenessa kana dhaggeeffachuu ittan fufe.(Lachiisaa 2025, kutaa 1, ff.10-11)

Waraabbii armaan olii keessatti barreessaan maaltu ta’uuf akka jiru dubbistoonni seenaa asoosamichaa akka xiinxalaniif himegereen dhiyeessee jira. Kana keessatti seenaan dhiyaate kallattiin kan ibsamu osoo hintaane ija ogummaatiin hubatama. Halkan guutuu sirbaa buluun maaliif? Sirba maaliitu sirbama? Kan jedhu nama xiinxalsiisa. Achiin booda bakka jilaa akka ga’e dubbate. Finfinneetti jila maaliitu ta’a? kan jedhus gaaffii dubbistoonni xiinxalaniidha. Sanaan booda qe’ee warra Tufaa Munaa erga gahanii hoo? Kan jedhuuf deebiin dubbistootaa irreecha hora Finfinnee ta’a jechuudha. Kana hunda barreessaan dubbistootaaf himegereen dhiyeesse malee kallattiin hindubbanne.

Fkn. 2

Gurbaan diimaan garaan amma gaanii bal’atu akka waan darbuu fakkaatee harka wayyaa jalaan Jiituutti harka loosee qimmiidee fuudhe. (Lachiisaa 2025, kutaa 6, f.109)

Waraabbii kana keessatti akkaataan seenaan ittiin dhiyaate him-egereedha. Kana ta’uusaa kan agarsiisu ammoo dhimma qabxii barattuu Biiftuu jedhamtuufi barsiisaa Hundasaa gidduu ture ilaalchisee diduusaatiin walqabsiisee dubbii namoonni naannoosheefi firashee ta’an ittiin Hundasaa kiiyyeessuu barbaadaniifi karaa ittiin dubbiin baballatu tilmaamsisuuf kan dhiyaateedha. Kanaanis boodarra lola itti kaasuudhaan sana booda tarkaanfii itti aanu dubbistoonni akka tilmaaman taasiseera. Dhumarrattis Yunversiitii sanarraa akka ari’amu taasisuu isaanii agarsiisa.

4.4.4. Waliin Dubbii

Barreessaan waliin dubbiitti gargaaramee namfakkiileen waan raawwachuuf jedhan akka mul’isan gochuufi seenaa namfakkii biroo akka himan mijeessuu danda’a. Malli kun namfakkiileen asoosama tokko keessatti kallattiin waliin waan dudubbataniif, walitti dhufeenya cimaa uumuun seenaa asoosamichaa gara fuulduraatti tarkaanfachiisuufi gabbisuu keessaatti gahee guddaa qaba.

Ilmaan Abbaa Maaddii keessaa Duulaa, Indaalaa, Huqubaayi, AtsadaMaariyaamiifi Gezaachoo warren maricharratti argamani. Mariin eegaluuf jira. Maatiin marti akka kanniisa gaagura argattee tuutaa'anii taa'u. Obboo Tolasaan haasaa jalqabuuf sagalee ciratan.

“Egaa ijoollee koo ulfaadhaa! Mana kana deebisnee ijaarra jettanii mariyachuu keessaniif” jedhan, maatii ija keessa ilaalaa. Duulaan jalaa fuudhee, “Abbaa, kun dirqama keenya. Manni kun kan nuti hundi keenya itti guddanneedha. Warri boodaan dhalatanis asuma keessatti haati keenya dandeessee guddiste. Kanaaf ijaaruuf dirqama qabna.”, fuula gammachuu qabuun yaada abbaa deggere.

Indaaleen nyaara guuree, “Maal jechuu keeti? Nuti haadhaafi mana hinqabnuu? Ammoo kun kan keenya jechuun kee maali?” ija babaase Indaaleen ilmi aadde Tsadaalee.

Hooqubaayis itti dabalee yaada Duulaa gadi qice. “ Dhuguma mana kana suphaa kan ture nuyi. Ati barnoota keerra turte. Kanaaf, keenya keenyaa kee dhiisi” jechuun Hooqubaayi akka dheekkamuu ta'e. AtsadaMaariyaamis, Waaqayyo biratti inni duraas ta'e boodaa qixuma. Kamtu abbaa malee dhalate? Yoo abbaa malee hindhalanne ta'e immoo sanyii boqqolloofi qamadii lakkaa'uu malee kan namaa dhiisi. Addaamiifi Hewaan beekna” jechuun qeeqa ishee darbattee gara buna danfisa jirtuutti deebite.

“Dinnichi harkaan dhaabantu hordaa cabsa” jedha Oromoon yoo mammaaku. Mana abbaa keenyaa isin kaleessa dhuftanii nutu ijaaree mormituu? Iji qaanii hinbeekne cuum'aan nama ilaalti jedhanii!” deebii Indaaleefi Hooqubaayi laamshessuuf dubbii hanga dhagaa ga'u itti darbate. Duulaan dubbii buruksee itti hime.(Lachiisaa 2025, kutaa 2, f.25)

Waraabbiin armaan olitti dhiyaate kun tooftaa waliin dubbiitiin seenaan asoosama kanaa qindaa'uu agarsiisa. Seenicha keessatti yeroo waldiddaan qooddatattoota gidduutti uumamutu mul'ata. Kanaanis abbaan Maaddii ijaarsa manaaf ijoolleesaa haadha garagaraarraa dhalatan waliin yeroo duddubbatan yaadonni adda addaa ka'uun seenaa asoosamichaa gara fuulduraatti adeemsisuun dubbistoonni ergaasaa akka hubatan godhee dhiyeesseera.

Fkn. 2

Ooyruun, gabaan, galmiifi moonaan keenya miti; keenya fakkaata malee! Qe'ee abbaan irraa du'e fakkaata. Dhuguma garuu jiraarra du'aadhumatu caala. Kan uffata keessatti du'e waliin. Yuuyyee ta'uudha. Yuuyyeen ofiifis maatiifis hintaatu.

Yaa ijoollee yaa dhiiroo maaloo

Lubni yuuyyee hinbaatu haaloo

Akka jedhee weellisaan sirbe sana.

“Maal haasoftaa?” jedhe hiriyaan koo na cina ciisu sun. Anis, qaana'een “Lakkii yaaduma keessa kootiiti”

“Maal inni?”

“Barakat Hotel kan jedhu argitee beektaa?”

“Hoteela Barakat moo?”

“Hoteela Barakat kan jedhu jiraa?”

“Kanuma jechuu barbaadan kaa”

“Kan nuti jennu moo kan isaan jechuu barbaadantu fudhatama? Akkana jechuu isaaniyyuu maaliin beekna?” aariidhaanan gaafadhe hiriya koo, Biqilaa.(Lachiisaa 2025, Kutaa 4, f.67)

Waraabbii kana fakkeenya lammaffaa jalattis seenaan waliin dubbiidhaan dhiyaatee jira. Innis bifa gaaffiifi deebiitiin barreessaan akka Biqilaa waliin dudubbatanitti dhiyeessee jira. Innis seenaa magaalaa Finfinfinnee keessatti, lafti saamamee, afaan isaa sarbamee afaan biraatiin maqaaleen waajjiraaleefi mana nyaataa adda addaa moggaafamuusaa agarsiisuuf bifa kanaan dhiyeesse. Qooddattoota gidduutti waliin dubbiin akkanaa mormii kaasuudhaan wal-amansiisuuf kan gargaaru ta'uusaa agarsiisa.

Fkn 3

Akkuma morma jalatti walqabnetti jirra. Haasaa biraa keessa seenne. Waan inni hinyaadnen yaade. “Akaakuun kee erga dhufee beelli nu seene. Nuti kana hunda obsinee callisne. Kanaaf gara dhuftetti deebitee galtamoo hingaltu? Jedheen.

“Dhufuun keenya waan baay'ee isin barsiise: qottanii galchuu, tolchitanii nyaachuu bartan. Uffattanii daara bahuus badhaatan” naan jedhe. Anis irra keessa kolfeen deebii kenneef,” Nyaata isa kam nu barsiiftan? Uffannaa hoo? Uffata hodhuu, dhahuu eenyutu eegale? Eeniyutu daara bahe? Isin mitii kan qullaa dhufee uffata asitti argate?” inni garuu, gaaffii kana dhugeetu callise. Deebiis hinqabu.

Seenaadhaanis ragaan deggere itti himuuf qophiin ture. Callisuu isaa kanatti aareen harka koo itti hiixadhe.(Lachiisaa 2025, Kutaa 8, f.127)

Waraabbii kana keessattis seenaan waliin dubbiidhaan qindaa'uusaa fakkeenyi kun nihibachiisa. Barreessaanis Gifaabbaachoo wajjin dhimma albuuda irratti yeroo waldhaban, waldhaansoo adda addaa taasisaa bifa gaaffiifi deebiitiin yeroo dudubbatantu mul'ata. Gifaabbaachoon hundeen dhufaatiin isaa gara Kaabaa ta'uun, akaakileefi abaabileen isaa gocha badaa uummata Oromoorratti raawwachuu ibsaa, akkaataa jireenyaa waan uummata kana barsiisan fakkeessuuf yeroo isaan yaalan karaa amansiisuu danda'uun deebii quubsaan akka kennameeffitti dhiyeesseera.

4.4.5. Qofdubbii

Qofdubbiin tooftaa seenaan ittiin dhiyaatu keessaa isa tokko ta'ee, kan qooddattoonni seenicha keessa jiran dhuunfaadhaan sammuu isaanii wajjin dudubbataniidha. Qorannoo kana keessattis tooftaan kun haala armaan gadiitiin xiinxalamee dhiyaateera.

Fkn 1

Hundasaan yaada buusee baasaa jira. “Gara kamitti deemaa jirra? Barnoonni jaarsummaa ta’aa jira. Qulqullinni barnootaa akkamitti jaarsummaan argama? Eenyu maddi rakkoo kanaa? Manneen barnootaa gadaanaa yuunivarsiitota hamatu. Nutis isaan hamanna; komannas. Barattoota of hindandeenye yuunivarsiitiitti kan ergu isaani. Isaan immoo barsiisota gahumsa hinqabneen baratanii akkas ta’an jechuun nihimatu” jechuun madda rakkoo barbaadaa jira. Dhimmichi marfata godhateera. Falli dhaloota tokkorratti dhaabatu malee furmaata akka hinarganne Hundasaan keessa isaatti xiinxale. (Lachiisaa 2025, Kutaa 6, f.100)

Fakkeenya kana keessatti seenaan tooftaa qofdubbiitiin dhiyaatee jira. Hundasaan danqaalee sirna barnootaa biyya kana keessa jiraniif maddi rakkoo eessa akka jiru yeroo of gaafatu, deebiin isaa ammoo walitti qabannaa qaamota adda addaa, inni gara gadii jiru isa sadarkaa olaanaa akka komatuufi inni sadarkaa olaanaarraa barsiisu ammoo isa sadarkaa gadiirraa barsiisu rakkoo kana akka fide ofitti haasa'uusaa agarsiisa. Kanaafuu rakkoon jiru marfata waan godhateef falli isaa bakka jirurratti dhaabatee dhalooti duubaan jiru hanqina kana jalaa bahuu qaba jedhee ofiif yeroo murtii kennu kan agarsiisuudha.

Seenaa sana yaadatte... “Bokkaan natti cimnaan gaattiraa guddaa sana jalatti dheense. Namichi mataa ciraaroo, maraatuu fakkaatu na salphise. Kuffisee ukkaamsee narra ciise. Waaqaa lfaaf margaa...ilmoon Hinseeneen kun kanaan booda garaatti na hafe natti fakkaata. Takka guddachaa, takka mul’achaa ture. Ji’a torbatti dhalate. Ulfa seexanaa!” jette aadde Toltuun keessa isheetti asaasaa. Yoo naasuun dhoramtee of bira nama ilaaltu homtuu hinjiru. Sagal mil’attee mirkaneeffatte. “Baga namni na hindhagahin” jettee gammadde. Yeroon sun bara 1980’oota gara dhumaati. Basaastonni finciltoota mootummaa Dargii kallattii kaabaafi dhihaan muddanii jiru. Namichi kunis basaasaaf warra ergaman keessaa isa tokko ta’uu hinoolu. (Lachiisaa 2025, Kutaa 7, ff. 122-123)

Waraabbii kana keessatti aadde Toltuun akkatti mucaa dinkiifi naafa kan Hinseenee jedhamu sana ulfooftee deesse, mucaan sun kan waa balleessu malee waan gaarii hojjechuu dide ta’uu isaa guyyaa ta’iinsa sanaa yaadattee ofitti dudubbattu agarsiisa. Kanas haala guddina mucichaa takka dabalaa, takka gadi bu’aa, takka mul’achaa, takka dhokachaa ji’i osoo hinga’in akka dhalate ofitti dudubbatti. Kana keessatti ammoo rakkoo mucichaan walqabatee maatii sana keessatti uumameen walqabsiistee ofitti dudubbachuushee agarsiisa.

BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO

Boqonnaa kana keessatti cuunfaa, argannoofi yaboo qorannichaatu duraa duubaan dhiyaatee jira. Kunis hojii qorannichaa irratti kan hundaa'eefi yaadota ka'an bu'uureffachuun kan raawwatamaniidha. Kana malees, akkaataan unkaalee xinqooqaa, akkaataa itti fayyadama afaanii, tooftaa seenaan asoosamicha keessa jiran itti dhiyaatan adeemsa qorannichi keessa darbe cuunfaa keessatti ibsamee jira. Itti aansuudhaan argannoo qorannichaafi yaboon duraa duubaan dhiyaatanii jiru.

5.1. Cuunfaa

Ogbarruun haala jiruufi jireenya hawaasa tokkoo kan calaqqisiisu, hojii kalaqa sammuu barreessaa ta'ee, kan hawaasni tokko gaddaafi gammachuu isaa, hawwii isaa, rakkoo isaa mudatee ittiin ibsatuudha. Kana keessatti barreessaan akkaataa barreeffamaa adda addaa sadarkaa garagaraan mul'atan gargaaramee waa'ee uummatichaa dhiyeessa. Qorannoon kun xiinxala akkaataa asoosama gabaabaa kitaaba Baataa: Hidhaa Asoogawwanii keessatti yaaxxina bifeessummaatiin kan geggeeffameedha. Qorannoo kana keessatti ragaaleen karaa xiinxala dookimentiitiin walitti qabaman, madda ragaa tokkoffaa kan ta'e kuusaa asoosamoota gaggabaaboo “Baataa:Hidhaa Asoogawwanii” keessatti xiinxalamee jira. Ragaaleen kunis gaaffilee bu'uuraa irratti hundaa'uudhaan akkaataa unkaalee xinqooqaa keessatti(sadarkaa xinsagaa, sadarkaa xinjechaa, sadarkaa xinhimaafi hiikaa akkaataa giraafoloojii) akkaataa fayyadama afaanii keessatti (fayyadama jechamootaa, jechaalotaa, mammaaksaafi dubbiilee qolaa), tooftaa seenaan ittiin qindaa'e keessatti (suuressuu, duubdeebii, durdeemmii, waliindubbiifi qofdubbii), haala walitti dhiheenya isaaniitiin qaacceeffamaniiru. Unkaaleen xinqooqaa, itti fayyadamni afaaniifi tooftaaleen seenessuu jiran kan barreessaan itti gargaarame, rakkoolee walxaxoo uummata Oromoorra gaheefi gahaa jiru karaa adda addaatiin kitaabicha keessatti argaman qorataan xiinxala bal'aa geggeessuun bu'aa argamees mala ibsaatiin dhiyeesseera.

5.2. Argannoo

Kaayyoon qorannoo kanaa xiinxala akkaataa unkaalee xinqooqaa, itti fayyadama afaanii, tooftaa qindoomina seenaa kitaaba asoosama gabaabaa mata-dureen isaa “Baataa: Hidhaa Asoogawwanii” jedhu keessatti argaman sakatta'uufi xiinxaluu yoo ta'u, qorataanis, odeeffannoowwan asoosamicha keessaa unkaalee xinqooqaa adda addaa, fayyadama afaaniifi tooftaa seenessuu barreessaan rakkoo siyaasaa, dhiibbaa afaanii, aadaa, amantaafi

eenyummaa uummata Oromoorra gahe ittiin dhiyeesse sakatta'uun kallattii adda addaatiin erga xiinxalee booda argannoowwan armaan gadii kaa'eera.

1. Akkaataa unkaalee xinqooqaa sadarkaa xinsagaa, sadarkaa xinjechaa, sadarkaa xinhimaa, sadarkaa giraafoloojiitti jiru gargaaramee barreessaan ergaa barbaachisu dabarsuu danda'utti qindeessee dhiyeessuu isaa qorataan bira gaheera. Irra deddeebii sagalee dubbifamaa muraasa, irra deddeebii dubbachiistuu bal'inaan fayyadameera. Waraabbiin sagalee barreessaan itti gargaaramees qabatamaan ta'iinsa hawaasa keessa jiru kan agarsiisaniidha. Qubguddeessa gidduu himaatti dhiyeessuusaafi sirna tuqaalee garagaraa bakka tokkotti itti dhimma bahuunsaas hubatameera. Akkasumas jechoota hiikaan walgitan walmaddii qabuun itti dhimma baheera. Dhaamsi barreessaan dubbistoota biraan gahuuf kaayyeffatee ka'e ergaa kanneen akka rakkoo siyaasaafi dinagdee, amantiifi aadaa uummanni Oromoo keessa tureefi keessa jiru maal akka fakkaatu, furmaata akkamii akka barbaadu qabatee kan dhihaate ta'uu bira gahameera.
2. Qabiyyeen gosoota itti fayyadama afaanii asoosamicha keessatti mul'atan malleen dubbii akkasaa, iddeessa, nameessa, habalaka, arbeessuu, eemitii , ateessaa, mallattoo, alliigoriifi walqabsiisa akkasumas mammaaksaafi jechamatti bal'inaan akka gargaarame hubachuun danda'ameera. Dubbiilee qolaa keessaa irra caalaatti barreessaan akkasaatti gargaaramee ergaasaa kan dabarfate ta'uusaa qorataan adda baafateera. Barreessaan asoosamichaa fayyadama afaanii gargaaramuun taateewwan qabatamaa hawaasicha keessatti duriifi yeroo ammaa raawwachaa jiran, gara fuula duraatti furmaata akka barbaadu godhee dhiheesseera. Ergaan barreessaan dabarse kallattiin kan dhiyaatan osoo hintaane, filannoo jechootaa adda addaatiin qindaa'anii waa'ee seenaa, aadaa, afaaniifi eenyummaa Oromoorra dhiibbaa gama maraan gahe kan calaqqisiisan ta'uun hubatameera.
3. Seenaan tooftaalee garagaraa kanneen akka suuressuu, duubdeebii, himegere, waliindubbiifi qofdubbiidhaan dhiyaatee jira. Irra jireessaan garuu waliindubbiin kutawwan asoosamichaa mara keessatti kan argamu akka ta'e qorataan bira gahee jira. Tooftaalee seenaan ittiin dhiyaatan wal-makaa ta'uu isaanii qorataan bira gahee jira.

5.3. Yaboo

Qorannoon kun, xiinxala akkaataa asoosama gabaabaa Baataa: Hidhaa Asoogawwanii keessatti yaaxxina bifeessummaatiin xiyyeeffachuun kan hojjetameedha. Adeemsa raawwii qorannoo kana keessatti ragaawwan kallattii adda addaatiin meeshaalee funaansa ragaalee xiinxala dookumentii gargaaramuun walitti qabaman xiinxalamanii jiru. Haaluma kanaan yaboon qorannoo kanaa akka armaan gadiitti kennamee jira.

1. Asoosamoonni Afaan Oromoo kana booda barreeffaman akkaataa qabatamaa guddinni afaanichi irra gaheen ilaamanii maxxanfamuun barbaachisaa ta'a.
2. Itti fayyadamni afaanii hojii ogbarruu tokkoo waan dabaluuf barreessitoonni akkaataa hawwatummaa qabuun itti dhimma bahuun dhiheessuun barbaachisaadha.
3. Tooftaalee asoosamni tokko ittiin dhiyaatu kan hunda hammate ta'uun daran hawwataa waan taasisuuf irratti xiyyeeffatamuu qaba.
4. Barreessitoonni ogbarruu yeroo kamittuu caalaa, kana booda sadarkaa Afaan Oromoo yeroo ammaa irra jiru hubachuun barruulee bilchina qaban maxxansanii dubbistoota biraan gahuutu irraa eegama. Ogbarruun calaqqee jiruufi jireenyaa waan ta'eef seenaa darbe, kan ammaafi gara fuula duraattii maaltu akka ta'u kan quba qabsiisu ta'uunsaa hubatamee hayyootaan irratti hojjetamuu qaba.

Wabiilee

- Abbot, H. P (2008). *The Cambridge introduction to narrative*. Cambridge University Press.
- Addunyaa Barkeessaa(2016). *Semmoo: Bu'uura barnoota afaaniifi afoola Oromoo (Max.3ffaa)*. Finfinnee, Oromiyaa.
- Addunyaa Barkeessaa(2020). *Natoo: Yaadrimee caasluga Oromoo(max.7ffaa)*. Finfinnee, Oromiyaa.
- Aliyev, A.(2021). *What Is a Novel?: Article in Estetika: The Central European Journal of Aesthetics*.
- Amanamanchi, S., Meeran, A., Dharmapuri, K.& Sharma, N.(2023). *Basic concepts of literary devices in English literature*. AGPH Books, India.
- Asafaa Tafarraa (2009).*Eela : Seenaa oguma Oromoo*. Finfinnee,Oromiyaa.
- Beekan Gulummaa(2015). *Tuujuba: Saayinsii dandeettiwwan afaanii*. Finfinnee, Oromiyaa.
- Booth,W. C.(1961). *The Rhetoric of Fiction*. University of Chicago Press.
- Currie, G.(1985). *The Journal of aesthetics and art criticism*. Wiley on behalf of The American Society for Aesthetics.
- Dewi, N.(2022). *Introduction to educational English literature*. Sanata Dharma University Press.
- Dinqisaa Abbabee(2012/2019) “*Xiinxala Akkaatummaa Geerarsa Ajjeesaa Godina Shawaa Lixaa Aanaa Midaa Qanyii*” (Qorannoo Digirii Lammaffaa Guuttachuuf Qophaa’e Kan Hinmaxxansiifamne). Yunvarsitiitii Amboo.
- Fedhasaa Taaddasaa(2013). *Subii: Bu’uuraalee Ogbarruu Oromoo*. Finfinnee: Subii Printing Press.
- Fiqaaduu Qana'aa(2020). *Xiinxala Haala Dhiyaatina Asoosama Oromoo: Shaakala Barsiisuu Yunivarsiitiwwan Itiyoophiyaa Filataman*. (Qorannoo Digirii Sadaffaa Kan Hinmaxxansiifamne). Yuunivarsiitii Wallaggaa.
- Fitsum Wasanee(2013/2021). *Seer-luga Afaan Oromoo: Saaqaa*. Finfinnee, Oromiyaa.
- Galantomos, L.(2021). *L2 Figurative Language teaching: Theory and practice*. Cambridge Scholars Publishing.
- Geetachoo Rabbirraa(2021). *Furtuu : Seerluga Afaan Oromoo*. Finfinnee, Oromiyaa.
- Halim, A.(2025). *Critical Currents: Themes and Approaches in Literary Criticism*.
- Hebert, L.(2022). *Introduction to literary analysis: A Complete methodology*. New York: Routledge.

- Hinseenee Makuriyaa(2015). *Gumee: Makmaaksa Oromoo(max.1ffaa)*. Finfinnee: Mankusa Printing Press.
- Hirphaa Baqqalaa(2024). *Xiinxala Barwalaloowwan "Anaan'Yaa" fi"Obomboleettii": Waraqaa Qorannoo Digirii Sadaffaa(PhD) Ittiin Guuttannaa Gamisaa Digirii Doktorummaa Falaasama Afaaniifi Ogbarruu Oromootiin(Kan Hinmaxxansiifamne). Yunivarsiitii Wallaggaa.*
- Kibbey, A.(1986). *The Interpretation of material shapes in puritanism: A Study of rhetoric, prejudice, and violence*. Cambridge University Press
- Kusch, C.(2016). *Literary analysis: The Basics*. New York: Routledge.
- Lachiisaa Fayyeeraa(2025). *Baataa: Hidhaa asoogawwanii*. Finfinnee: Mana Maxxansaa Raajii.
- Leech, G. And Short, Sh. (1981). *Style in Fiction. A Linguistic introduction to English fictional prose* (2nd Ed.) London: Longman
- Misgaanuu Gulummaa (2012). *Yandoo: Ogummaafi Ogwalaloo Oromoo*. Finfinnee.
- Muhaammad Abdurahamaan(2014/2022). *"Xiinxala itti fayyadama afaanii asoosama Gurraacha Abbayaa keessatti*.(Qorannoo Digirii Lammaffaa Kan Hinmaxxanfamne). Yuunivarsiitii Jimmaa.
- Musayev, Q.(2003). *English Stylistics*: Tashkent -2003.
- Nixon, Ch. L.(2008). *Novel Definition: An Anthology of commentary on the novel 1688-1815*.
- Paul, S. M.(2020). *Literary theory and marxist criticism*. Notion Press.
- Rabbirraa Tarrafaa (2009). *Gadaa: Caasluga Afaan Oromoo kutaa 9fi 10*. Finfinnee.
- Salunke, V.(2010). *Basics of literary criticism*. Diamond Publications.
- Santon, R. B. (1968). *An Introduction to the Novel*. Oxford: Oxford University Press.
- Simpson, P.(2004). *Stylistics : A Resource book for students*. London and New York: Routledge Taylor & Francis Group,.
- Suharjanto, M(2024). *Approaches to literary criticism*. Sanata Dharma University Press, Indonesia.
- Summers, R. (2011). *Expository writing grade 3-5*. Mary D. Smith, M.S. Ed. USA
- Strauss, E.(1994). *Dictionary of European proverbs: A bad beginning-call no man happy (Volume I)*. London and New York: Routledge.
- Taaddasee Hirphaafi Margaa Abbabaa (2021). Qaaccessa akkaataa fayyadama afaanii sirboota Haacaaluu Hundeessaa keessatti. *Barruulee Gadaa Vol. 4(2)*, ff. 31-48.
- Tafari Ayana (2008). *Afan Oromo new systematical book series*. Finfinnee: After Mega Publishing Interpress.

- Tariq, A., Arshi, A, Rajmohan, U, and Padmaja, T.V.S.(2023). *Basics of literary devices in English literature*. Bhopal: AGPH Books (Acedamic Guru Publishing House).
- Taverniers, M. (1999). *Metaphor and Methaphorology: A Selective genealogy of philosophical and linguistic conception of metaphor from Aristotle to the 1999s*.
- Urgeessaa Bayyanaa (2014/2021). *Qaaccessa akkaataafi ergaa walaloowwan Zalaalem Abarraa filataman keessatti* (Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa Hinmaxxansiifamne). Yuunivarsiitii Jimmaa.
- Wales, K. (2011). *A dictionary of stylistics* (3rd Ed.). London and New York: Routledge Taylor and Francis Group,.
- Wondimu Tegegne (2022). *The politics of Afaan Oromoo & Qubee in Ethiopia*. Finfinnee: Day Star Printing and Trading.

DABALEE

Cheeklistii ragaan asoosamoota keessaa ittiin funaaname

Lakk	Gaaffilee	Yaada
1	Asoosama Baataa keessatti unki sadarkaa xinsagaa kan sagalee dubbifamaa akkamiin dhiyaate?	
2	Asoosama Baataa keessatti unki sadarkaa xinsagaa kan sagalee dubbachiisaa akkamiin dhiyaate?	
3	Waraabbiin sagalee asoosamicha keessatti akkamiin mul'ate?	
4	Asoosama Baataa keessatti barreessaan jechoota loogaa akkamiin dhiyeesse?	
5	Jechoonni safuu asoosamicha keessatti akkamitti dhiyaatan?	
6	Asoosamicha keessatti barreessaan jechoota ergisaa akkamiin itti gargaarame?	
7	Asoosama Baataa keessatti qindoominni gaaleefi himaa akkamiin dhiyaate?	
8	Asoosamicha keessatti irra deddeebiin gaaleefi himaa akkamiin mul'ate?	
9	Irra deddeebiin hundee jechaa asoosamicha keessatti akkamiin dhiyaate?	
10	Asoosamichi waldorgomsiisa yaadaa akkamiin dhiyeesse?	
11	Sadarkaa xinhiikaatti unkaaleen akkamitti dhiyaatan?	
12	Unkaaleen sadarkaa giraafoloojiitti akkamiin dhiyaatan?	
13	Akkaataan itti fayyadama afaanii asoosama Baataa keessatti akkamitti dhiyaate?	
14	Asoosama Baataa keessatti seenaan tooftaa akkamiin qindaa'e?	